# Wongeela Goottaa Keenna Yesuus Kiristoosii
# Ka Luqaas Barreesse

## Seensa

Wongeelli Luqaasii, bara heddu'uun duratti hin dhufa jedhamee ka raagotaan himameef, worri addiin tun kennanteef kolbaan Israa'elii ka eegataa turte, «Masiihii», akkasuma, «Fayyisaa» sanyii nama maraa akka te'e mudhisiisaan Yesuus dhikeessa. Luqaas Yesuus, «Hiyyeeyyi'iif Oduu Gammadaa akka lallabuuf» Abbaa biraa akka ergamee fi Oduun Gammadaa tunille namoottaan rakkinna adda addaa qabanuuf ta fala qaddu akka teete odeessa. Wongeela Luqaasii keessatti marroo dhufiisa Yesuusii foorota dubbatanu ka jalqabaatii fi marroo gara ol-gubba'aa bayiisa Yesuusii, foorota dubbatanu ka dhumaa keessatti ifa tolfamee ka himame irra caalaa marroo gammadaa ti. Yesuus gara ol-gubba'aa bayeen duuba dhugeeffannaan kiristaanaa attam akka guddattee fi akka badhatte dabarsiin hintu kitaaba Hujii Ergantootaa keessatti barreessaa kanaanuu himanteerti.

Marroo faaruu ergantoota Waaqaa, yennaa Yesuus dhalate tissitooti akka dhaqanee ilaalane, Yesuus yennaa ijoollumma'aa gara Galma Waaqaa akka dhaqe, marroo namicha gosa Samaariya'aa naasaleessaatii fi ilma badee dhaggamee dabarsiin dubbattu kitaaba Luqaasii keessa calla'atti dhagganti. Wongeela kana keessatti jalqabaa haga dhumaatitti

xiyyeeffannaan guddoon ka kennanteef, marroo daadimataa, marroo Ayyaana Woyyichaa, tajaajila Yesuusii keessatti marroo qooda dubartooti qabanuutii fi cubbuu araaramuu Waaqaa ti.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Itti Seensa*1:1-4*
Dhaloota Yohaannisii Cuupha'aatii fi Yesuusii*1:5—2:52*
Tajaajila Yohaannisii Cuupha'aa*3:1-20*
Cuuphamiisaa fi ataabamiisa Yesuusii*3:21—4:13*
Yesuus Galiilaa keessatti tajaajila jalqabuu*4:14—9:50*
Galiila'aa gara Yerusaalemii*9:51—19:27*
Torbaan dhumaatitti Yerusaalemii fi adaala isi'iititti*19:28—23:56*
Du'aa ka'a, mudhatiisaa fi ol bayiisa Gootta'aa*24:1-53*

*Itti Seensa*

1 Ulfaataa Tewoofiloos!
Marroo waan odduu teennatti te'ee namooti hedduun barreessiisaaf wodhaananeeran.
2 Ergaa tana worri nu'uuf dabarsane worra jalqabaa jalqabanee ila ifiitiin dhagganee fi worra dubbii tana lallabane.
3 Maarre anille, waan mara jalqabaa jalqabee, akka dansaa waan qoradheeruuf, tarre'etti galchee si'iif barreessuun dansaa teetee natti mudhatte.
4 Wonni ati baratteertu dhugaa akka teete guutattee akka beettuuf, ani tana godhe.

*Dhalooti Yohaannisii Cuupha'aa Duraanuu Himame*

5 Bara Heroodis mooticha biyya Yihuda'aa
te'eerutti, balbala hayyootaa, gooree Abiiya'aa
keessaa hayyichi Zakaariyaas jedhamu tokko
jira. Niitiin isaalle sanyii Aaronii ti; maqaan isi'ii
Elsaabeex jedhama.

6 Isaan lamaanuu ajajaa fi seera Gootta'aa
maraaf ajajamaa fuula Waaqaa duratti le'ii
dansaa le'ane.
7 Elsaabeex maseena waan teeteef, isaan
ijoollee hin qabanu. Isaan lamaanuu guddoo
dulloomaneeran.
8 Gaafa tokko, badoon hujii hayyumma'aa ta
hayyoota gooree Zakaariyaasii waan teeteef, Za-
kaariyaas fuula Waaqaa duratti hujii hayyummaa
ifii hujiisaaf dhikaate.

9 Akka aadaa hayyootaatitti, gara Galma
Waaqaa seenee hixaana akka aarsuuf carra'aan
filame.
10 Yennaa hixaanni aarfamu san, gumiin alatti
daadimatiisatti jirti.

11 Ergamaan Waaqaa addee hixaanni itti aar-
famu gara middaatiin dhaabbatee Zakaariyaasitti
mudhate.
12 Zakaariyaas yennaa isa dhagge rifatee so-
daate.
13 Ergantichi Waaqaa ammoo, «Zakaariyaas hin
sodaatin! Waaqi daadimata keeti dhage'eera; ni-
itiin teeti Elsaabeex ilma si'iif hin deetti; maqaa
isaalle Yohaannis jettee baatta.

14 Yennaa inni dhalate ati guddoo hin gam-
madda; kolbaan hedduulle guddoo gammaddi.

15 Inni fuula Gootta'aa duratti guddaa hin te'a;
daadhii woyni'ii yookiin untoo macheessitu ijju-

maa hin unu; gadaamessa haadha ifiitii jalqabee
Ayyaana Woyyichaan hin guutama.
16 Kolbaa Israa'elii hedduu gara Waaqa Goottaa
isaanii hin deebisa.
17 Akkuma Eliyaasii raagichaa Ayyaanaa fi
hunna qabaatee, yaada abbooti'iitii fi ijoolle'ee
tokko tolchiisaaf, kolbaa hin ajajanne gara yaada
balchoole'eetitti deebisiisaaf, kolbaalle Gootta'aaf
qopheessiisaaf Gootta'aan dura hin ideema»
isaan jedhe.
18 Zakaariyaas Erganticha Waaqaatiin, «Wonni
kun akka teetu attamiin beeka? Anii fi haati
manaa tiyyalle dulloonneerra» jedhe.
19 Ergantichi Waaqaalle, «Ani Gabri'eel, ka fuula
Waaqaa dura dhaabbadhu, oduu gammadaa tana
sitti himiisaaf ergamee dhufe.
20 Ati ammoo ergaa tiyya ta yennaa te'uu mal-
tetti, te'uu jirtu hin dhugeeffanne. Waan dhuge-
effatiisa dhaddeef haga wonni kun teetutti, afaan
hin duudda; dubbatiisalle hin dandeettu» jedhee
deebise.
21 Kolbaan yennaa san Zakaariyaas eegatiisatti
jirtu, inni Galma Waaqaa keessatti turee jennaan
maadeffatte.
22 Inni yennaa gad baye, isaan woliin dubbati-
isa dadhabee jennaan, akka inni Galma Waaqaa
keessatti mudhii dhaggeeru beekane. Inni dub-
batiisa dadhabee harka ifiitiin isaaniif beessisa
kenne.
23 Yennaan Zakaariyaas Galma Waaqaa
keessatti tajaajilu hobbaatee jennaan gara mana
ifii deebi'ee gale.
24 Eega san adoo hin turin niitiin isaa Elsaabeex
ulfoottee, haga ji'a shanii mana ifii keessatti

dhokatte.
25 Isiin, «Goottaan tana naaf godhee, amma gara
duubaatitti ana qaabatee salphinnaa kiyya ka kol-
baa oddu'uu na irraa dhoogge» jette.

### *Dhalooti Yesuusii Duraanuu Himame*

26 Elsaabeex ulfoottee ji'a jayeesso'ootitti Waaqi
erganticha Gabri'eel gara qachaa Naaziretii ka
Galiilaa keessatti dhaggamuu,
27 gara durra duuddu'uu ta Maariyaam jedhan-
tuu takka erge. Isiin nama Yoseef jedhamu ka
sanyii Mooticha Daawitii keessaa dhalate tokkoof
kadhatanteerti.
28 Ergantichi Waaqaa gara isi'ii dhufee, «Ati ta
guddoo badhaateertu; nageenni si'iif te'u; Goot-
taan si woliin jira!» isi'iin jedhe.
29 Maariyaamiin dubbii erganticha Waaqaa
mantee «Kun nageya attamiiti?» jettee yaadatte.
30 Ergantichi Waaqaa isi'iin, «Maariyaam, hin so-
daatin! Waaqi si badhaaseera.
31 Ati ulfoottee ilma hin deetta; maqaa isaalle
Yesuus jettaan.
32 Inni guddaa hin te'a, Ilma Waaqa Ol
Aana'aalle hin jedhama. Goottaan Waaqi akkuma
abbaa isaa Daawitii isa hin mootonsa.
33 Inni kolbaa Israa'eliitiif haga bara baraa
mootii hin te'a, mootummaan isaalle dhuma hin
qaddu» jedhe.
34 Maariyaam erganticha Waaqaatiin, «Ani
durra duuddu'u; tun attam te'iisaa dandeetti?»
jette.
35 Ergantichi Waaqaalle deebisee, «Ayyaanni
Woyyichi si'itti hin dhufa, hunni Waaqa Ol

Aana'aalle si irratti hin buuti. Tanaaf daa'inni
woyyichi dhalatu Ilma Waaqaa hin jedhama.
36 Firri teeti Elsaabeex ta maseente jedhante,
guddoo dulloontulle, amma ammoo isiinuu ul-
foottee kun ji'a jayeesso'oo ti.
37 Waaqaaf wonni hin dande'anne hin jirtu»
jedhe.
38 Maarre Maariyaam, «Ani tajaajiltuu Goottta'aa
ti. Akkuma ati jette naaf teetuutii!» jette. Achiin
duuba ergantichi Waaqaa isii biraa deeme.
39 Eega san adoo hin turin Maariyaam kaa-
tee, gara qachaa biyya Yihudaa koobitti'ii keessaa
tokko ariifattee dhaxxe.
40 Isiin mana Zakaariyaasii seentee, Elsaabeex
nageya fuute.
41 Elsaabeex nageya Maariyaami'ii yennaa
dhageette, annuun gadaamessa isi'ii keessa
utaale. Elsaabeex Ayyaana Woyyichaan
guutantee,
42 qoonqoo ol qabattee, «Ati dubartii mara
caalaa ta eebbifante, mucaan ati deettulle ka
eebbifame!
43 Haati Goottaa kiyyaa gara kiyya dhuttee, akka
na dubbittuuf ulfinni akkanaa maaf naa te'e?
44 Akkuma qoonqoo nageya fuudhiisa keetii
gurri kiyya dhage'een, finni gadaamessa kiyya
keessaa gammadee utaale.
45 Dubbiin Goottaan isi'itti dubbate akka
muummottu ta dhugeeffatte ta badhaate» jette.

## *Faaruu Maariyaami'ii Ta Galataa*

46 Maariyaam:

«Lubbuun tiyya Goottaa galateessiti;

47 ayyaanni kiyyalle Waaqa fayyisaa kiyyatti
hin gammada.
48 Inni garbittii ifii
gad aantuu qaabateera.
Ammaa jalqabee dhalooti duudiin ta badhaate
anaan jedha.
49 Waaqi dande'aan waan guddoo naaf godhe.
Maqaan isaalle woyyicha.
50 Marartiin* isaa worra isa sodaatuuf
dhalootaa haga dhalootaa ti.
51 Inni dandeettuu irree† ifii mudhisee,
worra kooru yaada gadhaa isaanii woliin firfirse.
52 Mootota jajjaba barcumaa mootummaa isaanii
irraa buusee, worra gad aanaa ol kaase.
53 Worra beelowe waan dansa'aan quussee,
dureeyyii harka duwwaa gad lakkise.
54-55 Abbootii teenna Abrahaamii fi sanyii isaa
maraaf addii haga bara baraa kenne qaabatee,
marartii ifiitiin garbicha ifii Israa'el gargaareera» jette.
56 Maariyaam gara ji'a sadii Elsaabeex woliin
turtee, achiin duuba gara mana ifii deebite.

### *Dhaloota Yohaannisii Cuupha'aa*

57 Elsaabeex yennaan deettu geennaan, ilma
deette.
58 Ollootaa fi firoottan isi'ii akka Goottaan
isi'iif guddoo marare dhagganee, isii woliin gammadane.
59 Guyyaa saddeetesso'oo annuu haqanqabaa
qabiisaaf worri dhufane, annuu maqaa

---

* **1:50** *Marartiin:* Naasuun † **1:51** *Irree:* Hirree

abba'aatiin, Zakaariyaas jedhanee baasiisaaf
barbaadane.
60 Haati isaa ammoo, «Waawwoo! Maqaan isaa
Yohaannis jedhamuu qaba» jette.
61 Isaan isi'iin, «Worra keeti keessaa maqaa
kanaan ka waamameeru tokkolle hin jiru» jed-
hane.
62 Achiin duuba abbaan isaa eennu jedhee
maqaa isaa baasiisaaf akka barbaadu beessisaan
gaafatane.
63 Zakaariyaas waan irratti barreessu gaafatee,
«Maqaan isaa Yohaannis» jedhee barreesse. Isaan
martinuu waan kana baaseffatane.
64 Yennuma san arrabi isaa hiikamee, dubbati-
isa dande'ee, Waaqa galateeffate.
65 Ollaan marti waan te'e kana sodaate. Oduun
waan kanaalle biyya Yihuda'aa goorittii keessatti
addee maratti odeeffante.
66 Dhugumaan hunni Gootta'aa waan isa woliin
jirtuuf, worri waan kana dhage'ane martinuu,
«Mucaan kun maan te'inna laati?» jedhanee yaa-
datane.

### *Raaga Zakaariyaas Dubbate*

67 Achiin duuba abbaan isaa Ayyaana
Woyyichaan guutamee,

68 «Kolbaa ifii gargaaree, bilisa baasiisaaf waan dhufeef,
Goottaan Waaqi Israa'elii galatoomuu!

69 Sanyii Daawitii tajaajilaa ifii irraa,
fayyisaa jabaa nu'uuf kaaseera.

70 Bara durii, afaan raagota woyyootaatiin dubbatee,

71 diinotaa fi harka worra nu jibbuu mara jalaa
akka nu fayyisu addii nuuf kenneera.
72 Abbootii teennaaf akka mararu addii kennee fi
gondooroo woyyittii ifii qaabate.
73-75 Bara le'ii teennaa mara fuula isaa duratti
woyyumma'aa fi
balchumma'aan, sodaa malee akka isaaf
tajaajillu, diinota keenna jalaa akka nu
baasu, abbaa keenna Abrahaamiif kakuu
gale.
76 Mucaa kiyya, atille, raagicha Waaqa Ol Aana'aa
hin jedhanta,
karaa Gootta'aa qopheessiisaaf isa dura hin
ideenta.
77 Kolbaan Waaqaa araara cubbu'uu kennamuun,
beekkuma fayyinnaa akka dhaggattu hinta.
78 Waaqi keenna marara'aa fi gadhaa laafa'a.
Inni aduu fayyinnaa nu'uuf hin baasa.
79 Inni worra dukkanaa fi gaaddisa du'aa keessa
jiru maraaf hin issa;
miila keennalle karaa nageyaatitti hin qa-
jeelcha» jedhee raage.
80 Mucaan guddatee, Ayyaanalle'een jabaate;
haga guyyaan inni kolbaa Israa'eliititti mudhate
gewutti goomolee keessa le'e.

# 2

### *Dhaloota Yesuusii*
### *(Mat. 1:18-25)*

1 Yennaa san worri mootummaa worra
Rooma'aa jala jiranu mara akka laakkowamanu,
mootiin moototaa Awugusxoos ajaja baase.

2 Laakkossi kolba'aa ka matoomaa kun, bara Qereenewos bulchaa biyya Sooriya'aa te'eerutti te'e.
3 Maarre nami maraa laakkowamiisaaf gara qachaa ifii dhaqe.
4 Yoseefille dhalootaan sanyii Daawitii waan te'eef, qachaa Naaziretii ka Galiilaa keessatti dhaggamuu bayee, gara qachaa Daawitii, ka biyya Yihuda'aa keessatti dhaggamuu Beeteelem dhaqe.
5 Inni intala kadhateeru, ta ulfa qaddu, Maariyaam woliin laakkowamiisaaf achi dhaqe.
6 Adoo isaan Beeteelem keessa jiranuu, yennaan Maariyaamiin deettu geette.
7 Isiin ilma angaficha deettee, mana keessumma'aa keessaa addee buli'ii waan dhabaneef, annuu hoccu'uun martee goongaa* keessa irkitte.

## *Tissitootaa Fi Ergantoota Waaqaa*

8 Dirree adaala biyya saniititti tissitooti halkaniin horii tissaa bulanu jiran†.
9 Ergamaan waaqaa dedhuma isaanitti mudhatee, ulfinni Gootta'aalle isaanitti ifee jennaan bararaqane.
10 Ergantichi Waaqaa ammoo, «Hin sodaatina'a! Ani oduu gammadaa ta kolbaa maraaf gammada guddaa teetu isinitti odeessiisaaf dhufe.
11 Adha qachaa Daawitiititti fayyisaan isiniif dhalateera; inni Goottaa Kiristoos.

---

* **2:7** *Goongaa:* Gonboo † **2:8** *Tissitooti horii halkaniin tissaa bulanu:* Tissitooti horii miree yookiin foora bulchanu

12 Beessisi isaalle kana: annuu hoccu'uun
maramee, goongaa keessa irkateeruun
dhaggitan» isaaniin jedhe.
13 Ergantooti Waaqaa ta ol-gubba'aa hedduun
erganticha Waaqaa san woliin dedhuma mud-
hatanee,
14 «Ulfinni ol-gubba'atti Waaqaaf te'u, lafalle'etti
worra inni jaalatuuf nageenni te'u» jedhanee
Waaqaa galateeffatane.
15 Ergantooti Waaqaa tissitoota lakkisanee gara
ol-gubba'aa deebi'aneen duuba, tissitooti, «Ka'aa
me, gara Beeteelemii dhandhee, waan te'e kana,
ka Goottaan nu'utti hime ilaallaa!» woliin jed-
hane.
16 Maarre isaan ariifatanee dhaqanee,
Maariyaami'ii fi Yoseef, daa'imalle goongaa
keessa irkateeruun dhaggane.
17 Tissitooti yennaa isa dhaggane, waan erga-
maan Waaqaa marroo daa'ima kanaatiif dubbate
isaanitti odeessane.
18 Worri waan kana dhage'ane maraa, waan
tissitooti isaanitti odeessane baaseffatane.
19 Maariyaamiin ammoo, waan kana mara gad-
haa ifii keessatti qabattee itti yaadatte.
20 Tissitooti akkuma ergamaan Waaqaa
isaanitti hime teeteertuun waan dhage'anee fi
dhagganne maraaf, Waaqa galateessaa leellisaa
deebi'ane.

### *Yesuus Maqaa Baasane*

21 Guyyaan saddeetesso'oo dabareeruun, mu-
caa haqanqabaa qabiis yennaa geye, akkuma
haati isaa adoo hin ulfooyin duratti ergamaan
Waaqaa maqaa isaa baase «Yesuus» jedhane.

22 Akka Seerri Muuse'ee ajajutti, yennaan
qulqulloomiisaa geennaan, Maariyaami'ii fi
Yoseef daa'ima Goottaa duratti dhiyeessiisaaf
gara Yerusaalemii geessane.
23 Seera Gootta'aa keessatti, «Ilmi angafichi
maraa Gootta'aaf kennamee ka woyyoome te'a»
jedhantee barreeffanteerti.
24 Isaan akka seerri Gootta'aa jedhutti, saphali-
isa lamaan yookiin maddoo lamaan woreega
dhiyeessiisaaf dhaqane.
25 Yennaa san namichi maqaan isaa Simoon jed-
hamu ka Yerusaalem keessa le'u tokko jira. Inni
nama balchaa, ka jiruu ifii Waaqaaf kenneeru.
Inni nama fayyinna Israa'elii eeggatiisatti jiru;
Ayyaanni Woyyichille isa irra jira.
26 Masiihii Gootta'aa adoo hin dhaggin akka inni
hin duune Ayyaanni Woyyichi itti mudhise.
27 Maariyaamii fi Yoseef akka Seera
Muuse'eetitti waan barbaachisu godhiisaaf
daa'ima Yesuus gara Galma Waaqaa yennaa
fidane, Ayyaanni akka Simoon gara Galma
Waaqaa deemu itti hime.
28 Simoon daa'ima fuudhee habbaarratee,

29 «Amma, Goottaa, addii kennite guutteerta,
ana tajaajilaa keetille nageyaan addee dhuga'aa geessi‡.

30-31 Fayyisiisa keeti ka ati fuula kolbaa maraa duratti qopheessite,
ilti tiyya dhaggiteerti.

32 Ifi worra Yihudoota hin te'initti mudhisu kun,

‡ **2:29** *Addee dhuga'aa geessi:* Na fudhadhu

kolbaa teeti Israa'eliifille ulfinna hin fida»
jedhee Waaqa galateeffate.
33 Abbaa fi haati Yesuusii waan Simoon marroo
daa'imaatii dubbate baaseffatane.
34 Achiin duuba Simoon isaan eebbisee,
Maariyaami'iin, «Daa'inni kun Israa'el keessatti
nama heddu'uuf sababa badi'ii, nama
heddu'uufille sababa fayyinnaa akka te'uuf
Waaqaan filatameera. Inni beessisa Waaqa biraa
kenname, ka kolbaan hedduun mormitu te'ee,
35 yaada isaanii ka dhossa'aa ifatti hin baasa.
Gaddi akka shallaagaa qaramee gadhaa keeti hin
woraana» jedhe.
36 Raagittiin Haannaa jedhantu, ta guddoo dul-
loonteertu takka, intalti Faanu'elii, ta gosa Aseerii
achi jirti. Isiin heerumtee woggaa torba teetteen
duuba, dhirsi isi'ii du'e.
37 Kanaan duuba woggaan isi'ii saddeettamii
afuri haga geettu, isiin Galma Waaqaa keessa
laamaa fi daadimataan halkanii fi guyyaa Waaqa
tajaajilte.
38 Haannaan yennuma san dhuttee Waaqa gala-
teeffattee, marroo daa'imaa worra bilisa bayiisa
Yerusaalemii eegatu maratti dubbatte.

### *Gara Naaziretii Deebi'ane*

39 Yoseefii fi Maariyaam waan Seerri Gootta'aa
ajaju mara hujanee fixaneen duuba, gara qachaa
ifii Naaziret, ka Galiilaa keessatti dhaggamuu
deebi'ane.
40 Daa'inni guddatee jabaate; qarummaalle'een
ka guutame te'e; badhaadhi Waaqaalle isa irra
jira.

**2:39** Mat. 2:23

### *Yesuus Yennaa Ijoollichaa Galma Waaqaa Keessatti Hafe*

41 Abba'aa fi haati Yesuusii wogguma wogga'aan
guyyaa Jila Irra Dabaramaa gara Yerusaalemii
dhaqan.
42 Yennaa Yesuus woggaa kudhanii lama guute,
akkuma baratametti isaan gara jilaa dhaqane.
43 Yennaa jilti hobbaate, gara manaa
deebi'iisaaf ka'ane; Yesuus ammoo Yerusaalemitti
hafe. Abba'aa fi haati isaa waan kana hin beenne.
44 Waan inni worra woliin jiranu woliin jiru
seyanee, guyyaa guutuu ideemaneen duuba fi-
rootaa fi jaalota ifii bira iyyaafatiisaaf ka'ane.
45 Isaan yennaa isa dhabane, barbaadiisaaf
gara Yerusaalemii deebi'ane.
46 Guyyaa sadiin duuba Galma Waaqaa
keessatti barsiisota woliin tee'ee, isaan caqasaa
gaaffiille isaan gaafatiisatti jiruun dhaggane.
47 Worri isa dhage'ane maraa beekkuma isaatii
fi deebii inni deebise baaseffatane.
48 Abba'aa fi haati isaa yennaa achitti isa dhag-
gane maalalane. Haati isaa, «Ilma kiyya maaf
akkana nu tolchite? Anii fi abbaan keeti akka
malee yaannee si barbaadiisatti jirra» isaan jette.
49 Yesuus deebisee, «Isin maaf na barbaaddan?
Akka ani mana Abbaa kiyyaa keessa tee'uu male
hin beennee?» isaaniin jedhe.
50 Isaan ammoo waan inni dubbate hin
hubanne.
51 Achiin duuba Yesuus worra ifii woliin gara
qachaa Naaziretii deebi'ee, worraafille ajajame.
Haati isaa waan te'e san mara gadhaa ifiititti qa-
batte.

52 Yesuus Waaqaa fi nama duratti, nafaan,
qarumma'aa fi gaaro'oon guddate.

# 3

*Lallaba Yohaannisii Cuupha'aa*
*(Mat. 3:1-12; Mar. 1:1-8; Yoh. 1:19-28)*

1 Xiberyoos mooticha te'ee woggaa kudhanii
shaneesso'ootitti, Phonxoos Philaaxoos bulchaa
biyya Yihuda'aa, Heroodis biyya Galiila'aatitti,
obboleessi isaa Filiphoos biyya Ixuriya'aatii
fi Xuraakonixiititti, Lisaaniyaasille biyya
Abiliinya'aatitti bulchitoota biyyaa te'ane.
2 Yennaa Haannaasii fi Qayyaaffaan
Yihudootaaf hayyoota gugurdoo te'aneeranutti,
Yohaannisiin ilmi Zakaariyaasii goomolee keessa
jiruun dubbiin Waaqaa itti dhutte.
3 Yohaannis adaala biyya Yordaanosii duudii
keessa ideemee, «Cubbuu teessan irraa deebi'aatii
cuuphama'a; Waaqille cubbuu teessan isiniif hin
araarama» jedhee lallabe.
4 Isaayaasiin raagichi marroo Yohaannisiitiif,
«Nami tokko goomolee keessatti, ‹Karaa
Gootta'aa qopheessa'a; daandii inni irra ideemu
qajeelcha'a!
5 «‹Baleen martinuu guutantuu ti, koobii fi
gaarri martinuu diriiruu ti. Karaan daddabaan
qajeelee, daandiin kattattaan wol qixxoottuu ti.
6 Nami duudiin fayyisiisa Waaqaa hin dhagga› »
jedhee barreesseera.
7 Yohaannis gumii harka isaatitti cuuphami-
isaaf gara isaa dhutteen, «Isin ilmaan buuti'ii!
Akka isin mufii Waaqaa ta isinitti dhufaartu jalaa
baqattanu eennutti isinitti hime?

8 Cubbuu teessan irraa akka deebitane waan
mudhisu tolcha'a. Abbaan keenna Abrahaam
jedhiisatti hin ka'ina'a. Waaqi dhakoota kana
keessaa fuudhee Abrahaamiif ilmaan tolchiisa
akka dande'u ani isinitti hima.
9 Agaraan mukoota hiddatti muriisaaf
qophoweera. Muki midhaan dansaa hin buunne
maraa muramee ibiddatti hin gatama» jedhe.
10 Jennaan kolbaan, «Yoona nuuti maan tolchinu
ree?» jettee Yohaannis gaafatte
11 Inni deebisee, «Nami uffana lamaan qabu ka
womaa hin qanneef kennuu ti; ka sagalee qabulle
worra hin qanne woliin qoodamuu ti» jedhe.
12 Worri qaraxa guuranu cuuphamiisaaf dhufa-
nee, «Barsiisa'a, nuuti maan tolchinu?» jedhanee
isa gaafatane.
13 Yohaannis isaaniin, «Ka seeraan murame
caalchittanee hin guurina'a» jedhe
14 Loltooti gariin, «Nuuti hore? Maan goona?»
jedhanee isa gaafatane. Innille isaaniin, «Hun-
naan namuu irraa beesee hin guurina'a, eennulle
dharaan hin himatina'a, mindaan keessan isiniif
gewuu ti» jedhe.
15 Kolbaan hedduun dhufa Kiristoosii eegiisatti
waan jirtuuf, «Yohaannis Masiihii* te'innaa?» jet-
tee mante.
16 Yohaannis, «Ani amma bisaaniin isin cuupha,
ka na caalu ammoo na duubaan dhufaara. Ani
hidhaa kophee isaa hiikiisaafille nama te'uu moti.
Inni Ayyaana Woyyichaa fi ibiddaan isin cuupha.
17 Inni eeddummee ifii keessatti midhaan
qulleessiisaaf wobanee† harkatti qabateera;

* **3:15** *Masiihii:* Kiristoos
† **3:17** *Wobanee:* Wobansaa yookiin horooroo ittiin hafarsu

midhaan qulleessee gootara'atti hin galcha; huura ammoo ibidda hin dhaanneen guba» jedhe.
18 Yohaannis karaa adda addaa heddu'uun gorsa isaaniif kennaa, Oduu Gammadaa isaanitti lallabe.
19 Heroodisiin bulchaan, Heroodiyaas niitii obboleessa ifii fuudhee, waan badduu hedduu dhibiille waan hujeeruuf Yohaannis isa xixe.
20 Heroodis waan badduu ittuma dabalee, Yohaannis mana hidha'aatitti galche.

### *Cuuphamiisa Yesuusii*

21 Kolbaan mara cuuphanteen duuba Yesuusille cuuphame. Adoo inni daadimatiisatti jiruu olgubbaan banantee,
22 Ayyaanni Woyyichi saphaliisa fakkaatee dhufee isa irra bu'e. Ol-gubbaa irraa, «Ati Ilma kiyya jaalatama'a. Ani si'itti gammadeera» qoonqoon jettu dhage'ante.

### *Hidda Dhaloota Yesuusii*
### *(Mat. 1:1-17)*

23 Yesuus yennaa hujii jalqabu, dhalatee gara woggaa soddomaa ti. Kolbaan, ilma Yoseefii Eli'ii isa seete.
24 Eliin ka Maataa'aa, Maataan ka Lewwi'ii, Lewwiin ka Malki'ii, Malkiin ka Yaanaayii, Yaanaayii ka Yoseefii,
25 Yoseef ka Maataatiyaasii, Maataatiyaas ka Amosii, Amos ka Naahomii, Naahom ka Eslii, Esliin ka Naagee,
26 Naageen ka Maa'aatii, Maa'aat ka Maataatiyaasii, Maataatiyaas ka Seeme'ii, Seeme'i ka Yoose'ee, Yooseen ka Yooda'aa,

**3:19** Mat. 6:17-18

27 Yoodaan ka Yo'anaanii, Yo'anaan ka
Resaa, Resaan ka Zarubaabelii, Zarubaabel ka
Salaati'elii, Salaati'el ka Neerii
28 Neeri ka Melkii, Melkiin ka Adii, Adiin ka
Qosaamii, Qosaam ka Elmaadaamii, Elmaadaam
ka Eerii,
29 Eer ka Yoshu'aa, Yoshu'aan ka Elii'ezaarii,
Elii'ezaar ka Yoraamii, Yoraam ka Maataatii,
Maataat ka Lewwii,
30 Lewwiin ka Simi'oonii, Simi'oon ka
Yihuda'aa, Yihudaan ka Yoseefii, Yoseef ka
Yoonaamii, Yoonaam ka Eliyaaqimii,
31 Eliyaaqim ka Meleyaa, Meleyaan ka Maayi-
naanii, Maayinaan ka Maaxaataa, Maaxaataan ka
Naataanii, Naataan ka Daawitii,
32 Daawiti ka Iseyii, Isey ka Yoobeedii, Yoobeed
ka Bo'azii, Bo'az ka Salmoonii, Salmoon ka Naha-
soonii,
33 Nahasoon ka Aminaadaabii, Aminaadaab ka
Aaramii, Aaram ka Arnii, Arni ka Hesromii, Hes-
rom ka Faaresii, Faares ka Yihuda'aa, Yihudaan
ka Yaaqoobii,
34 Yaaqoob ka Yisihaqii, Yisihaq ka Abrahaamii,
Abrahaam ka Taara'aa, Taaraan ka Naahorii, Naa-
hor ka Seruugii,
35 Seruug ka Raagaawuu, Raagaawu ka Felegii,
Feleg ka Ebeerii, Ebeer ka Shala'aa, Shalaan ka
Qayinaanii,
36 Qayinaan ka Arfaaksaadii, Arfaaksaad ka
Seemii, Seem ka Nohii, Nohi ka Laamekii, Laamek
ka Matusaala'aa,
37 Matusaalaan ka Heenokii, Heenoki ka
Yaaredii, Yaared ka Mahalalelii, Mahalalel ka
Qayinaanii, Qayinaan ka Enoshii,

38 Enoshi ka Sheetii, Sheeti ka Addaamii, Ad-
daam ka Waaqaa ti.

# 4

*Ataabamuu Yesuusii*
*(Mat. 4:1-11; Mar. 1:12,13)*

1 Yesuus Ayyaana Woyyichaan guutamee laga
Yordaanosiitii yennaa deebi'e, Ayyaanni gara
goomole'ee isa geesse.
2 Achitti guyyaa afurtama Seexanaan
ataabame. Guyyoota san inni womaa hin
nyaanne; tanaaf dhuma guyyoota saniititti inni
beelowe.
3 Seexanni isaan, «Ati Ilma Waaqaa yoo teete,
dhakaan kun daabboo akka te'u ajaji» jedhe.
4 Yesuus deebisee, «Barreeffam woyyichi, ‹Nami
sagalee calla'aan hin le'u› jedha» jedhe.
5 Achiin duuba Seexanni gara addee ol aantuu
gubbaa isa geessee, yoosuma mootummaa biyya
lafaa irra jirtu mara itti mudhise.
6 Seexanni Yesuusiin, «Ani kana maraa irratti
ulfinnaa fi baallii si'iif hin kenna. Kun maraa
waan naaf kennameeruuf, ani ka jaaladheef ken-
nuu hin dande'a.
7 Maarre yoo naaf sagadde, kun maraa keeti
te'a» jedheen.
8 Yesuus deebisee, «Barreeffam Woyyichi, ‹Goot-
taa Waaqa keetiif sagadi; isa calla'aafille tajaajili!›
jedha» jedheen.
9-11 Achiin duuba Seexanni gara Yerusaalemii
isa geessee, guutuu Galma Waaqaa gubba'atti
dhaabbachiisee, «Barreeffam Woyyichi, ‹Waaqi er-
gantoota ifii akka si eeganuuf hin ajaja. Isaanille

miila keeti dhakaan akka hin miine harka ifiitiin
ol si hin qaban› waan jedhuuf, ati Ilma Waaqaa
yoo teete, asi gubba'aa ifi gad darbi» isaan jedhe.
12 Yesuus deebisee, «Barreeffam Woyyichi, ‹Goot-
taa Waaqa keeti haga hin ilaalin› jedha» jedheen.
13 Seexanni karaa maraan isa ataabeen duuba
haga yenna'aatiif isa biraa deeme.

### *Yesuus Galiila'atti Hujii Jalqabe (Mat. 4:12-17; Mar. 1:14,15)*

14 Achiin duuba Yesuus hunna Ayyaana
Woyyichaatiin gara Galiila'aa deebi'e. Gurri isaa
adaala san maratti odeeffame.
15 Inni manoota waaqonfannaa Yihudootaa
keessatti barsiisee, nami marti isa galateesse.

### *Yesuus Naaziretitti Tuffatame (Mat. 13:53-58; Mar. 6:1-6)*

16 Achiin duuba Yesuus gara lafa itti guddatee,
Naaziret dhaqee, guyyaa Sanbataa akkuma aadaa
ifii Mana Waaqonfannaa Yihudootaa dhaqe. Yen-
naa inni Barreeffama Woyyicha dubbisiisaaf ka'e,
17 kitaaba Isaayaasii raagichaa itti kennane.
Maraa kitaaba sanii diigee,

18 «Ayyaanni Gootta'aa ana irra jira,
worra hiyyeeyyi'iif Oduu Gammadaa akka himuuf na muudeera.
Worra booji'ameef bilisummaa akka lassuuf,
worra ballaa akka dhaggisiisuuf,
worra miicame akka baasuuf,
19 woggaa Goottaan kolbaa ifii fayyisulle
akka lassuuf na ergeera» dubbiin jettu addee itti barreeffanteertu dhagge.

20 Yesuus kitaaba san maree, namicha eegutti
kennee tee'e. Kolbaan Mana Waaqonfannaa Yi-
hudootaa san keessa jirtu marti adoo ila irraa hin
caffatin isa ilaalte.
21 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Akkuma dubb-
ifamuun dhageettane, Barreeffam Woyyichi kun
adha muummowe» jedhe.
22 Isaan martinuu marroo isaa waan dansaa
dubbatanee, dubbii maso'oo ta inni dubbate baas-
effatanee, «Inni ilma Yoseefiitii motii?» jedhane.
23 Yesuus isaaniin, «Isin dhugumaan
mammaassa, ‹Cidheessa, dursii ifi fayyis!›
jedhu natti hin mammaattan. Waan qachaa
Qifirnaahoomiititti tolchitelle, ta nuuti
dhageenne as qachaa keeti keessattille tolchi
hin jettan» jedhe.
24 Itti dabaleelle, «Ani dhugumaan isinitti hima,
raagaan tokko biyya ifiititti fudhatama hin qabu.
25 Dhugumaan, bara Eliyaasii raagichaatitti
woggaa sadii fi ji'a jaan bokkeenni dhabamee, lafa
san duudii keessatti beelti hantuun yennaa galte,
biyya Israa'elii keessatti haadhotiin hiyyeessaa
hedduun jirti.
26 Eliyaas ammoo gara haadha hiyyeessaa ta
biyya Sidoonii keessatti qachaa Saraaphta'aa
keessa leetuu takka malee, gara dhibii gara nama
tokkoolle hin erganne.
27 Akkasuma bara Elsaa'ii raagichaatitti
kolbaan hedduun ta dhukkuba goga'aa
farrisiisa'aan dhibanteertu jirti; ammoo, isaan
keessaa Na'amaanii namicha biyya Sooriya'aa
malee, nami tokkolle hin fayyine» jedhe.
28 Worri mana waaqonfannaa Yihudootaa

keessa jiranu martinuu yennaa kana dhage'ane,
akka malee aarane.
29 Isaan ol ka'anee, Yesuus qachaa keessaa hark-
isanee baasanee qile'etti gad qolaansiisaaf bar-
baadanee, gara ededa gooroo qachaan isaanii ir-
ratti ijaarameeruutitti isa geessane.
30 Inni ammoo isaanuma oddu'uun dabaree
kara'atti bayee deeme.

*Namicha Ayyaana Hama'aan Qabameeru Tokko*
*(Mar. 1:21-28)*

31 Achiin duuba Yesuus gara qachaa Qifirnaa-
hoomii, ka Galiilaa keessatti dhaggamuu tokko
dhaqee, guyyaa Sanbataa kolbaa barsiise.
32 Waan inni baalli'iin barsiiseef, isaan mart-
inuu barsiisiisa isaa baaseffatane.
33 Namichi Ayyaana hama'aan qabameeru
tokko mana waaqonfannaa Yihudoota keessa
jiraayyu. Inni qoonqoo guddo'oon,
34 «Eeyyaa! Yesuusii nama Naaziretii, haajaa
maan nu woliin qadda? Nu balleessiisaaf dhut-
tee? Ani ebeluu keeti hin beeka! Ati Woyyicha
Waaqaa ti» jedhee iyye.
35 Yesuus ayyaana hama'aan, «Cadhisi!
Keessalle'ee bayi!» jedhee xixe. Ayyaanni
hamaan sun fuula isaanii duratti namicha gad
jissee, womaa adoo isa hin miidhin keessaa baye.
36 Kolbaan martinuu baaseffatee, «Dubbiin
akkasii tun maan? Ayyaanota hamootalle baalli'ii
fi hunnaan xixa; isaanille isaaf hin ajajaman» wol
woliin jette.
37 Gurri Yesuusii adaala biyya sanii maratti
dhage'ame.

### *Yesuus Worra Dhibamaa Hedduu Fayyise (Mat. 8:14-17; Mar. 1:29-34)*

38 Yesuus Mana Waaqonfannaa Yihudootaatii
bayee gara mana Simoonii dhaqe. Haati sodda'aa
ta Simoonii dhukkuba nafa o'isu jaba'aan dhiban-
teertiiyyu; isaanille akka inni isii gargaaruuf itti
himane.
39 Maarre Yesuus itti dhikaatee cinaa isi'ii
dhaabbatee, dhukkuba nafa o'isu san xixee,
dhibeen isii lakkitte. Yennuma san ol kaatee
isaanii areerte*.
40 Yennaa aduun seente, worra dhukkuba adda
addaatiin dhibamane maraa gara Yesuusii fidane.
Inni isaan mara irra harka ifii keyee fayyise.
41 Durriisotille Yesuusiin, «Ati Ilma Waaqaa ti»
jedhaa kolbaa hedduu keessaa iyyaa bayane. Am-
moo waan isaan akka inni Kiristoos te'e beeka-
neef, xixee dubbatiisa isaan dhoogge.

### *Yesuus Manoota Waaqonfannaa Yihudootaa Keessatti Lallabe (Mar. 1:35-39)*

42 Yennaa latti bariite Yesuus achii bayee, gara
addee qoommi'ii dhaqe. Kolbaan isa barbaadiisa
kaatee, yennaa dhaggite, akka inni isaan lakkisee
hin deemne dhooggiisaaf wodhaante.
43 Inni ammoo isaaniin, «Ani Oduu Gammadaa
ta mootummaa Waaqaa qachoota dhibiille'etti
lallabu'uu male; ani akka tana hujuuf ergame»
jedhe.
44 Maarre inni manoota waaqonfannaa Yihu-
dootaa ka biyya Yihuda'aa keessatti dhaggamuu
keessatti lallabiisa itti fufe.

* **4:39** *Areerte:* Yookiin keessummeessite

# 5

## *Yesuus Barattoota Jalqabaa Waame (Mat. 4:18-22; Mar. 1:16-20)*

1 Gaafa tokko Yesuus qarqara abbaayaa
Genesaarexii* dhaabbateeruun, kolbaan dubbii
Waaqaa dhage'iisaaf gara isaa wol dadarbite.
2 Inni hoboloota lamaan qarqara ab-
baaya'aatitti dhagge; worri qurxummii guuru
hoboloota achitti lakkisee caccoota dhiqatiisatti
jiraayyu.
3 Yesuus hoboloota san keessaa gara takkatti'ii,
ta Simoonii seenee, akka inni qarqara abbaayaa
irraa diqqoo gara keessaa hiissu isa gaafate.
Achiin duuba Yesuus hoboloo keessa tee'ee gumii
barsiise.
4 Yennaa dubbii ifii fixate, Simooniin, «Gara ila
bisaanii hoboloo hiissiitii, qurxummii qabiisaaf
caccoota teessan gad buusa'a» jedhe.
5 Simoonille, «Barsiisa'a, eda halkan duudii gud-
doo itti dadhabaa bulle, ammoo womaa hin qa-
banne. Amma ammoo, yoo ati jette ani caccoota
hin buusa» jedheen.
6 Isaan caccoota buusanee, haga caccooti isaanii
tarsa'iisa geettutti qurxummii hedduu qabatane.
7 Isaan lansooti isaanii ka hoboloo dhibii
keessa jiranu dhufanee akka isaan gargaaranuuf
haatatane†. Isaanille dhufanee hobolooti
lamaanuu haga gad lixiisa geettutti qurxummi'iin
akka malee guutane.

---

* **5:1** *Abbaayaa Genesaarexii:* Abbaayaa Galiila'aa **5:3** Mat. 13:1-2; Mar. 3:9-10; 4:1 **5:6** Yoh. 21:6 † **5:7** *Haatatane:* Harkaan, ilaan, mataa raasiisaan waamane

8 Simoon Pheexroos waan te'e kana yennaa
dhagge, fuula Yesuusii duratti jilbiiffatee, «Goottaa
kiyya ani cubbichaa, natti hin dhikaatin!» jedhe.
9 Simoonii fi worri isa woliin jiranu maraa qurx-
ummii hedduu waan guurataneef akka malee
baaseffatane.
10 Akkuma worra kaanii, lansoota Simoonii ka
te'ane, ilmaan Zabdewoosii Yaaqoobii fi Yohaan-
nisille baaseffatane. Yesuus Simooniin, «Hin so-
daatin! Haganaa achi kolbaa guurta» jedhe.
11 Isaan hoboloota harkisanee qarqaratti baasa-
nee, waan mara lakkisanee Yesuus hordofane.

## *Yesuus Namicha Tokko Fayyise (Mat. 8:1-4; Mar. 1:40-45)*

12 Gaafa tokko Yesuus qachaa tokko keessa adoo
jiruu, namichi dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan
qabameeru ka achi jiru tokko, yennaa isa dhagge,
Yesuus duratti gad jigee, «Ee Goottaa, yoo fedha
keeti te'e na fayyisi‡» jedhee kadhate.
13 Yesuus harka ifii diriirfatee, isa qabee, «Hin
fedha fayyi» jedhe. Yennuma san dhukkubi
goga'aa farrisiisaan namicha lakkise.
14 Yesuus namichaan, «Waan kana nama
tokkolle'etti hin himin; ammoo dhaqiitii
hayyichatti ifi mudhisi; akka ati fayyite, nami
mara akka beekuuf, fayyuu keetiif, qodha
Muuseen ajaje kenni!» jedhee seere.
15 Gurri Yesuusii ammoo addee maratti
dhage'amee, gumiin guddoon isa dhage'iisaa
fi dhukkuba ifii irralle'ee fayyiisaaf gara isaa
dhutte.

‡ **5:12** *Fayyisi:* Qulleessi

16 Inni ammoo yennaa hedduu addee qoommi'ii dhaqaa daadimate.

### *Yesuus Namicha Laashoweeru Tokko Fayyise (Mat. 9:1-8; Mar. 2:1-12)*

17 Gaafa tokko Yennaa Yesuus barsiisu, Fari-
isaayotii fi barsiisoti Seera Muuse'ee, olloota Gali-
ila'aa fi Yihudaa keessatti dhaggamanu mara
keessaa, Yerusaalemille'ee dhufaneeranu achi
tetee'aneeran. Yesuus worra dhibamane akka
fayyisuuf, hunni Gootta'aa isa woliin jirtiiyyu.
18 Jarri tokko namicha laashoweeru tokko
rare'een ba'atanee dhufanee, gara manaa
seensisanee fuula Yesuusii dura keyiisaaf
wodhaanane.
19 Ammoo waan kolbaan heddatteef, karaa
seensisanu dhabanee, mana gubbaa yaabanee,
heellichoo manaa saaqanee, rare'eenuu woliin
kolbaa oddu'utti, fuula Yesuusii duratti gad buu-
sane§.
20 Yesuus dhugeeffannaa isaanii yennaa
dhagge, namichaan, «Abboo, cubbuu teeti maraaf
araarri kennameera» jedhe.
21 Barsiisoti Seera Muuse'eetii fi Fariisaayoti,
«Namichi Waaqa faanshessu kun eennu inni?
Waaqa tokkocha malee eentu cubbuu namaaf
araaramiisaaf dande'a?» jedhaa yaadatane.
22 Yesuus yaada isaanii beekee, «Isin maaf waan
akkanaa kana gadhaa keessan keessatti yaadat-
tan?

§ **5:19** Ijaarsi mana Yihudootaa keenna irraa waan goruuf heellichoo manaa saaqanee deebisu'uuf hin dande'an

23 ‹Cubbuu teeti maraaf araarri kennameera›
jechu'u moo yookiin, ‹Ol ka'ii ideem› jechu'utti
kaso'o?
24 Amma ammoo ani Ilmi Namaa cubbuu
araaramiisaaf lafa irratti baallii akka qabu akka
beettanu» jedhee, namicha laashoweeruun, «Ol
ka'i! Raree teeti fudhadhuutii gara mana keetii
deemi!» jedhe.
25 Yennuma san namichi fuula isaanii duratti
ol ka'ee, itillee irra irkataa ture fudhatee, Waaqa
galateeffataa gara mana ifii deeme.
26 Isaan martinuu akka malee baaseffatanee,
guddoo sodaatanee, «Adha baasa guddaa dhag-
gine!» jedhaa Waaqa galateeffatane.

### *Yesuus Lewwii Waame*
### *(Mat. 9:9-13; Mar. 2:13-17)*

27 Kanaan duuba, Yesuus achii deemee,
namicha qaraxa guuru ka Lewwii jedhamu tokko,
addee gosee qaraxaa tee'eeruun dhaggee, «Na
hordofi» jedheen.
28 Lewwiin ol ka'ee, waan mara lakkisee, isa
hordofe.
29 Achiin duuba Lewwiin mana ifiititti, areertii
guddoo Yesuusiif qopheesse. Worri qaraxa guuru
heddu'uu fi worri dhibiille isaan woliin areerati-
isaaf tetee'aneeran.
30 Fariisaayotii fi worri golii isaanii te'ane bar-
siisoti Seera Muuse'ee gariin, «Isin worra qaraxa
guuruu fi cubbaaleyyii woliin maaf nyaattan?
Maaf untan?» jedhanee barattoota Yesuusiititti
gungumane.
31 Yesuus deebisee, «Worra fayyaa hin qanneef
malee, worra fayyaaleyyi'iif cidheessa hin bar-
baachisu.

32 Ani cubbaaleyyii gara cubbuu irraa
deebi'iisaa waamiisaaf malee, balchootaaf hin
dhunne» isaaniin jedhe.

### *Gaaffii Marroo Laamiisaa (Mat. 9:14-17; Mar. 2:18-22)*

33 Namooti gariin Yesuusiin, «Barattooti Yohaan-
nisii yennaa hedduu laamaa daadimatan. Barat-
tooti fariisaayotaalle akkasuma tolchan, barat-
tooti teeti ammoo hin nyaatanii, hin unan» jed-
hane.
34 Yesuus deebisee, «Worri jila fuudhaa fi heeru-
maatii waamame* adoo waajibichi isaan woliin
jiruu, akka laamu isin hin tolchitanii? Hin tolchi-
tanu!
35 Yennaan waajibichi isaan biraa fudhatamu
ammoo hin dhutti. Isaan yennaa san laaman»
isaaniin jedhe.
36 Yesuus itti aansee, mammaassalle itti
mammaakee, «Eennulle woyaa haareya tarsaasee
woyaa dullatti'itti hin erbu. Yoo akkana tolche,
woyaa haareya san hin tarsaasa. Erbeen woyaa
haareyaa woyaa dullatti'iin wol hin fuutu.
37 Akkasuma daadhii woyni'ii ta hin bayiin
qalqalluu dulloometti eennulle hin naqu. Yoo
akkana tolche, daadhiin sun qalqalluu san hin
dhoochi, daadhiin hin jiddi, qalqalluulle hin bada.
38 Tanaaf daadhiin hin bayiin qalqalluu haarey-
atti naqamu'uu malte!
39 Nami daadhii woyni'ii ta baate uneen duuba
ta hin bayiin uniisaaf barbaadu hin jiru. Inni, ‹Ta
baate woyya› jedha» jedhe.

---

* **5:34** *Worri jila fuudhaa fi heerumaatii waamame:* Hiikkaan gariin jaaloti jedha

# 6

### *Gaaffii Marroo Guyyaa Sanbataa*
### *(Mat. 12:1-8; Mar. 2:23-28)*

1 Guyyaa Sanbataa tokko Yesuus fichaa qamadi'ii keessa dabaruun, barattooti isaa mataa qamadi'ii kukkutanee, harkaan sukkuumatanee, nyaatane.
2 Fariisaayoti gariin, «Isin waan Seerri keenna guyyaa Sanbataatiin hin tolchina'a jedhu, maaf tolchitan?» jedhanee gaafatane.
3 Yesuus deebisee, «Daawitii fi worri isa woliin jiranu yennaa beelowane, waan inni tolche isin hin dubbinnee?
4 Inni gara mana Waaqaa seenee, daabboo Waaqa dura dhikaattu, ta silaa hayyoota malee nami tokkolle akka hin nyaanne Seerri dhooggu fuudhee nyaatee, worra isa woliin jiranuufille kenne» jedheen.
5 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Ilmi Namaa Goottaa Sanbataa ti» jedhe.

### *Yesuus Namicha Harka Laashoweeru Tokko Fayyise*
### *(Mat. 12:9-14; 3:1-6)*

6 Guyyaa Sanbata dhibi'ii Yesuus gara Mana Waaqonfannaa Yihudootaa dhaqee barsiise. Namichi harka middicha laashoweeru tokko achi jira.
7 Barsiisoti Seera Muuse'eetii* fi Fariisaayoti gariin sababa Yesuus ittiin himatanu barbaadanee, akka inni guyyaa Sanbataatiin namicha fayyisu gaadane.

---

* **6:7** *Barsiisoti Seera Muuse'ee:* Hiikkaan gariin barreessitoota qofa jedha.

8 Yesuus ammoo yaada isaanii beekee namicha
harka laashoweeruun, «Ol ka'i, fuula nama maraa
dura dhaabbadhu!» jedhe. Jennaan namichi ol
ka'ee achi dhaabbate.
9 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Ani isin
gaafadha: Seerri keenna guyyaa Sanbataatiin
maan akka tolchinu nu ajaja? Dansaa moo
hamaa tolchuu? Lubbuu namaa fayyisuu moo
balleessuu?» jedhe.
10 Yesuus adaala isaanii mara ilaaleen duuba,
«Namichaan harka keeti diriirfadhu» jedhe. Jen-
naan, inni harka diriirfatee, harki isaa deebi'ee
fayye.
11 Isaan akka malee aaranee Yesuus maan akka
tolchanu mari'atane.

*Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Filate*
*(Mat. 10:1-4; Mar. 3:13-19)*

12 Gaafa tokko Yesuus gara gaaraa ol bayee
halkan san duudii Waaqa daadimataa bule.
13 Yennaa latti bariite barattoota ifii gara ifii
waamee, isaan keessaa worra kudhanii lamaan
filatee, «Ergantoota» jedhee moggaase.
14 Isaanille, Simoon ka inni Pheexroos jedhee
moggaase, Indiryaasii obboleessa Pheexroosii,
Yaaqoob, Yohaannis, Filiphoos, Bartolomewoos,
15 Maatewoos, Toomaas, Yaaqoobii ilma
Alfewoosii, Simoon ka, «Hinaatticha» jedhamee
beekkame,
16 Yihudaa ilma Yaaqoobiitii fi Yihudaa nama
biyya keriyootii, ka Yesuus dabarsee kenne fa'a.

*Barsiisiisaa Fi Dhibamaa Fayyisiisa Yesuusii*
*(Mat. 4:23-25)*

17 Yesuus ergantoota woliin gaara irraa yen-
naa gad bu'e, barattoota ifii worra laakkossaan
heddu'uu tokko woliin addee dirree takka dhaab-
bate. Gumiin hedduun ta Yihudaa keessaa mara,
Yerusaalem keessaa, qachoota cinaa abbaayaa Xi-
iroosiitii fi Sidoon keessalle'ee achi jirti;
18 isaan isa dhage'iisaa fi dhukkuba ifiille
fayyiisaaf dhufane. Worri ayyaana hama'aan
rakkatanelle fayyane.
19 Hunni fayyittu isa irraa bayaa isaan mara
waan fayyisiisatti jirtuuf, kolbaan marti harka
ifiitiin isa tuqiisaaf wodhaante.

### *Gammadaa Fi Gadda*
### *(Mat. 5:1-12)*

20 Ahiin duuba Yesuus barattoota ifii ilaalee,
«Isin worri amma hiyyeeyyiin gammada'a†;
mootummaan Waaqaa teessan!
21 Isin worri amma beelottanu gammada'a;
hin quuttan!
Isin worri amma boottanu gammada'a;
hin kollitan!
22 «Sababa Ilma Namaatiif, yennaa kolbaan isin
jibbitee, isin fojjee, isin arrassitee gurra isin
balleessite, gammada'a!
23 Gatii guddoo ol-gubba'atti waan qaddanuuf
yennaa wonni kun teete gammadaan burraaqa'a.
Abbootiin isaaniille raagota akkasuma tolchite.
24 «Isin worra amma dureeyyi'iif aanne'e;
ka isin gewu fudhattaneertan‡!
25 Isin worra amma quuttaneef aanne'e;

---

† **6:20** *Gammada'a:* Ka badhaatane, ka eebbifantane **6:22** 1 Phex. 4:14 ‡ **6:24** *Ka isin gewu fudhattaneertan:* Biyya lafaatittuu gammaddaneertan, qananootaneertan

hin beelottan!
Isin worra amma kolluuf aanne'e;
gadditanee hin boottan!

26 «Yennaa kolbaan marti isin saadde isiniif
aanne'e; abbootiin isaaniille raagota dharaa
akkasuma tolchite.

*Diinota Jaalachuu*
*(Mat. 5:38-48; 7:12)*

27 «Ani ammoo isin worra na dhageettanuuf
hima: Diina keessan jaaladha'a, worra isin jib-
buuf waan dansaa godha'a.
28 Worra isin abaaru eebbisa'a, worra isin
yakkulle'eef daadimadha'a!
29 Yoo nami boqoo takkaa si dhabanaase,
taanille itti garagalchi; yoo nami kootii teeti
fudhate, shaamisiille hin dhooggatin!
30 Nama si kadhatu maraaf kenni, nami tokko
yoo waan keeti fudhate, akka inni si'iif deebisu
hin gaafatin.
31 Waan namooti dhibiin akka isinii godhanuuf
barbaaddanu isinille isaaniif godha'a.

32 «Worra isin jaalatu callaa yoo jaalattane,
eebba maan dhaggattan ree? Cubbaaleyyiinuu
worruma isaan jaalatu jaalatan.
33 Worra waan dansaa isinii godhu calla'aaf
yoo dansaa gootane, eebba maan dhaggattan ree?
Cubbaaleyyiinuu akkuma san godhan.
34 Worra akka isinii deebisu addattanu calla'aaf
yoo liqeessitane, eebba maan dhaggatan ree?
Waan liqeessane san deebi'anee fudhatiisaaf,
cubbaaleyyiinuu cubbaaleyyi'iif hin liqeessan.

35 Isin ammoo diinota keessan jaaladha'a, waan
dansaalle isaaniif godha'a. Nu'uuf deebisan jetta-
nee adoo hin yaadin liqeessa'a. Tana yoo gootane
gatii guddoo hin dhaggattan, ijoollee Waaqa Ol
Aana'aalle hin teetan. Inni worra galata hin qan-
nee fi dabaaleyyi'iifille arja'a.
36 Abbaan keessan ka ol-gubba'aa ka namaaf
mararu akka te'e, isinille namaaf marara'a.

## *Namatti Muriisa*
## *(Mat. 7:1-5)*

37 «Namatti hin murina'a, Waaqille isinitti hin
muru; yakkaa namatti hin murina'a, Waaqille
yakkaa isinitti hin muru; namaaf araarama'a,
Waaqille isiniif hin araarama.
38 Namaaf kenna'a, Waaqille isiniif hin kenna.
Safaraa dansa'aan, gad miicamee, gingilfamee, ir-
raan danbalaafamee isinii hin kennama. Safaraa
isin worra dhibi'iif itti safartanetti Waaqille isiniif
safara» jedhe.
39 Yesuus ittille mammaakee, «Ballaan ballaa
sooressiisaaf hin dande'a? Yoo sooresse, isaan
lamaanuu bowwaa bu'an.
40 Barataan tokko barsiisaa hin caalu; ammoo
nami leenjii guutuu fudhate maraa, akka barsi-
isaa ifii hin te'a.
41 «Huura ila obboleessa keetii keessa jiru maaf
ilaalta? Jigeessa ila teeti keessa jiru ammoo maaf
hin hubanne?
42 Jigeessa ila teeti keessa jiruu adoo hin dhag-
gin, attamiin obboleessa keetiin, ‹Obboleessa
kiyya, huura ila teeti keessa jiru san sii fuudha›
jedhuu dandeetta? Ati nama kijiba'a! Dursiitii

jigeessa ila teeti keessa jiru fudhadhu, achiin duuba huura ila obboleessa keetii keessa jiru fuudhiisaaf miidhassitee dhagguu hin dandeetta» jedhe.

### *Muki Midhaan Ifiitiin Beekkama (Mat. 7:16-20; 12:33-35)*

43 «Muki dansaan midhaan hamaa hin buusu, muki hamaalle midhaan dansaa hin buusu.
44 Muki martinuu midhaan buusuun beekkama; midhaan harru'uu waaccuu irraa yookiin midhaan woyni'ii kom'olcha irraa hin guuranu.
45 Nami dansaan dansummaa gadhaa ifii keessaa waan dansaa baasa; nami hamaalle hammeenna gadhaa ifii keessaa waan hamaa baasa. Waan gadhaa guute afaan dubbata.

### *Namoota Mana Ijaaranu Lamaan (Mat. 7:24-27)*

46 «Waan Ani isinitti himu adoo hin tolchin, maaf, ‹Goottaa, Goottaa› jedhaa na waantan.
47 Nami gara kiyya dhufu, ka dubbii tiyyalle dhage'ee hujii irra oolchu, eennu akka fakkaatu Ani isinitti mudhisa.
48 Inni nama mana ifii rassaa irratti gad fageessee qotee ijaarrate tokko fakkaata. Yennaa lolaan itti lola'ee mana san darbe ammoo rassaa irratti waan ijaarameeruuf, tachoosuu hin dandeenne.
49 Nami dubbii tiyya dhage'ee hujii irra hin oolchine ammoo, nama hundee mana ifii adoo gad fageessee hin dhaabin ijaarrate fakkaata. Lolaan dhufee mana san yennaa darbe, takkumaan jigee, akka malee butute» jedhe.

# 7

### *Yesuus Tajaajilaa Ajajaa Dhibbaa Fayyise (Mat. 8:5-13)*

1 Yesuus waan san mara kolba'aan jedheen du-
uba, gara Qifirnaahoomii deeme.
2 Ajajaan dhibbaa ka worra Rooma'aa tokko
achi jiraayyu; tajaajilaan inni guddoo jaalatu
akka malee dhibamee du'iisaaf dhikaateeraayyu.
3 Ajajaan dhibbaa gurra Yesuusii yennaa
dhage'e, akka inni dhufee tajaajilaa isaa fayyisuuf
maanguddooti Yihudootaa gariin akka isa
gaafattu itti erge.
4 Isaan gara Yesuusii dhufanee, «Nami kun
dhugumaan qarqaarsa keeti dhaggachuu qaba.
5 Inni kolbaa teenna jaalata, Mana Waaqon-
fannaa Yihudootaalle nu'uuf ijaareera» jedhaa
jabeessanee kadhatane.
6 Maarre Yesuus isaan woliin dhaqee, Yennaa
gara manaa dhikaate ajajaan dhibbaa jaalota ifii
itti ergee, «Goottaa kiyya, ati mana kiyya seeniisaaf
ani nama malee moti! Ifi hin rakkisin;
7 maaf jennaan, ani nama gara keeti dhufiisaaf
malee moti. Ammoo afaanuma calla'aan ajaji,
mucaan kiyya hin fayya.
8 Anille nama baallii ol aantuu qabu jala nama
jiru, loltoota ifiin jalatti ajajulle qaba. Isaan
keessaa nama tokkoon, ‹Deemi› yoo jedhe, innille
hin deema; ka dhibi'iin ‹Koy› yoo jedhe, innille
hin dhufa; tajaajilaa kiyyalle'een, ‹Kana huji› yoo
jedhe hin huja» jedhe.
9 Yesuus tana yennaa dhage'e baaseffatee
gara worra isa hordofuu midhatee, «Ani isinitti

hima, dhugeeffannaa guddoo akkasii Israa'el keessalle'etti ijjumaa hin dhaggine» isaaniin jedhe.
10 Worri ergamanelle gara mana ajajaa dhibbaa deebi'anee yennaa dhufane tajaajilaan isaa fayyeeruun dhaggane.

### *Yesuus Ilma Haadha Hiyyeessaa Tokko Du'aa Kaase*

11 Eega san adoo hin turin, Yesuus gara qachaa Naayin jedhamuu tokko dhaqe; barattooti isaatii fi gumiin guddoolle isa woliin deemane.
12 Yennaa Yesuus seensuma karra qacha'aa bira geye, namooti reeffa ba'ataneeranu itti dhufane. Nami du'eeru sun haadha hiyyeessaa takkaaf ilma tokkocha. Gumiin guddoon qachaa sanii isii woliin jirti.
13 Goottaan yennaa isii dhagge, nayeefii, «Hin bowin» jedheen.
14 Itti hiiqeelle raree reeffaan ba'ataneeranu harkaan tuqe. Worri reeffa ba'ateerulle dhaabbate; Yesuus, «Dargaggeessa! Ani si'iin jedha ka'i!» jedhe.
15 Dargaggeessi du'e sun ol ka'ee tee'ee dubbatiisa jalqabe. Achiin duuba Yesuus deebisee haadhaaf isa kenne.
16 Isaan martinuu sodaatanee, «Raagaan guddaan nu'uma keessaa ka'eera; Waaqi kolbaa ifii fayyisu'uuf dhufeera» jedhanee Waaqa galateeffatane.
17 Gurri Yesuusii biyya Yihuda'aa maraa fi adaala biyya sanii maratti dhage'ame.

## *Worra Yohaannisiin Cuuphaan Erge (Mat. 11:2-19)*

18 Barattooti Yohaannisii waan kana mara
yennaa isatti himane, Yohaannis barattoota ifii
keessaa lamaan waamee,
19 «Ka dhufu'uu male si'iiyyu moo ka dhibii ee-
ganna?» jedhee, akka Goottaa gaafatanuuf erge.
20 Worri ergamane yennaa gara Yesuusii dhu-
fane, «Yohaannisiin cuuphaan, ‹Ka dhufu'uu male
si'iiyyu moo ka dhibii eeganna?› jedhee gara keeti
nu ergeera» jedhaneen.
21 Yennuma san Yesuus kolbaa hedduu dhibee
irraa, dhukkuba adda addaa irraa, ayyaanota
hamoota irraa fayyisee, worra ila balla'aa heddu-
ulle ila bane.
22 Ergantoota Yohaannisiitille'een, «Deebi'aatii,
waan dhaggitanee fi waan dhageettane
Yohaannisitti hima'a! Ballaan hin dhagga, naafi
hin ideema, ka dhukkuba goga'aa farrisiisa'aan
qabameeru hin fayya, duudaan hin dhage'a,
du'aan hin ka'a, Oduun Gammadaa hiyyeeyyi'iif
hin lallabanti.
23 Nami mamee anaan hin gufanne* ka bad-
haadhe!» jedhe.

24 Ergantooti Yohaannisii deemaneeranuun du-
uba, Yesuus marroo Yohaannisii gumi'itti dub-
batiisa jalqabee: «Maan ilaaliisaaf gara goomole'ee
dhaxxane? Shonbooqqoo qilleensi daassuu?
25 Maan ilaaliisaaf baatane? Nama uffana
dansaa uffatee? Worri uffata dansaa uffatee fi
qananiin mana moototaatitti dhaggaman.

---

* **7:23** *Anaan hin gufanne:* Anatti addii hin kutanne

26 Natti hima'a, maan ilaaliisaaf baatane?
Raaga'a moo? Eeti, ka Raagaa caalu dhaggitane.
27 Barreeffam Woyyichi marroo Yohaannisiitiif,
‹Ani ergamaa kiyya ka karaa keeti qopheessu
si'iin dura erga› jedheera.
28 Ani isinitti hima, nama lafa irratti dhalate
keessaa, ka Yohaannis caalu hin jiru. Ammoo
mootummaa Waaqaa keessatti ka mara caalaa
diqqaatu isa caala» jedhe.
29 Kolbaan martinuu, worri qaraxa guurulle
adoo hin hafin, yennaa dubbii Yesuusii
dhage'ane, waan harka Yohaannisiititti
cuuphamaneeranuuf, Waaqaaf dhugaa galchane.
30 Fariisaayotii fi barsiisoti Seeraa ammoo,
waan Waaqi isaanii yaadate tuffatanee, harka
Yohaannisii cuupha'aatitti cuuphamuu didatane.
31 Yesuus itti dabalee, «Kolbaa bara kanaa tana
maaniin wol fakkeessa? Isaan maan fakkaatan?
32 Isaan akka ijoollee dikkoo keessa teteettee,
‹Suusullee† isinii afuunne, isin ammoo hin sir-
bine; faaruu awwaalaa isinii faarsine; isin am-
moo hin boonne› jedhaa wolitti woccu fakkaatan.
33 Yohaannisiin cuuphaan adoo sagalee hin
nyaatin, daadhii woyni'iille hin unin dhufee jen-
naan, ‹Inni durriisa ifi keessaa qaba› jettane.
34 Ilmi Namaa ammoo, nyaataa unaa dhufee
jennaan, ‹Nama kana ilaala'a! Inni gadhitoo, ma-
chowaa, jaala worra qaraxa guuruutii fi cubbaa-
leyyi'ii ti› jettane.
35 Te'uu malee, qaruun Waaqaa worra isii
fudhatu‡ maraan dhugaa akka teete mirkanoot-

**7:29** Mat. 21:32; Luq. 3:12 † **7:32** *Suusullee:* Ulullee ‡ **7:35** *Worra isii fudhatu:* Ijoollee isi'ii

teerti» jedhe.

### *Dubartiin Takka Yesuus Fiqiree Issite*

36 Fariisaayichi tokko Yesuus akka isa woliin
nyaatuuf waamee, Yesuus mana isaa dhaqee
nyaatiisaaf tee'e.
37 Qachaa san keessa dubartii cubbaalettii
takkatti jira. Maarre isiin akka inni mana
Fariisaayichaatitti nyaatiisatti jiru dhageettee,
fiqiree duloo albaasaaxarii irraa hojjatante
guutuu fiddee,
38 Yesuusiin duuba miila isaa bira dhaabbattee,
bowaa imimmaaniin miila isaa jiitte. Achiin du-
uba rifeensa mataa ifiitiin miila isaa haxoottee,
sunqataa fiqiree issite.
39 Fariisaayichi yennaa tana dhagge, «Nami
kun dhugumaan raagaa adoo te'ee, dubartiin
isa qaqqaddu tun dubartii attamii akka teete
hin beekaayyu; akka isiin cubbaaletti'ii hin
beekaayyu» jedhee gadhaa ifiititti yaadate.
40 Yesuus isaan, «Simoon, ani waan si'itti himu
qaba» jedhee dubbate.

Innille «Barsiisa'a, Maan inni? Natti himi!»
jedhe.
41 Namicha beesee liqeessu tokko irraa
namooti lamaan ka beesee liqeeffataneeranu
jiran. Tokkochi mindaa gara woggaa lamaa fi
wodhakka'aa dhiyaatu§ liqeeffatee, kuun mindaa
gara ji'a sadii dhiyaatu* liqeeffate.

---

§ **7:41** *Mindaa gara woggaa lamaa fi wodhakka'aa dhiyaatu:* Dinaara dhibba shan * **7:41** Mindaa gara ji'a sadii dhiyaatu: dinaara shantama

42 Isaan lamaanuu waan deebisanee kaffalanu
dhabanee jennaan, inni akkasumaan isaaniif
lakkise. Jara lamaan tana keessaa kamitti irra isa
jaalata?
43 Simoon deebisee, «Ka liqaan guddaan isaa
lakkifametti irra jaalata natti fakkaata» jedhe.
Yesuus, «Dhugaa jette» jedheen.
44 Achiin duuba gara dubartitti'ii garagalee,
Simooniin, «Dubartii tana dhaggitaa? Yennaa ani
mana keeti dhufe ati bisaan miilaa naaf hin ken-
nine. Isiin ammoo imimmaan ifiitiin miila kiyya
dhixxee, rifeensa mataa ifiitiin haxxe.
45 Ati sunqattee na hin fudhanne, isiin ammoo
haga ani dhufee jalqaddee miila kiyya sunqatiisa
hin lakkinne.
46 Ati mataa kiyya zayitii† hin issine, isiin am-
moo fiqiree gatii guddo'oo miila kiyya issite.
47 Maarre, ani si'iin jedha, jaalalli guddaan isiin
mudhitte kun, cubbuu isi'ii heddu'uuf araarri
akka kenname mirkaneessa. Nami araarri
diqqaan kennameef ammoo, jaalala diqqaa callaa
mudhisa» jedhe.
48 Achiin duuba Yesuus dubartitti'iin «Cubbuu
teetiif araarri kennameera» jedhe.
49 Worri dhibiin ka isa woliin nyaatiisatti jiranu
gariin, «Ka araara cubbu'uu kennu kun, eennu
inni?» wol woliin jedhane.
50 Yesuus ammoo dubartitti'iin, «Dhugeeffannaan
teeti si fayyitteerti; nageyaan deemi» jedhe.

# 8

## *Dubartoota Yesuus Hordofane*

---

† **7:46** *Zayitii:* Akkuma Gujiin dhadhaa iffatu isaan zayitii iffatan

1 Kanaan duuba adoo hin turin, Yesuus Oduu
Gammadaa ta mootummaa Waaqaa lassaa lal-
labaa qachootaa fi olloota keessa ideeme. Barat-
tooti isaa kudhanii lamaanii,
2 fi dubartooti gariin ta ayyaana hama'aa fi
dhukkuba irraa fayyanelle isa woliin jiraniiyyu.
Isaan san keessalle'ee Maariyaamii Magdalaa ta
jedhantu, ta durriisoti torba keessaa baafame,
3 Yo'anaa niitii Kuuzaa mana Heroodisii
toowatuu, Susanaa fi dubartooti hedduun
dhibiin ta karra ifiitiin Yesuusii fi barattoota
isaa qarqaarane.

### *Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu (Mat. 13:1-9; Mar. 4:1-9)*

4 Yennaa gumiin hedduun qachaa adda addaatii
Yesuus biratti wolitti qabante, inni itti mammaa-
kee:
5 «Namichi tokko sanyii facaasiisaaf baye. Adoo
inni facaasuu sanyiin gariin irga kara'aa buutee,
irra ijjatante; sinbirrootille qocattee nyaate.
6 Sanyiin dhibiin lafa dhakittii irra buutee, yen-
naa mudhiisa jalqadde, biyyeen jiidha waan hin
qanneef godde.
7 Sanyiin dhibiin qoree keessa buutee, qoreen
woliin guddattee huute.
8 Sanyiin gariin biyyee dansaa keessa buute;
lattee guddattee, tokkoon tokkoon isi'ii midhaan
dachaa dhibba buutte» jedhe.

Yesuus yennaa dubbii tana dubbatee fixe, «Gurra dhage'u ka qabu dhage'uuti!» jedhe.

### *Mammaassi Maaf Akka Barbaachise (Mat. 13:10-17; Mar. 4:10-12)*

9 Barattooti Yesuusii hiikkaa mammaassa
kanaa isa gaafatane.
10 Inni deebisee, «Dhossaa mootummaa Waaqaa
akka beettanu isiniif kennanteerti; worra kaaniif
ammoo adoo ilaalanuu akka hin dhaggine, adoo
dhagganuu akka hin hubanne, mammaassaan
kennanti.

### *Hiikkaa Mammaassa Namicha Sanyii Facaasuu*

11 «Hiikkaan mammaassaa kunoo kana: Sanyiin
dubbii Waaqaa ti.
12 Sanyiin karaa irga buute, worra dubbii
Waaqaa dhage'ee, durriisi ammoo dhufee akka
isaan dhugeeffatanee ittiin hin fayyine, dubbii
san gadhaa isaanii keessaa fudhatu.
13 Sanyiin lafa dhakittii irra buute, worra dubbii
Waaqaa dhage'ee gammadaan fudhatu. Ammoo
hidda waan hin qanneef, yennaa qofaaf dhugeef-
fatan; yennaan haga ilaalichaa yoo dhutte ammoo
hin jigan.
14 Sanyiin qoree keessa buute, worra dhage'u;
akkuma bulanee oolanuun ammoo yaaddoon,
karraa fi gammachuun jiruu lafa tanaa isaan hu-
utee, midhaan isaanii ijjumaa hin sibu.
15 Sanyiin biyyee dansaa keessa buute, worra
dubbii dhage'ee gadhaa qajeela'aa fi dansa'aan
jabeessee qabatee, ciniinnatee ossiisaan midhaan
buusu.

### *Ifa Gonbisaa Jalaa*
### *(Mar. 4:21-25)*

16 «Eennulle ifa issee, gonbisaa jala yookiin taqee
jala hin keyu; worri gara manaa seenu akka ifa
dhagguuf waan issaan irra keyamu irra keya.

17 «Wonni dhokate ka hin mudhanne hin jiru,
wonni buqame ka hin beekkannee fi gara ifaa hin
baane hin jiru.
18 Tanaaf akka itti dhageettanu ifi eeggadha'a!
Ka qabuuf ede'antee kennanti, ka hin qanne am-
moo wonni inni hin qaba jedhee yaadatu diqqoon
sunuu irraa fudhatanti» jedhe.

### *Haadhaa Fi Obboleeyyan Yesuusii (Mat. 12:46-50; Mar. 3:31-35)*

19 Haatii fi obboleeyyan Yesuusii gara isaa dh-
ufane; ammoo sababa gumi'iitiif isa bira geyiisa
hin dadeenne.
20 Nami tokko Yesuusiin, «Haati teetii fi ob-
boleeyyan teeti si dhaggiisaaf barbaadanee ala
dhaabbatan» jedhe.
21 Yesuus ammoo deebisee, «Haati tiyyaa fi ob-
boleeyyan tiyya worra dubbii Waaqaa dhage'ee
hujii irra oolchu» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Bubbee Cadhisiise (Mat. 8:23-27; Mar. 4:35-41)*

22 Gaafa tokko Yesuus barattoota ifii woliin
hoboloo yaabee isaaniin, «Ka'aa gara abbaaya'aan
gamaa buunaa» jedhe. Maarre isaan deemiisaaf
ka'ane.
23 Adoo isaan hobolo'oon bu'iisatti jiranuu,
Yesuus rafe. Dedhuma bubbeen gara abbaaya'aa
gad bubbittee, hoboloon bisaaniin guutamiisa
jalqaddee jennaan, buutoo hantuu afaan bu'ane.
24 Barattooti gara Yesuusii dhaqanee dammas-
sanee, «Barsiisaa, barsiisaa! Kunoo dhumataarra!»
jedhaneen.

Inni dammaqee bubbe'ee fi danbalii xixe; bubbe'ee fi danbaliin bisaaniille cadhisanee, cadheessi guddaan te'e.
25 Achiin duuba inni barattootaan, «Dhugeeffannaan teessan meet?» jedheen.

Isaan ammoo sodaatanee baaseffatanee, wol woliin, «Nami kun eennu? Inni bubbe'ee fi danbalii hin ajaja, isaanille isaaf hin ajajaman!» jedhane.

### *Yesuus Namicha Durriisaan Qabameeru Tokko Fayyise*
### *(Mat. 8:28-34; Mar. 5:1-20)*

26 Yesuusii fi barattooti isaa Abbaayaa Galiila'aatiin gama, gara biyya Gergeesa'aa hobolo'oon bu'ane.
27 Akkuma Yesuus qarqara bisaaniititti bu'een, namichi qachaa sanii, ka durriisaan qabameeru tokko itti dhufe. Namichi kun yennaa hedduu woyaa hin uffatu, manalle hin le'u, ammoo yennaa hedduu goda awwaalaa keessa le'a.
28 Inni yennaa Yesuus dhagge, miila isaa duratti jigee, guddisee iyyee, «Ee Yesuus, Ilma Waaqa Ol Aana'aa! Maan na irraa qadda? Ani si kadhadhaa, na hin rakkisin!» jedhe.
29 Waan Yesuus akka ayyaanni hamaan namicha keessaa bayu ajajeeruuf, inni akkana jedhe. Yennaa hedduu ayyaanni hamaan waan itti ka'uuf, wodaroo sibiilaatii fi sibiila miilaatiin hidhamaa eegamulle, hidhaa san kukkutaa, hunna ayyaana hama'aatiin gara goomole'ee oofamaa ture.

30 Yesuus, «Maqaan keeti eennu?» jedhee isa
gaafannaan, durriisoti bacaan waan itti galaneer-
anuuf, inni deebisee, «Maqaan kiyya duula» jedhe.
31 Durriisoti gara bowwaa qile'ee akka isaan hin
ergine Yesuus kadhatane.
32 Roga gooroo sanii gubbaa, booyyoti hedduun
bobbaatee dheediisatti jirtiiyyu. Maarre durri-
isoti gara booyyotaa akka galanuuf, Yesuus akka
eeyyamu kadhatane; innille isaaniif eeyyame.
33 Durriisoti namicha keessaa bayanee booyy-
otatti galane. Booyyoti sun martinuu roga qile'ee
irraa gad gara abbaaya'aa oriitee liqinfante.
34 Worri booyyee tissanu yennaa waan te'e kana
dhaggane, baqatanee worra qacha'aatii fi biyya
saniititti odeessane.
35 Kolbaan waan te'e san dhaggiisaaf, yennaa
gara Yesuusii dhutte, namichi durriisi keessaa
baye woyaa uffatee qalbiin itti deebitee, miila
Yesuusii bira tee'eeruun dhaggite martinuu so-
daatte.
36 Namichi attam akka itti fayye worri dhaggane
kolba'atti himane.
37 Achiin duuba kolbaan biyya Gergeesa'aa
martinuu akka malee waan sodaatteef, Yesuus
akka isaan lakkisee deemuuf gaafatte. Maarre
Yesuus hoboloo yaabee achii deeme.
38 Namichi durriisoti keessaa bayane, «Si woliin
deemuu?» jedhee Yesuus kadhate.

Yesuus ammoo,
39 «Gara mana keetii deebi'ii, waan Waaqi si'iif
godhe himi» jedhee isa erge.

Namichi waan guddoo Yesuus isaaf godhe hi-
maa, qachaa keessa deeme.

### *Intala Yaayiroosiitii Fi Dubartittii Woyaa Yesuusii Tuxxe*
### *(Mat. 9:18-26; Mar. 5:21-43)*

40 Yennaa Yesuus gara abbaaya'aan gamaa deebi'e, isaan martinuu waan isa eegiisatti jiranuuf, kolbaan isa fudhatte.
41 Achiin duuba namichi Yaayiroos jedhamu, bulchaan mana Waaqonfannaa Yihudoota tokko dhufee, miila Yesuusii jalatti jigee akka inni gara mana isaa dhaquuf kadhate.
42 Sababille intalti isaa takkattiin inni qabu, ta woggaa kudhanii lamaa, du'iisa geetteertiiyyu.

Adoo Yesuus dhaqiisaaf karaa irra jiruu, kolbaan gara maraan isa dhiphitte.
43 Dubartittiin woggaa kudhanii lamaaf dhiigi dhaabbatuu didee rakkataa turte takka achi jirti; waan qaddu maraa cidheeyyi'itti fixxe; eennulle ammoo isii fayyisu'uuf hin dandeenne.
44 Isiin duuba Yesuusiitiin dhuttee handaara woyaa isaa tuxxee, dhiigi isi'ii ka jigu yoosuma dhaabbate.
45 Yesuus, «Ka ana tuqe eennu?» jedhee gaafate. Nami martinuu mormannaan, Pheexroos, «Barsiisa'a, kolbaan marti si dhiphittee, si dhiibiisatti jirti» jedhe.
46 Yesuus ammoo, «Hunni fayyittu na keessaa akka baate ani waan beekuuf, nami tokko na tuqeera» jedhe.
47 Dubartittiin akka dhokattee hafaa hin jirre dhaggitee, rorommaa dhuttee miila Yesuusiititti jidde. Achiin duuba maaf akka isa tuxxee fi yoosuma attam akka fayyite kolbaa duratti itti hinte.

48 Yesuus isi'iin, «Intala tiyya dhugeeffannaan
teeti si fayyitteerti; nageyaan deemi» jedhe.
49 Adoo Yesuus tana dubbatiisatti jiruu, nami
tokko mana Yaayiroosii bulchaa Mana Waaqon-
fannaa Yihudootaatii dhufee, «Intalti teeti duu-
teerti. Yoona barsiisaa hin rakkisin» jedhe.
50 Yesuus ammoo yennaa waan kana dhage'e
Yaayiroosiin, «Hin sodaatin; dhugeeffadhu malee,
intalti teeti hin fayyiti» jedhe.
51 Yesuus mana Yaayiroosii bira yennaa geye,
Pheexroos, Yohaannis, Yaaqoob, abba'aa fi
haadha intalaa malee eennulle isa woliin akka
seenuuf hin eeyyanne.
52 Namooti achi jiranu martinuu intalaaf bowa-
nee wiiccifatane. Yesuus ammoo, «Hin bowina'a;
intalti rafiisatti jirti malee, hin duune» jedhe.
53 Isaan akka intalti duuteertu waan beekanuuf,
marti isaaniituu itti kollane.
54 Yesuus ammoo harka isi'ii qabee, «Intala, ka'i!»
jedhee waame.
55 Lubbuun isi'ii itti deebitee, yoosuma ol kaate;
Yesuus ammoo waan nyaattu akka isi'iif kennanu
isaan ajaje.
56 Worri isi'ii maalalfatane; Yesuus ammoo
waan te'e kana eennulle'etti akka hin hinne isaan
ajaje.

# 9

### *Yesuus Ergantoota Kudhanii Lamaan Erge*
### *(Mar. 10:5-15; Mar. 6:7-13)*

1 Yesuus ergantoota kudhanii lamaan wolitti
waamee, akka dhukkuba fayyisanuu fi durriisota
baasanu hunnaa fi baallii isaaniif kenne.

2 Achiin duuba mootummaa Waaqaa akka lalla-
banuu fi worra dhibamaa akka fayyisanu erge.
3 Inni isaaniin, «Ideemiisa kara'aatiif womaa hin
qabatina'a: ulee yookiin korojoo, galaa yookiin
beesee, woyaa uffattane malee ta dhibii hin qa-
batina'a.
4 Mana seentanu maratti, qachaa sanii baata-
nee haga deentanutti achuma tura'a.
5 Yoo kolbaan isin fudhatiisa dhadde, akka
beessisa isaanitti teetu bukuu miila keessanii har-
gufadha'aatii qachaa sanii deema'a» jedhe.
6 Maarre ergantooti achii bayanee olloota
maraa keessa Oduu Gammadaa lallabaa, kolbaa
fayyisaa deemane.

### *Mamiisa Heroodisii (Mat. 14:1-12; Mar. 6:14-29)*

7 Kolbaan gariin Yohaannisiin Cuuphaan du'aa
ka'eera jedhiisatti waan jirtuuf, bulchaan Gali-
ila'aa Heroodis, waan te'iisatti jiru mara dhage'ee,
guddoo mame.
8 Worri dhibiin Eliyaas mudhateera, worri
dhibiille raagota durii keessaa tokkochatti du'aa
ka'eera jedhane.
9 Heroodis, «Ani morma Yohaannisii mureer-
aayyu; nami ani waan isaa dhage'u kun ammoo
eennu inni?» jedhe. Isa dhaggiisaafille barbaade.

### *Yesuus Nama Kuma Shan Areere (Mat. 14:13-21; Mar. 6:30-44; Yoh. 6:1-14)*

10 Ergantooti deebi'anee waan hujane mara
Yesuusitti himane. Achiin duuba inni isaan
qofa fudhatee, gara qachaa Betsayidaa jedhamuu
tokko dhaqe.

11 Kolbaan marroo waan kanaa yennaa dhageette, isa hordotte. Innille isaan fudhatee, marroo mootummaa Waaqaa barsiisee, worra dhibee irraa fayyiisi barbaachiselle fayyise.
12 Yennaa latti galgaloo tte, barattooti kudhanii lamaan gara Yesuusii dhufanee, «Addeen nuuti jirru tun lafa qoommii waan teeteef, gara olla'aa fi oorruu adaala kanaa dhaqanee waan nyaatanuu fi addee buli'ii akka barbaadatanu kolbaa tana gad lakkisi» jedhane.
13 Yesuus ammoo, «Isinuu waan isaan nyaatanu kenna'aaf» isaaniin jedhe.

Isaan ammoo, «Yoo dhandhee sagalee kolbaa tana duudi'iif geettu binne malee, nuuti daabboo xaltaa shanii fi qurxummii lama qofa qanna» jedhane.
14 Dhiirti gara kuma shanii achi jirtiiyyu.

Yesuus barattoota ifiitiin, «Akka namooti cinna shantama shantamaan tee'anu tolcha'a» jedhe.

15 Barattooti akkuma inni jedhe nama maraa teessisane.
16 Yesuus daabboo xaltaa shanii fi qurxummii lama fuudhee, gara ol-gubba'aa ilaalee, Waaqaaf galata galchee, caccassee, kolba'aaf akka qoodanu barattootatti kekenne.
17 Isaan martinuu nyaatanee quufanee, hambaa irraa hatte barattooti kollonjoo kudhanii lama fuudhane.

### *Pheexroos Ebeluu Yesuusii Hime*
### *(Mat. 16:13-19; Mar. 8:27-29)*

18 Gaafa tokko yennaa Yesuus qofii ifii daadimatiisatti jiru, barattooti isaa gara isaa dhufane.

Inni, «Namooti eennu anaan jedhan?» jedhee
isaan gaafate.
19 Isaanille, «Gariin Yohaannisii cuupha'a si'iin
jedhan; gariin Eliyaas si'iin jedhan; worri dhibiin
raagota durii keessaa tokkochatti du'aa ka'eera
si'iin jedhan» jedhanee deebisane.
20 Yesuus, «Isin hoo eennu anaan jettan?» jedhee
isaan gaafate.

Pheexroos deebisee, «Ati Masiihii Waaqaa ti»
jedheen.

### *Yesuus Marroo Rakko'oo Fi Du'a Ifii Dubbate (Mat. 16:20-28; Mar. 8:30–9:1)*

21 Achiin duuba Yesuus waan kana eennulle'etti
akka hin hinne jabeessee isaan ajaje.
22 Inni itti dabalee, «Ilmi namaa jaarsolee
biyyaa, sooreyyii hayyootaatii fi barsiisota
seeraatiin tuffatamee guddoo rakkata, hin
ijjeefama, guyyaa sadiin duuba ammoo hin ka'a»
jedhee isaanitti hime.
23 Achiin duuba isaan maraan, «Nami na hord-
ofiisaa barbaadu yoo jiraate, ifi mormatuu ti,
guyyuma guyya'aan fannoo ifii ba'atee, na hord-
ofuu ti.
24 Nami jiruu ifii fayyifatiisaaf barbaadu jiruu
ifii hin balleessa, ammoo yoo naaf jedhee jiruu ifii
balleesse jiruu ifii hin fayyifata.
25 Nami biyya lafaa duudii qabaatee jiruu ifii
yoo balleesse yookiin dhidhise maan isaa baati?
26 Nama anaa fi dubbii tiyyatti fokkifatu, Ilmi
Namaa ulfinna ifii, ulfinna abbaa ifiitii fi ergan-
toota woyyootaatiin yennaa dhufu itti hin fokki-
fata.

27 Ani dhugumaan isinitti hima, namoota as
dhaabbataneeranu kana keessaa adoo hin du'in,
Mootummaa Waaqaa ka dhagganu hin jiran»
jedhe.

### *Jijjiiramiisa Bifa Yesuusii (Mat. 17:1-8; Mar. 9:2-8)*

28 Yesuus waan kana dubbatee, gara guyyaa
saddeetiitiin duuba Pheexroos, Yohaannisii fi
Yaaqoob fudhatee daadimatiisaaf gara gaaraa ol
baye.
29 Adoo inni daadimatiisatti jiruu bifi fuula isaa
jijjiiramee woyaan isaalle adii calalaxxu teete.
30 Dedhuma namooti lamaan Muuse'ee
fi Eliyaas isa woliin dubbatiisatti jiranuun
dhaggane.
31 Isaan ulfinna ol-gubba'aatiin mudhatanee
marroo waan Yesuus du'iisaan Yerusaalemitti
muummessu'uu jiruu dubbatiisatti jiraniiyyu.
32 Pheexroosii fi worri isa woliin jiranu dun-
quuqquu hirriiba irra jiran; yennaa dammaqane
ammoo ulfinna Yesuusiitii fi namoota lamaan ka
isa woliin dhaabbatiisatti jiranu dhaggane.
33 Akkuma namooti lamaan Yesuus lakkisa-
nee deemaneen, Pheexroos Yesuusiin, «Barsiisa'a!
Asitti dhaggamuun keenna waan dansa'a; gosee
sadiin, takkattii si'iif, takkattii Muuse'eef, takkat-
tii Eliyaasiif ijaarra» jedhe; Pheexroos waan dub-
batiisatti jiruuyyuu hin beenne.
34 Adoo inni dubbatiisatti jiruu, duumensi
dhufee gaaddisa ifiitiin isaan golle; barattootille
duumensa keessa yennaa seenane sodaatane.
35 Duumensa keessaa, «Kun Ilma kiyya, ka ani fi-
ladhe; isa dhage'aa!» qoonqoon jettu dhage'ante.

36 Qoonqoon dhage'anteen duuba, Yesuus
qofi jiruun dhaggane. Barattootille cadhisane
malee, waan yennaa san dhaggane mara nama
tokkolle'etti hin hinne.

## *Yesuus Mucaa Ayyaana Hama'aan Qabame Fayyise*

*(Mat. 17:14-18; Mar. 9:14-27)*

37 Guyyaa itti aanu Yesuusii fi barattooti isaa
sadiin yennaa gaara irraa gad bu'anu, gumiin
guddoon Yesuusiin wol dhaggite.
38 Gumii keessaa nami tokko qoonqoo
guddo'oon, «Barsiisa'a! Akka ati ilma tokkocha
kiyya naa laaltuuf, si kadhadha.
39 Ayyaanni hamaan dedhuma itti ka'aa iyy-
isiisa, lafatti isa dhowee wixirachiisee, afaan
isa hoomacheessa; miidhaa tureen duuba farra
jaddu'uun gad lakkisa.
40 Ani akka barattooti teeti baasanuuf kad-
hadhe; isaan ammoo hin dandeenne» jedhe.
41 Yesuus deebisee, «Isin dhaloota dhugeeffan-
naa hin qannee fi jalliyyee kana! Haga yoomii isin
woliin jiraadha? Haga yoomii isin ossadha? Me
mucaa keeti as fidi» jedhe.
42 Adoo mucaan gara Yesuusii dhufiisatti jiruu,
ayyaanni hamaan lafatti isa dhowee wixirachiise.
Yesuus ammoo ayyaana hamaa san xixee, mucaa
fayyisee, abbaa isaatiif deebisee kenne.
43 Kolbaan marti guddinna hunna Waaqaa
baaseffatte.

## *Yesuus Ammalle Marroo Du'aa Fi Du'aa Ka'a Ifii Dubbate*

*(Mat. 17:22,23; Mar. 9:30-32)*

Kolbaan martinuu waan Yesuus hojjate maraa adoo maalalfattuu, inni barattoota ifiitiin,
44 «Dubbii ani isinitti himu tana gurratti fud-
hadha'a! Ilmi namaa dabarfamee harka ilmaan namootaatitti hin kennama» jedhe.
45 Barattooti ammoo dubbii tana hin hubanne.
Hiikkaan isaan duraa waan dhokatteertuuf hubatuu hin dandeenne; dubbii tana isa gaafatiisalle sodaatane.

### *Ka Caalu Eennu? (Mat. 18:1-5; Mar. 9:33-37)*

46 Barattoota oddu'utti isaan keessaa ka caalu
eennu akka te'e wol mormiin kaate.
47 Yesuus yaada isaanii beekee, daa'ima tokko
fuudhee, cinaa ifii dhaabbachiisee,
48 isaaniin, «Daa'ima kana maqaa kiyyaan ka
fudhatu na fudhata; ka ana fudhatu, ka na ergelle fudhata. Nami isin maraa keessaa gade'ee isin maraa caala» jedhe.

### *Ka Isiniin Hin Mormine Golii Teessan (Mar. 9:38-40)*

49 Yohaannis deebisee, «Barsiisa'a, namichi tokko
maqaa keetiin durriisota baasuun dhagginee, waan inni golii teenna te'uu dhabeef, isa dhooggine» Yesuusiin jedhe.
50 Yesuus ammoo, «Ka isiniin hin mormine mara
golii teessan waan te'eef, isa hin dhooggina'a!» jedhe.

### *Ollaan Samaariya'aa Yesuus Fudhatuu Dide*

51 Yennaan Yesuus gara ol-gubba'aa fudhatamu
dhikaannaan, gara Yerusaalemii deemiisaaf muratee ka'e.

52 Gara ollaa Samaariya'aa dhaqanee waan
mara akka isaaf qopheessanuuf, inni ergantoota
ifiin dura erge.
53 Kolbaan ollaa sanii ammoo akka inni gara
Yerusaalemii deemiisatti jiru waan beetteef, isa
fudhatiisa didde.
54 Barattooti isaa Yaaqoobii fi Yohaannis waan
kana yennaa dhaggane, «Gootta'a, ibiddi ol-gubbaa
irraa bu'ee akka isaan balleessu akka ajanyu hin
eeyyantaa?» jedhane.
55 Yesuus ammoo garagalee isaan xixee, [ «Isin
ayyaana attamii irraa akka teetane hin beettanu;
Ilmi Namaa lubbuu namaa fayyisiisaaf malee
balleessiisaaf hin dhunne»]* jedhe.
56 Achiin duuba isaan gara ollaa dhibi'ii ka'anee
deemane.

### *Jara Sadiin Yesuus Hordofiisaaf Barbaadde Takka*

*(Mar. 8:19-22)*

57 Adoo isaan karaa ideemiisatti jiranuu,
namichi tokko Yesuusiin, «Addee ati dhaxxu mara
ani si faana dhaqa» jedhe.
58 Yesuus deebisee, «Jeedalti boolla qaddi; sin-
birreelle mana qaddi; Ilmi namaa ammoo addee
mataa ifii itti irkifatu hin qabu» jedhe.
59 Nama dhibi'iin, «Na hordofi» jedhe.
Nami sun ammoo, «Goottaa, dursee dhaqee ab-
baa kiyya awwaaladha naa eeyyam» jedhe.
60 Yesuus deebisee, «Du'aan du'aa ifii
awwaalatuu ti. Ati ammoo dhaqiitii mootummaa
Waaqaa lallabi» jedhe.

---

* **9:55** Woraabbiin gariin hima kana hin qabu

61 Achiin duuba ammalle nami dhibiin,
«Gootta'a, ani si hordofa; ammoo dursee dhaqee
maatii tiyyaatii nageya akka dhaamuuf naa
eeyyami» jedhe.
62 Yesuus isaan, «Nami qottoo† harkatti qabatee,
ifiin duuba ilaalu mootummaa Waaqaatiif hin
te'u» jedhe.

# 10

## *Yesuus Nama Torbaatamii Lama Erge*

1 Kanaan duuba Goottaan nama torbaatamii
lamaan dhibii filatee, gara qacha'aa fi addee ifii
dhaqu'uuf jiruu mara lamaan lamaaniin ifiin
dura erge.
2 Inni isaaniin, «Midhaan haamamu gudda'aa,
worri haamu ammoo diqqa'a; abbaan midhaanii
worra haamu gara ficha'aa akka erguuf daadi-
madha'a.
3 Amma beena'a! Kunoo ani akka ilmoolee
hoole'ee yayyii odduu isin erga.
4 Korojoo yookiin subba yookiin kophee hin
qabatina'a; eennulle nageya fuudhiisaaf kara'atti
hin dhaabbatina'a.
5 Mana tokko yennaa seentane duraan
dursa'aatii, ‹Nageenni mana kanaaf te'uu!›
jedha'a.
6 Yoo nami nageya jaalatu achi jiraate, nageenni
keessan nama saniif te'uu ti; yoo hin jiraanne,
nageenni keessan isinii deebi'a.
7 Manuma san keessa tura'a; hojjataa tokkoof
mindaan barbaachisaa waan te'eef, waan isaan

† **9:62** *Qottoo:* Qottoon meeshaalee adda addaa ka ittiin lafa qot-
tanu ilaala

isiniif kennanu maraa nyaadha'aa una'a. Manaa gara manaa hin labina'a!
8 Yennaa gara qachaa tokkoo seentanee isin fud-
hatane maraa, waan isiniif kennanu sooradha'a;
9 qachaa san keessatti dhibamaa fayyisa'a;
kolbaa achi jirtulle'een, ‹Mootummaan Waaqaa isinitti dhikaateerti› jedha'a.
10 Ammoo yennaa gara qachaa tokkoo seen-
tanee isin fudhatiisa dhabane mara, kara'atti baya'aatii,
11 isaaniin ‹Bukuu qachaa keessanii ka miila
keennatti qabattelle ifi irraa hin haxowanna; ammoo mootummaan Waaqaa akka dhikaatte beeka'a!› jedha'a.
12 Ani isinitti hima, guyyaa mura'aa worra
qachaa saniitiin irra worra Sodoomiitiif kaso'o» jedhe.

### *Qachoota Hin Dhugeeffanne (Mat. 11:20-24)*

13 Yesuus ede'ee, «Aannee si'iif, Koraaziin! Aan-
nee si'iif, Betsayida'a! Bilbaasi Waaqaa ka si keessatti godhame, adoo Xiiroosii fi Sidoonaa keessatti godhamee jiraatee, silaa kolbaan uffana gaddaa uffattee, daadhaa keessa teetee duruu araara galteertiiyyu.
14 Guyyaa mura'aa isin caalaa Xiiroosii fi
Sidooniif kasoo teeti.
15 Qifirnaahoom ati haga ol-gubba'aa ifi ol
qabuu barbaaddaa? Maarre gara boolla qile'ee gad gatanta.
16 «Ka isin dhage'u na dhage'a; ka isin didu na
dida; ka ana didu ka ana erge dida» jedhe.

### *Worri Torbaatamii Lamaan Addee Dhaqanee Deebi'ane*

17 Worri torbaatamii lamaan gammada
gudda'aan deebi'anee dhufanee, «Goottaa, yennaa
nuuti maqaa keetiin ajajne durriisotille nu'uuf
ajajamane» jedhaneen.
18 Yesuus deebisee, «Seexanni akka balaqqeetti'ii
ol-gubba'aa bu'uun dhagge.
19 Ani akka isin dhudhuufa'aa fi makka* irra
ideentanu, hunna diinotaa maralle akka injifat-
tanu baallii isiniif kenneera; womaa isin hin mi-
idhu.
20 Te'uu malee, maqaan keessan ol-gubba'atti
waan barreeffameef gammada'a malee, ayyaanni
hamaan waan isiniif ajajameef hin gammad-
ina'a» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Gammade*
### *(Mat. 11:25-27; 13:16,17)*

21 Yennuma sanitti, Yesuus gammada Ayyaana
Woyyichaatiin guutamee, «Abbaa kiyya, Goottaa
ol-gubba'aatii fi lafaa! Waan kana worra qa-
roole'ee fi beettota dhossitee worra wo hin been-
neef† waan mudhitteef si galateeffadha. Ee, Ab-
baa, wonni sun akka teetuuf waan ati itti gam-
madde.
22 «Abbaan kiyya waan mara dabarsee natti ken-
neera. Abbaa isaa qofattuu beeka malee, ilmi
eennu akka te'e ka beeku hin jiru; Ilma isaatii
fi worra Ilmi isaa itti mudhisuu barbaadettuu
abbaa beeka malee, abbaan eennu akka te'e ka
beeku hin jiru» jedhe.

---

* **10:19** *Makka:* Gaadduu, qaajjibbuu † **10:21** *Worra wo hin beenneef:* Ijoolle'eef **10:22** Yoh. 3:35; 10:15

23 Achiin duuba gara barattoota ifii garagalee
qofii isaaniititti, «Ilti waan isin dhaggitanu dhag-
gitu ta eebbifante.
24 Raagotaa fi moototi hedduun waan isin
dhaggitane dhaggiisaaf, waan isin dhageettane
dhage'iisaaf halchanee, ammoo akka hin dhaggin
yookiin hin dhage'in isinitti hima» jedheen.

*Mammaassa Namicha Samaariya'aa*

25 Beekaan seera Muuse'ee tokko Yesuus
waan jedhu ilaaliisaaf ol ka'ee, «Barsiisa'a, jiruu
bara baraa dhaggatiisaaf maan godhuu na
barbaachisa?» jedhe.
26 Yesuus deebisee, «Seera Muuse'ee keessatti
maanti barreeffameera? Attamitti dubbittee hi-
itta?» jedhe.
27 Namichille, «Goottaa Waaqa keeti gadhaa
keeti tokkochaan, lubbuu teeti takkatti'iin, hunna
teeti takkatti'iin, qalbii teeti takkatti'iin jaaladhu;
akkuma ifi jaalattu ollaa keetille jaaladhu» jedhe.
28 Yesuus, «Sirri'itti deebiteerta; yoo tana goote
jiruu bara baraa hin dhaggatta» jedhe.
29 Beekkichi Seera Muuse'ee ammoo akka waan
nama balchaa te'ee ifi mudhisiisa barbaadee, «Ol-
laan kiyya kam inni?» jedhee gaafate.
30 Yesuus deebisee, «Nami tokko Yerusaalemii
gara Yeriko'oo adoo gad deemuu worri nama
saamu isa lolee, waan inni qabu mara irraa
mulqee, dikee, lubbuu qofa keessatti lakkisee bi-
raa deeme.
31 Hayyuun tokko karaa san adoo dabaruu, yen-
naa namicha dhagge ammoo, irraa goree dabare.

**10:25** Mat. 22:35-40; Mar. 12:28-34

32 Nami gosa Lewwi'ii tokkolle karuma san
achi dhufee, yennaa namicha dhagge, irraa goree
dabare.
33 Nami Samaariya'aa tokko ammoo, ka karaa
san deemu irra dhufee, yennaa isa dhagge nayeef.
34 Itti hiiqee, madaa isaatitti zayiti'ii fi daadhii
woyni'ii naqee hidheef; achiin duuba geejjiba ifii
gubbaa teessisee, gara mana keessummaan bul-
tuu isa geessee, achitti qarqaare.
35 Guyyaa itti aanu dinaara lama fuudhee
namicha mana keessumma'aa eegutti kennee, ‹It-
tiin qarqaar; yennaa karaa kana deebi'u, kana
caalaalle yoo baatteef, si'iif hin kenna› jedheen»
jedhe.
36 Achiin duuba Yesuus, «Jara sadiin kana
keessaa, akka ollaa tokkootitti namicha jara
nama saantu afaan bu'e san ka qarqaare kam
sitti fakkaata?» jedheen.
37 Beekaan Seera Muuse'ee, «Ka marareef» jed-
hee deebise.
Yesuus isaan, «Atille dhaqii, akkasuma tolchi»
jedhe.

### *Yesuus Mana Maarta'aatii Fi Maariyaamiititti*

38 Yesuus barattoota ifii woliin ideemaatuma
gara ollaa tokkoo yennaa dhufe, dubartiin Maar-
taa jedhantu takka mana ifiititti isa fudhate.
39 Isiin obboleettii Maariyaam jedhantu takka
qaddi; Maariyaamiin sun miila Yesuusii jala teet-
tee dubbii isaa caqasiisatti jirtiiyyu.
40 Maartaan ammoo hujiin mana keessaa waan
itti heddatteef, gara isaa dhuttee, «Gootta'a, ob-
boleettiin tiyya akka ani callaan hujuuf yennaa

isiin qofuu na lakkittu cadhittee ilaalta? Akka
isiin dhuttee na gargaartuuf itti himi» jette.
41 Goottaan deebisee «Maarta'a, Maarta'a! Ati
waan hedduu yaadaa rakkata,
42 ka barbaachisu ammoo waan tokkocha
calla'a. Maariyaamiin waan dansaa filatteerti,
isii irralle'ee hin fudhatamu» isi'iin jedhe.

# 11

### *Yesuus Marroo Daadimataa Barsiise (Mat. 6:9-13; 7:7-11)*

1 Gaafa tokko Yesuus addee takkatti daadi-
matiisatti jiraayyu; yennaa inni daadimatee ka'e,
barattoota isaa keessaa tokkochi isaan, «Gootta'a,
Yohaannis barattoota ifii daadimatiisa akkuma
barsiise, atille daadimatiisa nu barsiisi» jedhe.
2 Yesuus isaaniin, «Yennaa daadimattanu tana
jedha'a:
«‹Abbaa keenna, [ka ol-gubbaa jirtu]
Maqaan keeti woyyoomu;
Mootummaan teeti dhuttu.
[Fedhiin teeti akkuma ol-gubba'atti teete,
lafa irralle'etti teetuu.]
3 Sagalee nuu barbaachittu
guyyuma guyya'aan nuu kenni.
4 Akkuma nuuti worra nu yakkuuf araarannu,
cubbuu teenna nuu araarami;
[hantuu irraa nu eegi malee],
ataabe'etti nu hin galchin!› jedha'a» jedhe*.
5 Achiin duuba Yesuus ede'ee «Isin keessaa nami
tokko lansa yoo qabaate, halkan wodhakkaa gara

* **11:4** Woraabbiin durii gariin, hima yookiin yaada laakkossa 2-4 keessatti dalleya keessa jiru mara hin qabu

lansa ifii dhaqee ‹Lansa kiyya, daabboo xaltaa sad
naa liqeessi.
6 Lansi kiyya karaa deemaa ammuma tana natti
goree waan itti kennu dhabeera› yoo jedheen,
7 lansi isaa sun mana keessa tee'ee, isaan ‹Ana
hin rakkisin! Balbalti cufantee, ijoolleen tiyyalle
na woliin taqee irra ratteerti. Ani ka'ee womaa
si'iif kenniisa hin dande'u› hin jedhaa?
8 Ani isinitti hima, lansa isaa waan te'eef ka'ee
womaa isaaf kennuu dhabulle, adoo hin fokki-
fatin itti deddeebisee waan isa kadhateef, ka'ee
waan isaa barbaachisu mara hin kenna.
9 «Maarre ani isiniin jedha: gaafadha'a isiniif
hin kennanti; barbaada'a hin dhaggattani; dhod-
howa'a balbalti isiniif hin bananti.
10 Ka gaafatu maraa hin fudhata; ka barbaadu
maraa hin dhaggata; ka dhodhowu maraaf bal-
balti hin bananti.
11 Isin keessaa abbaa ka te'e, ilmi isaa [daab-
boo yoo gaafate dhakaa ka kennuuf eennu?]†
Qurxummii yoo gaafate dhudhuufaa ka kennuuf
eennu?
12 Yookiin yoo inni quuphaa gaafate qaajjibbuu
hin kennaafii?
13 Isin adoo hamoota teetanuu, waan dansaa
ijoollee teessaniif kenniisa yoo beettane, Abbaan
keessan ka ol-gubbaa jiru, attam caalchisee worra
isa gaafatuuf Ayyaana Woyyicha kennuu dhaba!»
jedhe.

### *Yesuusii Fi Bi'el Zebul*
### *(Mat. 12:22-30; Mar. 3:20-27)*

---

† **11:11** Woraabbiin gariin yaada dalleya keessa jiru kana hin qabu

14 Yesuus durriisa duudaa tokko baase. Yen-
naa durriisi baye, namichi dubbatiisa jalqabe;
namootille baaseffatane.
15 Namooti gariin ammoo, «Inni hunna Bi'el Ze-
bulii mooticha durriisotaatiin durriisota baasa»
jedhane.

16 Worri dhibiin Yesuus haga ilaaliisaaf bar-
baadanee, beessisa tokko ol-gubbaa irraa akka
isaanitti mudhisu gaafatan.
17 Yesuus ammoo waan isaan yaadatane bee-
kee, isaaniin, «Mootummaan takka wol mormitee
yoo gargar ifi qoodde, mootummaan sun hin
baddi; maatiin takka yoo gargar ifi qoodde, manni
sun hin diigama.
18 Maarre Seexanni wol mormee yoo gargar ifi
qoode, mootummaan isaa attamiin dhaabbatuu
dandeetti? Waan isin anaan, ‹Inni hunna Bi'el
Zebuliitiin durriisota baasa› jettaneef tana jedhe.
19 Yoo ani hunna Bi'el Zebuliitiin isaan baase,
ijoolleen‡ teessan eennuun baasan? Tanaaf
ijoolleen teessanuu isinitti murti.
20 Yoo ani hunna Waaqaatiin durriisota ka
baasu te'ee, akka mootummaan Waaqaa gara
keessan dhutteertu beeka'a.

21 «Nami jabaan tokko, meya woraanaa mara
hidhatee, mana ifii yennaa eeggatu, qabeenni isaa
marti hin eegamaaf.
22 Ammoo ka isa caalaa jabaatu yennaa isa lolee
injifate, meya lolaa ka inni addatu maraayyuu
irraa fudhata, karra dannabe sanille hin qooda.

**11:16** Mat. 12:38; 16:1; Mar. 8:11 ‡ **11:19** *Ijoolleen:* Hordofattooti

23 Eennulle ka golii tiyya hin te'in na morma;
eennulle ka na woliin wolitti hin qanne hin bittin-
neessa.

### *Bayee Deebi'iisa Ayyaana Hama'aa (Mat. 12:43-45)*

24 «Ayyaanni hamaan nama keessaa yennaa
bawu, addee itti foorfatu barbaadatiisaaf, lafa
bisaan hin jirre keessa deddeebi'a; addee barbaa-
datee yoo dhagguu dhabe, ‹Mana kiyya ka keessaa
bayetti deebi'a› jedha.
25 Yennaa deebi'u, manni haxowamee qulqul-
loweeruun dhagga.
26 Achiin duuba ayyaanota hamoota torba ka isa
caalaa hamaa te'ane dhaqee fida; isaanille dhufa-
nee achi le'an. Jireenni namichaa ka duubaa ka
duraa caalaa ka hammaate te'a» jedhe.

### *Eebba Dhuga'aa*

27 Yesuus adoo tana dubbatiisatti jiruu, gumii
keessaa dubartiin takka qoonqoo ol qabattee,
«Gadaamessi si ba'atee fi harmi ati hoote§ ka bad-
haadhane» jette.
28 Inni ammoo deebisee, «Worri jecha Waaqaa
dhage'ee ajajamuuf caalaa ka badhaadhe!» jedhe.

### *Kolbaan Beessisa Gaafatte (Mat. 12:38-42; Mar. 8:12)*

29 Kolbaan hedduun gara isaa dachaateertuun,
Yesuus, «Dhalooti kun dhaloota hama'a; isaan
beessisa gaafatan, ammoo beessisa Yoonaasii
raagichaa malee ka dhibiin tokkolle hin kenna-
muuf.

---

§ **11:27** *Gadaamessi si ba'atee fi harmi ati hoote:* Haati si deettee hoositte

30 Raagichi Yoonaas kolbaa Nanawwe'eetiif
beessisa akka te'e ilmi namaalle dhaloota adhaa
kanaaf beessisa hin te'a.
31 Moototttiin kibbaa guyyaa mura'aa dhaloota
adhaa kana woliin kaatee, isaanitti hin murti.
Isiin qaccee biyya lafaatii qaruu Solomoonii
caqasiisaaf dhutte; amma kunoo ka Solomoon
caalu as jira.
32 Kolbaan qachaa Nanawwe'ee guyyaa
mura'aa dhaloota kana woliin kaatee isinitti hin
murti; kolbaan Nanawwe'ee lallaba Yoonaasii
dhageettee cubbuu irraa deebiteerti. Kunoo ka
Yoonaas caalu as jira.

*Ifa Nafaa*
*(Mat. 5:15; 6:22-23)*

33 «Eennulle ifa issee, addee hin mudhannetti
yookiin qorii jala ka keyu hin jiru; namooti yen-
naa mana seenanu akka dhagganu addee mud-
hatu keya.
34 Ilti teeti ifa nafa keetii ti; ilti teeti fayyaa
yoo teete, nafi keeti duudiin ifaa te'a; ammoo
ilti teeti dhukkudduu yoo teete nafi keeti duudiin
dukkanowaa te'a.
35 Tanaaf ifi si keessa jiru akka hin
dukkanoonne ifi eegadhu.
36 Nafi keeti duudiin ifa yoo qabaate, mad-
diin takkaalle dukkana keessa yoo hin jiraatin,
akkuma yennaa ifi ifa ifii sitti issu te'u, nafi keeti
duudiin ifaalessa te'a» jedhe.

*Yesuus, Fariisaayotaa Fi Barsiisota Seera Muuse'ee Komate*

37 Yesuus yennaa dubbatee ka'e, Fariisaayichi
tokko sagalee nyaatiisaaf gara mana ifii isa

waame; maarre inni nyaatiisaaf gara mana isaa dhaqee tee'e.
38 Fariisaayichi sun Yesuus adoo harka hin dhiqatin nyaataaf akka tee'e yennaa dhagge maalalfate.
39 Maarre Goottaan isaan, «Isin Fariisaayoti muduunuu itti untanuu fi qorii itti nyaattanu gubbaa qulleessitan, keessi keessan ammoo joljolumma'aa fi hammeennaan guutameera.
40 Gowwoole'e! Waaqi gubbaa dade keessa hin dannee?
41 Ammoo waan muduunu'uu fi qorii keessa jiru hiyyeeyyi'iif kenna'a, wonni duudiille isiniif hin qulqulloonti.
42 «Isin Fariisaayotaaf aanne'e! Isin ashuuda'aa fi sugattee* irraa, akkasuma waan ficha'atti dhaabattane duudii irraa kudhan keessaa tokko Waaqaaf kennitan, dhuga'aa fi jaalala waaqaa ammoo hin lakkittan. San adoo gootanuu tanalle worra dhibi'iif godhiisa lakkisuu hin malle.
43 Isin Fariisaayotaaf aanne'e! Isin Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barcumaa ulfinnaa, addee dikko'ootille'etti nageya ulfinnaa akka isin fuudhanu jaalattan.
44 Isin irreensa† beessisa hin qanne ka namooti adoo hin beekin irra deemanu waan fakkaattanuuf isiniif aanne'e!» jedhe.
45 Beekaan Seera Muuse'ee tokko, «Barsiisaa, ati yennaa tana dubbattu be nu'ulle arrassaarta» jedheen.
46 Yesuus deebisee, «Isin beekkolee Seera Muuse'eetiif aanne'e! Isin ba'aa ulfaattuu dudda

---

* **11:42** *Sugattee:* Sukuttee † **11:44** *Irreensa:* Irreensa

kolba'aatitti feetan, ifii ammoo quballe'een hin tuxxanu.
47 Isin raagota abbootiin teessan ijjeetteef irreensa waan ijaartanuuf, isiniif aanne'e!
48 Isin waan abbootiin teessan hujjetti wolii galtane; isaan raagota ijjeesanee, isin irreensa isaanii ijaartanee mirkaneessitane.
49 Marroo tanaaf beekkumsi Waaqaa, ‹Ani raagotaa fi ergantoota isaanitti erga; isaan garii hin ijjeesan kaan hin ari'an› jedha.
50 Maarre haga latti dadanteen jalqabee dhiiga raagota maraa ka jigeef dhalooti kun hin gaafatama.
51 Dhiiga Abeeliitiin jalqabee haga dhiiga Zakaariyaasii wodhakkaa addee ciinca'aatii fi Galma Waaqaatitti ijjeesanee, ani dhugumaan isinitti hima, dhiiga isaan maraatiif dhalooti kun hin gaafatama.
52 Isin beekkoleen Seera Muuse'ee, furtuu balbala beekkumsaa kolbaa duraa waan fuutaneertanuuf, isiniif aanne'e! Isin ifiif hin seenne, worra seeniisaaf barbaadulle hin dhooggitan» jedhe.
53 Yesuus yennaa achii deeme, barsiisoti Seera Muuse'eetii fi Fariisaayoti guddoo moromanee, gaaffii marroo waan heddu'uu isa gaafatanee,
54 dubbii inni dubbatuun isa qabiisaaf gaadane.

# 12

### *Kijiba Irraa If Eeggachiise (Mat. 10:26-27)*

1 Yennaa san gumiin kuma heddu'utti
laakkowantu haga wol irra i'ijjattutti yennaa
wolitti qabante, Yesuus dursee barattoota ifiitiin,

«Uukoo worra Fariisaayotaa, jechuun kijiba isaanii irraa ifi eegadha'a.
2 Wonni gollaa jiru maraa hin mudhata, wonni dhossaa jiru maraa hin beekkama.
3 Tanaaf wonni isin dukkana keessatti dubbattane, ifa guyya'aatitti bayee hin dhage'ama, wonni isin diinqa cufamaa keessatti qofuu haasottane guutuu manaa irratti hin lallabama» jedhe.

### *Ka Sodaatamu'uuf Male (Mat. 10:28-31)*

4 «Jaalota tiyya, ani isinitti hima; worra isin* ijjeesee ammoo waan badduu dhibii tana caalaa hujuu hin dandeenne hin sodaatina'a.
5 Ani ka sodaatiisaa maltane isinitti mudhisa: Ka ijjeeseen duuba, ibidda bara baraatitti gatiisaaf baallii qabu, Waaqa sodaadha'a. Ee, ani isinitti hima isa callaa sodaadha'a!
6 «Sinbirrooti didiqqoon shanan saantimii lamaanitti† gurgurantii motii? Te'uu malee isaan san keessaa takkattiin Waaqa duratti dedhantee hin jirtu.
7 Rifeensi mataa keessaniituu maraa laakkowameera. Maarre hin sodaatina'a; isin sinbirroota didiqqoo san caalaa gatii guddoo qaddan.

### *Marroo Kiristoosii Dhugaa Bayiisa (Mat. 10:32-33; 10:19-20)*

8 «Ani isinitti hima, eennulle nama dhibii duratti ka naaf dhugaa bayu, Ilmi Namaalle ergantoota Waaqaa duratti akkasuma isaaf dhugaa baya.

---

* **12:4** *Isin:* Foon yookiin nafa † **12:6** *Saantimii lamatti:* Saantimii kudhanitti

9 Ammoo nama duratti ka na mormatu, ergan-
toota Waaqaa duratti hin mormatama.
10 Eennulle Ilma Namaa mormee dubbii ka
dubbatu araara hin dhaggata; ammoo eennulle
Ayyaana Woyyicha mormee ka faanshessu araara
hin dhaggatu.
11 «Yennaa isaan Mana Waaqonfannaa Yihu-
dootaatitti, bulchitoota fi worra baallii qabu du-
ratti, murti'iif isin geessane, attam akka falmat-
tanu yookiin maan akka dubbattanu hin yaad-
ina'a.
12 Yennuma san Ayyaanni Woyyichi waan isin
dubbatu'uuf maltane isin barsiisa» jedhe.

## *Gowwummaa Namicha Dureessaa Tokkoo*

13 Gumii keessaa nami tokko, Yesuusiin, «Bar-
siisa'a, dhaala abbaa keennaa, akka naaf qoodu
obboleessa kiyyatti himi» jedheen.
14 Yesuus deebisee, «Jaali, akka ani isin irratti ab-
baa mura'aa yookiin qooddu dhaalaa te'u eentu
na fowe?» jedhe.
15 Itti aansee inni isaan maraanuu, «Jireenni
namaa baceenna karraatiinii moti; tanaaf ilaal-
ladha'a, joljolummaa maraa irraa ifi eegadha'a»
jedhe.
16 Achiin duuba Yesuus isaanitti mammaakee,
«Namichi dureessi ka fichaa midhaan hedduu
baase qabu tokko jira.
17 Inni ‹Addee midhaan kiyya kana mara itti
galchu hin qabu. Maan godha?› jedhee yaadate.
18 ‹Akkana godha› ifiin jedhe; ‹Gootaraa kiyya
maraa diigee ka dhibii gugurdaa ijaara, achitti

**12:10** Mat. 12:32; Mar. 3:29

midhaan kiyyaa fi meya kiyya ka dhibii maralle galfadha.
19 Achiin duuba ani ifiin, Waan dansaa woggaa heddu'uuf sii barbaachisu mara hin qadda; foorfadhu, nyaadhu, uni, ifi gammachiisi!› jedha.
20 Waaqi ammoo isaan, ‹Ati gowwa'a! Edanuma tana lubbuun teeti fudhatanti; waan ati ifiif kuufatteertu kana mara eentu fudhata?› jedhe.
21 «Nami lafa tana irratti ifiif karra kuufatu, Waaqa duratti ammoo ka dureessa hin te'in akkasuma te'a» jedhe.

### *Waaqatti Addatiisa (Mat. 6:25-34)*

22 Yesuus barattoota ifiitiin, «Maarre ani isinitti hima, jireenna keessaniif maan nyaanna yookiin nafa keessanitti maan uffanna jettanee hin yaadina'a.
23 Jireenni nyaata caalaa, nafi woyaa caalaa guddoo barbaachisa'a.
24 Me harraaqessoota ilaala'a: isaan midhaan hin facaasanu yookiin haamanee hin galchanu; addee midhaan itti galchanu yookiin gootaraa hin qabanu; Waaqi isaan nyaachisa. Isin guddoo sinbirroota caaltan!
25 Isin keessaa nami tokko haga fedhe itti yaadee le'ii ifii diqqumalle ka dheereffatuu dande'u eennu?
26 Yoo waan diqqoo akkanaa kanaayyuu dandeettanee hin goone, maaf marroo waan dhibi'iitiif yaaddan ree?
27 Daraaroti attam akka guddatanu ilaala'a: Isaan hin hujatanu yookiin woyaa ifiif hin dhowatanu. Ammoo ani isinitti hima,

Solomooniin mootichinuu ulfinna ifii maraan woyaa akka daraarota sanii dansittii hin uffanne.
28 Waaqi marra adha mudhatee, boru ibiddatti gatamu yoo akkas seesee itti uffise, isin fa'a attam caalchisee uffisuu dhaba. E, isin worra dhugeeffannaa diqqo'oo!
29 «Tanaaf ‹Maan nyaanna? Maan unna?› jedhaa yaadaan hin rakkatina'a.
30 Kolbaan lafa tanaalle waan kana dhaggatiisaaf itti yaadaa rakkatti. Tun marti akka isinii barbaachittu Abbaan keessan ka ol-gubba'aa hin beeka.
31 Addee tanaa, mootummaa Waaqaa barbaada'a, tun marti isiniif hin dabalanti.

### *Durummaa Ol-gubba'aa (Mat. 6:19-21)*

32 «Gumii diqqo'o, Abbaan keessan mootummaa ifii isinii kenniisaaf waan jaalateeruuf, hin sodaatina'a.
33 Waan qaddanu mara gurgura'aatii beesee worra hiyyeeyyi'iif kenna'a. Subba beese'ee ka hin dulloonne qopheeffadha'aatii beesee teessan addee hattuun hin dhaqqannee fi biliin hin balleessine ol-gubba'atti maffadha'a.
34 Addee beeseen teessan jirtu gadhaan keessanille hin jiraata» jedhe.

### *Tajaajiltoota Dammaxxuu (Mat. 24:45-51)*

35 Yesuus itti aansee, «Huji'iif hidhadha'aatii qophowa'a, ifa keessanille iffadha'a!

**12:35** Mat. 25:1-13

36 Tajaajiltoota goottaan isaanii jila fuudhaatii
deebi'u eegatanu fakkaadha'a. Yennaa inni
dhufee balbala dhodhowe, isaan yoosuma hin
banan.
37 Tajaajiltooti goottaan isaanii yennaa deebi'u
dammaqaneeranuun dhaggu, ka eebbifamane.
Ani dhugumaan isiniin jedha, inni woyaa ifii
caccaffatee, addee nyaataa isaan teessisee hin
areera.
38 Halkan wodhakkaa yookiin fuullee bari'ii yoo
dhufelle, worri qophowaneeranuun inni dhaggu
ka eebbifamane!
39 Ammoo tana beeka'a: abbaan manaa saatii
hattuun itti dhuttu adoo beekee, hattuun mana
isaa cassitee akka seentuuf hin lakkisu.
40 Ilmi Namaalle saatii isin isa hin eennetti
waan dhufuuf, isinille qophowa'aatii eegadha'a!»
jedhe.

### *Tajaajilaa Addatamaa Yookiin Ka Hin Addatanne*
### *(Mat. 24:45-51)*

41 Pheexroos, «Gootta'a, mammaassa kana
nu'uuf dubbatta moo yookiin nama maraafuu?»
jedhee gaafate.
42 Goottaan deebisee, «Tajaajilaan addatama'aa
fi qaroon, ka goottaan isaa akka inni maatii isaa
sirri'itti bulchuu fi tajaajiltoota isaatiif sagalee
yenna'aan akka kennuuf itti gaafatamummaa
kennu kam ree?
43 Tajaajilaan goottaan isaa yennaa deebi'ee
dhufu akkanuma hojjatiisatti jiruun dhaggu sun
ka eebbifame!

**12:36** Mar. 13:34-36

44 Dhugumaan isiniin jedha, goottaan tajaaji-
laa san karra ifii mara irratti itti gaafatamaa hin
godha.
45 Ammoo tajaajilaan sun, ‹Goottaan kiyya
dafee hin dhufu hin tura› jedhee yaadatee,
nyaataa unaa, machowaa tajaajiltoota dhiiraatii
fi dubarti'ii dhaaniisatti yoo ka'e,
46 goottaan isaa guyyaa inni hin eennee fi saatii
inni hin beennetti deebi'ee hin dhufa, isa hin cic-
cira, qooda isaalle worra hin dhugeeffanne woliin
godha.
47 «Fedhii goottaa ifii adoo beekuu tajaajilaan
hin qopheeffanne, yookiin ajaja goottaa ifii hin
muummessine akka malee hin dhaanama.
48 Ammoo tajaajilaan fedhii goottaa ifii beekuu
dhabiisaan, waan isa dhaansisu yoo huje,
diqquma dhaanama. Nama wonni guddoon
itti kennante irraa waan guddo'otti barbaadama;
nama maganneen guddoon itti kennante irraa ka
caalu hin barbaadama» jedhe.

### *Namooti Sababa Yesuusiitiif Gargar Bayane (Mat. 10:34-36)*

49 «Ani ibidda lafatti buusiisaaf dhufe, adoo du-
ruu bobeeffamee jiraate ani attam halchaayyu!
50 Ani cuuphama cuuphamaaru tokko qaba,
haga inni muummowutti ani attam rakkadha!
51 Biyya lafaatiif nageya buusiisaaf waan dhufe
na seetanii? Waawwoo, gargar bayiisa malee
nageyaa moti.
52 Ammaa jalqabanee maatiin mana tokkoo
shanan, sadiin lamaaniin wol mormanee lamaan
sadiiniin wol mormanee gargar hin bayan.

53 Abbootiin ijoollee ifii, ijoolleen abbootii
ifii, haati intala ifii, intaltille haadha ifii, haati
sodda'aa niitii ilma isi'ii, niitiin ilma isi'ii haadha
sodda'aa woliin mormanee gargar bayan» jedhe.

### *Yennaa Beekiisa*
### *(Mat. 16:2-3; 5:25-26)*

54 Yesuus kolba'aan, «Isin yennaa duumensi
karaa aduun seentuun dhufe, yennuma san bok-
keenni roobaara jettan; hin rooballe'e.
55 Yennaa qilleensi gara gadii‡ dhowu dhaggi-
tanu, o'i dhufaara jettan; akkasuma te'a.
56 Isin kijiboole'e! Waan lafaatii fi duumen-
saa ilaaltanee himuu hin dandeettan; maaf waan
bara kanaa hin beekin ree?

### *Mormitoota Teessaniin Wolii Gala'a*
### *(Mat. 5:25-26)*

57 «Isin waan dhugaa te'e ifumaa maaf hin
murre?
58 Nami tokko si himatee gara abbaa seeraa si
geessiisaaf yoo ka'e, adoo abbaa seeraa dura hin
geyin kara'attuu isa woliin wolii galiisaaf wod-
haan. Yoo hin wodhaanin gara abbaa seeraa
harkisee si geessa, abbaan seeraalle bulchaa
mana hidha'aatitti dabarsee si hin kenna, innille
gara mana hidha'aa si galcha.
59 Ani sitti hima, saantimiin cadduulle adoo hin
hafin haga kaffaltutti ijjumaa hin baatu» jedhe.

# 13

### *Cubbuu Irraa Ka Hin Deebine Hin Bada*

1 Yennaa san namooti gariin gara Yesuusii
dhufanee, marroo worra Galiila'aa ka adoo

‡ **12:55** *Gara gadii:* Kibbaa

Waaqaaf woreega woreegiisatti jiranuu, Philaaxoos ijjeesisee dhiiga isaanii woreega isaanii woliin makee itti himane.
2 Yesuus deebisee, «Worri Galiila'aa kun, worra
Galiila'aa kaan mara caalaa cubbaaleyyii waan te'aneef akkas rakkatane isinitti fakkaataa?
3 Waawwoo! Ani isinitti hima, isin martinuu
yoo cubbuu teessan irraa deebi'uu dhaddane, akkuma isaanii hin baddan.
4 Yookiin worri kudhanii saddeeti ka Siilo'amitti
xelleephoon dhaka'aa dheertuun itti jiddee fixxe, worra Yerusaalem keessa le'u mara caalaa yakkaameyyii isinitti fakkaataa?
5 Waawwo'o! Ani isinitti hima; isinille cubbuu
teessan irraa yoo deebitane malee, isin martinuu akkuma isaanii hin baddan» isaaniin jedhe.

## *Mammaassa Muka Harru'uu Ka Midhaan Hin Buunnee*

6 Achiin duuba Yesuus mammaassa kana
isaanitti mammaakee, «Namichi fichaa ifii keessatti muka harru'uu dhaabbateeru tokko jira. Inni midhaan isii irraa barbaadatiisaaf dhaqee womaa irraa dhabe.
7 Maarre inni namicha fichaa isaa hujuun, ‹Ilaa,
ani muka harru'uu kana irraa midhaan barbaadatiisaaf woggaa sad dhufeera; ammoo haga ammaa womaa irraa hin dhagganne. Isii muri, maaf lafa balleessiti?› jedhe.
8 Namichi sun ammoo deebisee, ‹Gootta'a, me
woggaa tanaaf lakkis; jala qotee kosii jalatti naqa.
9 Bara dhufu midhaan yoo buutte dansa'a! Am-
moo yoo buusuu dhadde hin murta!› jedheen» jedhe.

### *Yesuus Guyyaa Sanbataa Dubartii Gugguutte Fayyise*

10 Yesuus Guyyaa Sanbataa Mana Waaqonfan-
naa Yihudootaa keessatti barsiisiisatti jiraayyu.
11 Dubartiin woggaa kudhanii saddeeti
ayyaanni hamaan gugguussiseeru takkalle achi
jirtiiyyu. Isiin akka malee gugguuttee qajeeltee
dhaabbatuu hin dandeenne.
12 Yesuus yennaa isii dhagge gara ifii isii
waamee, «Dubarti'i, ati dhibee teeti irraa
fayyiteerta» jedhe.
13 Harka ifiille isii irra keyee, isiin yennuma san
qajeeltee dhaabbattee Waaqa galateeffatte.
14 Sooressi mana Waaqonfannaa Yihudootaa
waan Yesuus guyyaa Sanbataatiin fayyiseef
aaree, kolba'aan, «Guyyooti huji'ii jaan jiran.
Maarre guyyoota san kowa'aatii fayyifama'a
malee, guyyaa Sanbataatiinii moti» jedhe.
15 Goottaan deebisee, «Isin kijiboole'e, isin
keessaa guyyaa Sanbataatiin qotiyyoo yookiin
harree addee hidha'aatii hiikee geessee ka bisaan
hin obaanne eennu?
16 Amma dubartiin sanyii Abrahaamii teetu
tun, ta woggaa kudhanii saddeeti Seexanaan hid-
hantee turte, guyyaa Sanbataatiin hiikamu'uu hin
mallee ree?» jedheen.
17 Dubbii tana yennaa inni dubbate, worri isa
mormu mara qaanowe; kolbaan ammoo kancira
inni huje maratti gammadde.

### *Mammaassa Midhaan Sanaafici'ii (Mat. 13:31-33; Mar. 4:30-32)*

18 Achiin duuba Yesuus «‹Mootummaan
Waaqaa maan fakkaatti? Maaniin isii wol
fakkeessina?› jedhee gaafate.
19 Isiin akka sanyii sanaafici'ii ta nami
tokko fuudhee fichaa ifii keessatti dhaabeen
guddattee muka guddaa teetee, sinbirreen
dhuttee dameelee isi'ii irratti mana ijaarrattuu
fakkaatti» jedhe.

### *Mammaassa Uuko'oo (Mat. 13:33)*

20 Yesuus ammalle, «Mootummaa Waaqaa
maaniin wol fakkeessa?
21 Isiin akka uukoo dubartiin takka fuutee bul-
laa guddo'oon* mattee, uukoon sun isii mara bu-
keessituu fakkaatti» jedhe.

### *Balbala Dhiphoo (Mat. 7:13-14,21-23)*

22 Yesuus gara Yerusaalemii adoo dhaquu,
qachootaa fi olloota keessatti kolbaa barsiisaa
dabare.
23 Nami tokko, «Gootta'a, ka fayyu kolbaa
diqqo'oo?» jedhee gaafate.
24 Yesuus deebisee, «Balbala dhipho'oon seeni-
isaaf mixiixxadha'a; ani isinitti hima; namooti
hedduun seeniisaaf wodhaanan; ammoo hin
dande'anu.
25 Abbaan manaa ka'ee balbala cufeen duuba,
isin ala dhaabbatanee balbala dhodhowaa, ‹Goot-
taa keenna balbala nu'uuf bani!› jettanee hin
waantan; inni ammoo deebisee, ‹Isin eessaa akka
dhuttane ani hin beeku› isiniin jedha.

---

* **13:21** *Bullaa guddo'oon:* Kitaab Afaan Giriikii waan ittiin sa-faranu sadiin jedha

26 «Achiin duuba isin deebittanee, ‹Si woliin
nyaannee unneerra; karaa keenna irralle'etti bar-
siitteerta› jettan.
27 Inni ammoo, ‹Eessaa akka isin dhuttane ani
hin beeku; isin dabaaleyyiin martinuu ila tiyya
duraa deema'a!› jedha.
28 Mootummaa Waaqaa keessatti, Abrahaam,
Yisihaq, Yaaqoobii fi raagota mara dhaggitanee,
isin alatti yennaa gatantane, achitti bowaa ilkaan
qartan.
29 Kolbaan gara aduun baatuu fi aduun seen-
tuun, olii fi gadiin dhuttee mootummaa Waaqaa
keessa teettee hin nyaatti.
30 Worri amma duuba jiru, worra duraa hin te'a;
worri amma dura jiru worra duubaa hin te'a»
jedhe.

### *Heroodis Yesuus Ijjeesiisaaf Barbaade*

31 Yennaa san worra Fariisaayotaa keessaa
namooti gariin gara Yesuusii dhufanee, «Heroodis
waan si ijjeesiisaaf barbaaduuf asii deemi, addee
dhibii dhaqi!» jedhaneen.
32 Yesuus deebisee, «Dhaqa'aatii jeedala† saniin,
Ani adhaa fi boru durriisota hin baasa, worra
dhibamaalle hin fayyisa, guyyaa sadeesso'ootitti
hujii tiyya hin hobbaasa.
33 Te'uu malee, ani adhaa fi boru, ittaanille
garuma duraa deemuu male; sababille raagaan
tokko Yerusaalem keessatti malee, addee dhibi'itti
ijjeefamuu hin malle» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Yerusaalemiif Gadde*
### *(Mat. 23:37-39)*

---

**13:28** Mat. 22:13; 25:30 † **13:32** *Jeedala:* Ukkullo, geedala

34 «E! Yerusaalem, Yerusaalem! Ati raagota ka ij-
jeettu, ergantoota gara keeti ergante ka dhaka'aan
tuntu! Akka lukkuun cuucotii ifii koola ifii jalatti
wolitti qabattu, anille ijoollee teeti wolitti qabi-
isaaf yennaa meeqa barbaade, isin ammoo didat-
tane.
35 Ilaa, manni keessan ona hin te'a. Ani isinitti
hima, ‹Ka maqaa Gootta'aatiin dhufu, ka eebbi-
fame› haga jettanutti deebitanee na hin dhaggi-
tanu» jedhe.

# 14

## *Yesuus Namicha Dhibameeru Tokko Fayyise*

1 Guyyaa Sanbataa tokko, Yesuus sagalee
nyaatiisaaf, gara mana sooreyyii Fariisaayota
keessaa tokkochaa dhaqe; worri achi jiranu isa
gaadiisatti jiraniiyyu.
2 Namichi nafi isaa iitoweeru tokko fuula isaa
dura jiraayyu.
3 Yesuus, «Guyyaa Sanbataatiin fayyisuun seeraa
moo seera moti?» jedhee barsiisota Seeraatii fi
Fariisaayota gaafate.
4 Isaan ammoo cadhisane. Yesuus namicha
qabee fayyisee galche.
5 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Isin keessaa
nami tokko, ilmi isaa yookiin qotiyyoon isaa yoo
boolla keessa bu'e, yennuma san guyyaa San-
bataatiin ka hin baanne eennu?» jedhe.
6 Isaan ammoo tanaafille deebii kennuu hin
dandeenne.

## *Ifi Diqqeessiisaa Fi Keessummaa Fudhatiisa*

7 Yesuus keessumooti addee ulfinnaa filattuun
yennaa dhagge, itti mammaakee,

8 «Yennaa nami tokko gara jila fuudhaa fi heeru-
maa si waame, addee ulfinnaa hin tee'in, nami si
caalu waamameera fa te'a.
9 Abbaan isin lamaanuu waame sun dhufee,
‹Addee tana namicha kanaaf lakkisi› yoo si'iin
jedhe, qaanowaa addee namichaaf lakkittee,
addee gadee dhaxxee hin teetta.
10 Ati ammoo yennaa waamante, abbaan si
waame sun dhufee, ‹Jaala kiyya, as addee tanatti
ol dabar› akka si'iin jedhuuf, dhaqiitii addee
gadee tee'i. Yennaa san worra waamame san
mara duratti ulfinna hin dhaggatta.
11 Nami ifi guddisu maraa hin diqqaata, nami ifi
diqqeessu maraa hin guddata» jedhe.
12 Achiin duuba Yesuus namicha isa
keessummeessu'uuf waameen, «Sagalee guyya'aa
yookiin sagalee galgalaa yennaa gootu, jaalolee
teeti yookiin obboleeyyan teeti yookiin firoottan
keeti yookiin dureeyyii ollaa keetii hin waamin;
yoo waante, isaanille deebisanee si waamanee,
deebittee hin kaffalta.
13 Ati ammoo yennaa jila gootu, worra hiyy-
eessa, worra naafa, worra hokkola'aa fi worra
ballaa waami!
14 Ati hin eebbifanta; isaan waan si'iif dee-
bisanu hin qabanu, Waaqi ammoo guyyaa du'aa
ka'a balchoole'eetitti si'iif hin deebisa» jedhe.

### *Mammaassa Jila Guddo'oo (Mat. 22:1-10)*

15 Keessummoota qori'itti hiiqanee tee'ane
keessaa tokkochi, kana yennaa dhage'e Yesuusiin,

**14:11** Mat. 23:12; Luq. 18:14

«Mootummaa Waaqaatitti jilaaf ka tee'u ka badhaadhe!» jedhe.

16 Yesuus isaan, «Namichi tokko jila guddoo god-
hee keessummoota hedduu waame.
17 Yennaan jilaa yennaa geette, ‹Wonni maraa
qophoweera, kowa'a!› jedhee worra waamametti akka himuuf tajaajilaa ifii itti erge.
18 Isaan martinuu ammoo waan itti aalatanu
himatiisatti ka'ane. Ka matoomaa, ‹Lafa bitadheera, dhaqee ilaalu'uu male; maganne'e na hin kajeelin!› jedheen.
19 Kuun, ‹Qotiyyoo ximmaadii shan bitadheera,
qotiisaa fi qotiisa dhabuu isaanii ilaaliisaaf kunoo kara'atti bayeera; maganne'e na hin kajeelin!› jedheen.
20 Ka dhibiin, ‹Ani waajiba waan te'eef,
dhaqqabee hin dhufu› jedheen.
21 Maarre tajaajilaan galee goottaa ifiititti waan
kana hime. Abbaan jilaa aaree tajaajilaa ifiitiin, ‹Ariifadhuu gara karaa gugurda'aatii fi xurree qachaa keessaa dhaqiitii worra hiyyeessa, worra naafa, worra balla'aa fi worra hokkolaa fidi!› jedhe.
22 Tajaajilaan, ‹Gootta'a, waan ati ajajje maraa
muummesseera, ammoo ammalle addeen hin jirti!› jedheen.
23 Maarre goottaan tajaajila'aan, ‹Gara
kara'aatii fi xurre'ee dhaqiitii, akka manni kiyya guutuuf kolbaan akka dhuttu tolchi!
24 Ani isinitti hima, worra duraan waamame
keessaa tokkolle sagalee tiyya ta galgalaa afaaniin hin qabu!› jedhe» jedheen.

25 Gumiin guddoon adoo isa woliin ideentuu,
Yesuus itti garagalee,
26 «Nami gara kiyya dhufu, abba'aa fi haadha ifii,
haadha manaatii fi ijoollee ifii, obboleeyyanii fi
obboleettota ifii, jiruu ifiille na caalaa ka jaalatu
yoo te'e, barataa kiyya te'iisaaf hin dande'u.
27 Fannoo ifii ba'atee ka na hin hordonne,
barataa kiyya te'iisaaf hin dande'u.
28 «Isin keessaa nami mana dhaka'aa ijaaruu
barbaadu, duraan dursee beesee ittiin ijaaree fixu
akka qabu beekiisaaf, tee'ee ka gatii hin herrenne
eennu?
29 Yoo akkas hin te'in, hundee buusee* fixiisa
ammoo yoo dadhabe, worri kana dhaggu maraa
itti kolla;
30 ‹Ilaa, namichi kun ijaarsa jalqabee fixiisa am-
moo dadhabe› jedha.
31 Yookiin mootiin loltoota kuma kudhan qabu,
mootii loltoota kuma diddama qabu woliin loli-
isaaf ka duulu tokko, duraan dursee gad tee'ee ka
hin mari'anne kam?
32 Yoo hin dandeenne te'e, mootichi isa loliisaaf
ka'e sun adoo fagoo jiruu ergantoota ifii itti ergee
nageya buusiisaaf hin gaafata.
33 Akkasuma, eennulle isin keessaa qabeenna
ifii mara ka hin lakkinne barataa kiyya te'iisaaf
hin dande'u» jedhe.

### *Soodda Kuraa Hin Qanne*
### *(Mat. 5:13; Mar. 9:50)*

34 «Sooddi waan dansa'a, ammoo yoo kuraa ifi
keessaa dhabe, attamiin deebi'ee kurowa ree?

---

* **14:29** *Hundee buusee:* Hundee kaasee, boroo dongoree

35 Lafaaf yookiin kosii tuulantuufille hin
te'u; alatti hin gatama. Gurra dhage'u ka qabu
dhage'uuti!» jedhe.

# 15

*Mammaassa Hoolee Baddee*
*(Mat. 18:12-14)*

1 Gaafa tokko worri qaraxa guuruu fi cubbaa-
leyyiin dubbii Yesuusii dhage'iisaaf gara isaa dh-
ufane.
2 Fariisaayotaa fi barsiisoti Seeraa ammoo,
«Namichi kun cubbaaleyyii hin fudhata, isaan wo-
lille'een nyaata» jedhanee itti gungumane.
3 Tanaaf Yesuus itti mammaakee,
4 «Isin keessaa hoolee dhibba ka qabu, dhibba
san keessaa hooleen takkattiin yoo duraa badde,
sagaltamii sagali diidatti lakkisee hoolee badde
san haga dhaggutti barbaadiisaaf ka hin baane
eennu?
5 Yennaa dhagge gammadee gurmuu ifii irratti
kaafatee,
6 gara mana ifii gala. Achiin duuba lansootaa fi
olloota ifii waamee, ‹Hoolee tiyya ta badde waan
dhaggeef na woliin gammada'a!› hin jedha.
7 Ani isinitti hima, akkuma kana, balchoota
sagaltamii sagali ka cubbuu irraa deebi'iisi hin
barbaachinne caalaa, cubbichi tokko cubbuu ifii
irraa yoo deebi'e ol gubba'atti gammadi guddaan
hin te'a» jedhe.

*Mammaassa Maallaqa Badee*

**15:2** Luq. 5:29-30

8 Yesuus itti aansee, «Dubartiin saantii maal-
laqaa kudhan* qaddu takka kudhan san keessaa
takkaan yoo badde, ifa issitee, mana ifii har-
tee haga dhaggitutti miidhassitee hin barbaaddii
motii?
9 Yennaa dhaggite lansootaa fi olloota ifii waan-
tee, ‹Saantii Maallaqaa tiyya, ta na duraa badde
waan dhaggeef na woliin gammada'a!› isaaniin
hin jetti.
10 Ani isinitti hima; akkuma kana cubbichi
tokko cubbuu ifii irraa yennaa deebi'u ergantooti
Waaqaa hin gammadan» jedhe.

### *Mammaassa Ilma Badee*

11 Yesuus itti aansee, «Namichi tokko ilmaan
lamaan qaba.
12 Maandhich abba'aan ‹Abbaa kiyya, karra
teeti keessaa qooda na gewu naaf kenni!› jedhe.
Maarre abbaan karra ifii isaaniif qoode.
13 Guyyoota diqqa'aan duuba ilmi maandhich
karra isa geette mara wolitti qabatee gara biyya
fago'oo deeme; achitti le'ii badduu le'iisaan karra
ifii mara bittinneesse.
14 Waan qabu maraa fixateen duuba, beelti jad-
duun biyya sanitti gallaan rakkate.
15 Maarre worra biyya sanii keessaa namicha
tokkoof hujiisaaf itti gale; namichille akka inni
booyyee isaa tissuuf gara fichaa ifii erge.
16 Inni qollofa booyyeen nyaattu nyaatee gad-
haa guutatiisaaf kajeele, ammoo namuu wo itti
hin kennine.

* **15:8** *Saantii maallaqaa kudhan:* Saantiin maallaqaa yookiin meeti'ii takkaan, hojjataa tokkoof mindaa guyyaa tokkoo ti

17 «Duuba inni gara yaada ifii deebi'ee, ‹Hoj-
jattooti abbaa kiyyaa ta sagalee nyaattee ham-
baa hambittu meeqa? Ani ammoo asitti beelaan
du'aara.
18 Ka'ee gara mana abbaa kiyyaa dhaqee, abbaa
kiyyaan: Ani Waaqaa fi si yakkeera;
19 haganaa achi ani ilma keeti jedhamiisaaf
hin malle; hojjattoota teeti keessaa akka hojjataa
tokkoo na godhadhu jedhaan› jedhe.

20 «Maarre inni ka'ee gara abbaa ifii deebi'e.
Abbaan isaa ammoo, adoo inni fagoo jiruu isa
dhaggee, nayeefii itti fiigee hanqafatee sunqate.

21 «Ilmi isaa ammoo, ‹Abbaa kiyya, ani Waaqaa†
fi si yakkeera. Haganaa achi ani ilma keeti jed-
hamiisaaf hin malle› jedheen.

22 «Abbaan isaa ammoo tajaajiltoota ifiitiin, ‹Ari-
ifadha'aatii, woyaa, woyaa mara caaltu fida'aatii
itti uffisa'a; qubee qubatti, kopheelle miilatti
keya'a!
23 Achiin duuba dardara coomaa fida'aatii
qala'a, nyaataa jilifanna.
24 Ilmi kiyya kun du'eeraayyu, amma
ammoo jiraateera, badeeraayyu amma ammoo
dhaggameera› jedhe. Maarre isaan jilifachuu
jalqabane.

25 «Yennaa tana ilmi angafichi fichaa keessa
jiraayyu. Yennaa deebi'ee manatti dhikaate
weeddu'uu fi sirba dhage'e.
26 Maarre inni tajaajiltoota keessaa tokko gara
ifii waamee, ‹Maanti maan te'e?› jedhee gaafate.

† **15:21** *Waaqa:* Hiikkaan gariin ol-gubbaa jedha

27 Tajaajilaan deebisee, ‹Obboleessa keetittuu
deebi'ee gale; waan inni nageyaa fi fayya'aan
galeef, abbaan keeti dardara coomaa qalchiise›
jedheen.
28 Ilmi angafichi aaree mana seenuu dide;
maarre abbaan gad itti bayee, akka inni mana
seenuuf isa magannifate.
29 Inni ammoo deebisee abbaa ifiitiin, ‹Ilaa, ani
woggoota kana duudii akka garbichaa si'iif hu-
jaa ture, ajaja keetille ijjumaa didee hin beeku;
ati ammoo akka ani lansoota tiyya woliin gam-
maduuf buruusoo re'e'eelle ijjumaa naaf kennitee
hin beettu!
30 Amma ammoo ilmi keeti kun karra teeti
sagaagaltoota woliin fixee, deebi'ee dhufee jen-
naan, dardara coomaa isaaf qalte!› jedhe.
31 Abbaan deebisee, ‹Ilma kiyya, ati yennaa
mara na woliin as jirta, wonni ani qabulle maraa
teeti.
32 Obboleessi keeti kun ammoo du'eeraayyu,
amma ammoo jiraateera; badeeraayyu amma
ammoo dhaggameera; waan kanaaf nuuti jilifan-
nee gammaduu qanna› jedheen» jedhe.

# 16

### *Mammaassa Toowataa Qaro'oo*

1 Yesuus barattoota ifiitiin, «Namichi dureessi
tokko, toowataa mana isaa toowatu qabaayyu.
Toowataan kun akka karra isaa balleessaaru
dureessichatti himane.
2 Maarre namichi dureessichi toowataa san
waamee, ‹Marroo teeti wonni ani dhage'u kun
maan? Ati haganaa achi toowataa kiyyaa waan

hin teeneef, herrega toowatumma'aan itti hujje natti kenni› jedheen.
3 Toowataan sun gadhaa ifii keessatti, ‹Amma goottaan kiyya toowatummaa tana na irraa fuudhaara, maan godhu naa woyya? Hin qotadha'atti hin dande'u, hin kadhadha'atti hin fokkifadha.
4 Yennaa toowatummaa irraa ari'ame akka namooti gara mana ifii na fudhatanuuf, ani waan godhu hin beeka!› jedhe.
5 Achiin duuba worra liqaa goottaa isaa qabu tokko tokkoon waamee, ka duraatiin, ‹Liqaa goottaa kiyyaa meeqa ifi irraa qadda?› jennaan,
6 namichi deebisee, ‹Zayitii ejersaa okkotee dhibba› jedhe. Maarre toowataan, ‹Galmee keeti hoo'o; ariifadhuu shantama jedhii barreessi›.
7 Ammalle toowataan, nama liqaa goottaa isaa qabu dhibi'iin, ‹Liqaa gootta'aa meeqa qadda?› jedhee gaafate. Namichille deebisee, ‹Qamadii daawullaa shantama*› jedhe. Toowataan, ‹Galmee keeti hoo'o; dhibba saddeeti jedhii barreessi› jedheen.
8 Goottaan, toowataa hin addatanne san mala inni dhowateef jaje. Kun ijoolleen lafa tanaa ijoollee ifaa caalaa worra isaan fakkaatu woliin wolitti dhikeenna qabanuun† malaameyyii akka te'ane mudhisa.
9 Ani isinitti hima, yennaa karri teessan hobbaate, akka isaan gara mana bara baraan itti leetanuu isin fudhatanu, karra dabaa ta lafa tanaatiin fira baafadha'a!

* **16:7** *Daawullaa shantama:* Qamadii gaashaa tokko irraa gale te'uu dande'a † **16:8** *Wolitti dhikeenna qabanuun:* Waan mataa ifiitiif, le'ii lafa tanaatiin

10 «Nami waan diqqo'oon addatamaa te'e waan
guddoolle'een addatamaa hin te'a. Nami waan
diqqo'oon hin addatanne, waan guddoolle'een
hin addatamu.
11 Yoo isin karra biyya lafaa tanaan hin ad-
datamin, eentu addatee karra dhuga'aa isinitti
kenna ree?
12 Isin karra worra dhibi'iitiin yoo hin ad-
datamin, karra isiniif teetu eentu isiniif kenna
ree?
13 «Nami tokko garba goottaa lamaa te'iisaaf
hin dande'u, tokkocha jibbee, kaan hin jaalata;
yookiin tokkocha ulfeessee kaan hin tuffata.
Akkasuma Waaqaa fi beesee tajaajiliisaaf hin
dandeettanu» jedhe.

### *Seeraa Fi Mootummaa Waaqaa (Mat. 11:12-13)*

14 Fariisaayoti worri beesee jaalatanu yennaa
waan Yesuus dubbate kana dhage'ane isa ceeg-
gatane.
15 Yesuus ammoo isaaniin, «Isin yennaa maraa
balchoota ifi gootanee ilaaltan, Waaqi ammoo
waan gadhaa keessan keessa jiru dhagga, wonni
nama duratti ulfaataa fakkaatee mudhatu, Waaqa
duratti tuffatama'a.
16 Seerri Muuse'eetii fi kitaaboti raagotaa haga
bara Yohaannisii cuupha'aatitti hujaa turane.
Haga mootummaan Waaqaa odeeffanteen
jalqabee nami martinuu itti galiisaaf jabeennaan
wodhaaneera.
17 Ammoo Seera keessaa bixxilleen‡ addee dhid-
hattu ol-gubba'aa fi latti tartu irra kaso'o.

---

**16:13** Mat. 6:24 ‡ **16:17** *Bixxilleen:* Boqqoorri qubee takka'aa

18 «Nami haadha manaa ifii lakkisee dubartii
dhibii fuudhu maraa hin gaarayyeeffata. Akka-
suma dubartii abbaan manaa lakkise ka fuudhu
hin gaarayyeeffata.

### *Namicha Dureessaa Fi Alaazar*

19 «Namichi dureessi woyaa dhiillee dansittii,
ta gatii guddo'oo uffataa, guyyaa mara
qananumma'aan le'u tokko jira.
20 Namichi hiyyeessi tokko, ka Alaazar jed-
hamu, ka nafi isaa duudiin mammadaayeeru bal-
bala namicha dureessichaa dura irkateeraayyu.
21 Inni waan qorii namicha dureessichaa ir-
raa harca'e nyaatiisaaf halcha. Sareelle dhuttee
madaa isaa arraabbatti.
22 Namichi hiyyeessi duunaan, ergantooti
Waaqaa fuudhanee cinaa Abrahaamii geessane.
Namichi dureessichille du'ee awwaalame.
23 Inni qilee§ keessatti rakkataa adoo jiruu,
yennaa ol ilaale, fago'otti Abrahaam dhagge;
Alaazarille cinaa isaatitti dhagge.
24 Maarre inni Abrahaamiin, ‹Abbaa kiyya
Abrahaam naa nayi! Ani bobe'a ibiddaa kana
keessatti guddoo waan rakkatiisatti jiruuf,
Alaazar qaccee quba ifii bisaan keessa cuuphee
akka arraba kiyya naaf qabbaneessu maganne'ee
naa ergi› jedhee waammate.
25 «Abrahaam deebisee, ‹Lansa kiyya, ati bara
jiruu teeti ta lafaa, waan dansaa dhaggattee akka
gammadde qaabadhu; Alaazar ammoo rakkataa
ture. Amma inni gammadiisatti jira, ati ammoo
guddoo rakkatiisatti jirta.

---

**16:18** Mat. 5:32; 1 Qor. 7:10-11 § **16:23** *Qilee:* Addee worri du'e wolitti qabamu

26 Tana maraa irratti, akka worri asii gara
keessan, worri achiille as gara keenna hin qaxxaa-
murre, bowwaan guddaan nu wodhakkaa jira›
jedheen.
27 Namichi dureessichi ammoo, ‹Abrahaam,
yoona akka Alaazar gara mana abbaa kiyyaa er-
gitu si kadhadha.
28 Ani obboleeyyan shan waan qabuuf, isaanille
as addee rakkinnaa tana akka hin dhunne dhaqee
ifi eeggachiisuu ti› jedhe.
29 «Abrahaam deebisee, ‹Isaan Muuse'ee fi
raagota qaban, dubbii isaanii dhage'anuu ti›
jedhe.
30 Achiin duuba namichi dureessichi, ‹Waaw-
woo, abbaa kiyya Abrahaam, nami tokko du'aa
ka'ee adoo dhaqee isaanitti himee ammoo cubbuu
ifii irraa hin deebi'an› jedhe.
31 Abrahaam ammoo, ‹Isaan Muuse'ee fi raagota
dhage'uu yoo dhabane, yoo nami tokko du'aa
ka'elle hin dhugeeffatanu› jedheen» jedhe.

# 17

### *Namoota Gufachiisuu Irraa Ifi Eeggachuu (Mat. 18:6-7,21-22; Mar. 9:42)*

1 Yesuus barattoota ifiitiin, «Wonni kolbaa gu-
fachiisu dhufuu hin dhaddu; ammoo nama gu-
fachiisu saniif aanne'e!
2 Worra didiqqaa kana keessaa tokkocha gu-
fachiisu'uu mannaa, dhakaan daaku'uu morma
isaatitti hidhamee abbaaya'atti adoo gatamee
isaaf woyya.

3 Maarre isin ifi eeggadha'a; obboleessi keeti
yoo si yakke, jabeessii gorsi*; yoo inni yakkaa ifii
irraa deebi'e isaaf araaram.
4 Guyya'atti yennaa torba si yakkee, guyya'atti
yennaa torba deebi'ee gara keeti dhufee, ‹Ani
yakkaa irraa deebi'eera› yoo si'iin jedhe isaaf
araaram» jedhe.

### *Dhugeeffannaa*

5 Ergantooti Gootta'aan, «Dhugeeffannaa teenna
ede'i» jedhane.
6 Goottaan deebisee, «Dhugeeffannaa haga mid-
haan sanaafici'ii geettu adoo qabaattanee, qilxaa
kanaan, ‹Hiddaan buqqa'ii abbaayaa keessatti
dhaabami!› yoo jettane, innille isiniif hin aja-
jama» jedheen.

### *Waan Tajaajilaa Irraa Barbaadamu*

7 Yesuus, «Isin keessaa nami tokko tajaajilaa
qotii qotu yookiin hoolee tissu yoo qabaate, ta-
jaajilaan sun addee huji'iitii yennaa galu, ‹Koy as
tee'ii sagalee nyaadhu!› hin jedhanii?
8 Addee tana jedhu, ‹Sagalee naaf qopheessii,
haga ani nyaadhee unutti woyaa teeti marxifad-
huu naaf ergami! Achiin duuba atille hin nyaata
hin unta› hin jedhanii motii?
9 Inni, tajaajilaa kana waan inni isa ajaje waan
muummesseef hin galateeffataa?
10 Maarre isinille waan ajajantane maraa yen-
naa muummessitane, ‹Nuuti tajaajiltoota woy hin
baane; nuuti waan tolchu'uu malle callaa tol-
chine› jedha'a!» isaaniin jedhe.

* **17:3** *Jabeessii gorsi:* Xixi **17:3** Mat. 18:15

## *Yesuus Nama Kudhan Fayyise*

11 Yesuus adoo Yerusaalem dhaquu, meessaa
Samaariya'aatii fi Galiila'aatiin dabare.
12 Adoo inni gara ollaa tokkoo seeniisatti
jiruu, namooti kudhan ka dhukkuba goga'aa
farrisiisa'aan dhibamaneeranu tokko itti
dhufane. Isaan fagoo dhaabbatanee,
13 qoonqoo guddo'oon, «Yesuus! Gootta'a! Nuu
nayi!» jedhaneen.
14 Yesuus yennaa isaan dhagge, isaaniin,
«Dhaqa'aatii hayyootatti ifi mudhisa'a!» jedhe.
Isaan adoo dhaqiisatti jiranuu fayyane.
15 Isaan keessaa tokkochi akka fayye yennaa
dhagge, qoonqoo guddo'oon Waaqa galateessaa,
deebi'ee dhufe.
16 Miila Yesuusiititti jigee isa galateeffate; inni
nama Samaariya'aa ti.
17 Yesuus, «Namooti kudhanuu fayyanee motii?
Nami sagali meet ree?
18 Namicha orma kana malee, nami Waaqa gala-
teeffatiisaaf deebi'e hin jiruu?» jedhee gaafate.
19 Achiin duuba Yesuus namichaan, «Ol ka'ii
deemi; dhugeeffannaan teeti si fayyitteerti»
jedhe.

## *Dhufiisa Mootummaa Waaqaa (Mat. 24:23-28,37-41)*

20 Worri Fariisaayotaa gariin mootummaan
Waaqaa yoom akka dhuttu Yesuus gaafatane.
Inni deebisee, «Mootummaan Waaqaa karaa nami
eeguun hin dhuttu.

21 Eennulle, ‹Ilaa, as jirti!› yookiin, ‹Achi jirti!›
hin jedhu; sababille, mootummaan Waaqaa isin
keessa† jirti» jedhe.
22 Achiin duuba inni barattoota ifiitiin, «Yennaan
isin guyyoota Ilma Namaa keessaa, guyyaa tokko
dhaggiisaaf halchitanu hin dhutti, ammoo hin
dhaggitanu.
23 Namooti isiniin, ‹Kuunnoo achi jirti!› yookiin
‹Kunoo asi jirti!› hin jedhan. Isin ammoo hin
dhaqina'a; faanalle hin fiigina'a!
24 Akkuma balaqqeettiin gubba'aa balaqqittee
gara tokkoo haga gara kaaniititti issitu, guyyaa
Ilmi Namaa dhufu akkasuma hin te'a.
25 Ammoo kanaan dura, Ilmi Namaa dhaloota
kanaan guddoo rakkatu'uu fi jibbamuu qaba.
26 «Bara Nohiititti akkuma te'ee, bara Ilma Na-
maatittille akkasuma hin te'a.
27 Haga guyyaa Nohi hoboloo guddo'otti
galuutitti, kolbaan nyaataa unaa, fuudhaa
heerumaa turte, bisaan badi'iille dhufee isaan
maraa balleesse.
28 Bara Looxiille akkuma kana te'e; kolbaan
nyaataa unaa, bitataa gurgurataa, midhaan
dhaabaa, ijaarrataa turte.
29 Guyyaa Loox Sodoomii baye ammoo, ibiddii fi
dhakaan bobe'u ol-gubba'aa roobee isaan maraa
fixe.
30 Guyyaa Ilmi Namaa mudhatuttille akkasuma
hin te'a.
31 «Guyyaa san nami mana gubbaa jiru, ka mey‡
isaa mana keessa jiru, fudhatiisaaf gad bu'ee gara
manaa hin deebi'in.

---

† **17:21** *Isin keessa:* Yookiin odduu teessan ‡ **17:31** *Mey:* Miyyi
**17:31** Mat. 24:17-18; Mar. 13:15-16

32 Haadha manaa ta Looxii qaabadha'a!
33 Nami jiruu ifii fayyifatiisaaf barbaadu jiruu
ifii hin dhaba; nami jiruu ifii dhabu ammoo jiruu
ifii hin fayyifata.
34 Ani isinitti hima, halkan san nami lamaan
taqee takkattii irra hin rafa, tokkochi hin fud-
hatama, kuun ammoo hin hafa.
35 Dubartiin lamaan woliin daakuu daatti,
takkattiin hin fudhatanti, tuun ammoo hin hatti.
36 [Nami lamaan fichaa tokko keessa hin ji-
raata, tokkochi hin fudhatama, kuun ammoo hin
hafa]§» jedhe.
37 Barattooti isaa, «Gootta'a, eessatti?» jedhanee
gaafatane. Yesuus deebisee, «Addee reeffi jirutti
allaatiin yaati» jedhe.

# 18

## *Mammaassa Haadha Hiyyeessaatii Fi Abbaa Mura'aa*

1 Achiin duuba Yesuus barattooti isaa yennaa
mara akka daadimatanuu fi daadimatiisa akka
hin dadhanne barsiisiisaaf mammaassa itti mam-
maakee:
2 «Abbaan mura'aa ka Waaqa hin sodaanne, ka
namalle hin ulfeessine tokko qachaa tokko keessa
jira.
3 Haati hiyyeessaa ta yennaa yenna'aan gara
isaa deddeebi'aa, ‹Falmataa kiyya irratti muraa
qajeelaa naaf muri› jedhaa itti boottu takkalle
qachaa san keessa jirti.

§ **17:36** Barreeffam durii durii gariin laakkossa 36 hin qabu

4 Abbaan mura'aa yennaa hedduu wo godhuu
dide; duuba ammoo, ‹Waaqa sodaa yookiin nama
ulfeessuu yoo dhabelle,
5 haati hiyyeessaa tun ittuma waan na rakkit-
tuuf, akka isiin yennaa mara dhufaa na hin hi-
fachiinne isi'iif hin mura› jedhee ifiin dubbate»
jedhe.
6 Goottaan, «Waan abbaan mura'aa jallaamessi
sun jedhe dhage'aa!
7 Waaqille worra isaaf filame ka halkanii fi
guyyaa gara isaa iyyuuf hin muruu ree? Isaan
qarqaariisaaf hin hancaaraa?
8 Ani isinitti hima, dafee isaaniif hin mura.
Te'uu malee, Ilmi Namaa yennaa dhufu dhugeef-
fannaa lafa irratti hinuma dhaggaa laati?» jedhe.

### *Mammaassa Fariisaayichaatii Fi Namicha Qaraxa Guuruu*

9 Yesuus namoota garii ka balchoolee ifi seya-
nee, worra kaan tuffatanutti, mammaakee:
10 «Nami lamaan daadimatiisaaf gara Galma
Waaqaa dhaqe: tokkochi Fariisaayicha, kuun
namicha qaraxa guuru.
11 Fariisaayichi qofuu dhaabbatee, ‹Waaqa,
ani akka worra dhibi'ii: saantuu, jallaamessa,
gaarayyeeffataa, yookiin keessattuu akka
namicha qaraxa guuru kanaa, waan te'uu
dhabeef si galateeffadha.
12 Torbaan keessatti yennaa lamaan laama;
waan dhaggadhu mara keessalle'ee kudhan
keessaa tokko si'iif kenna› jedhee daadimate.
13 Namichi qaraxa guuru sun ammoo, fagaa-
tee dhaabbatee, gara ol-gubba'aalle adoo hin

ilaalin, qoma dhodhowataa, ‹Waaqa, na cubbicha
marari!› jedhe.
14 Ani isinitti hima, Fariisaayicha saniin irra
namichi qaraxa guuru kun Waaqa duratti bal-
choomee gara mana ifii deeme. Nami ifi guddisu
hin diqqaata, nami ifi diqqeessu hin guddata»
jedhe.

### *Yesuus Daa'immaan Eebbise*

15 Yesuus harka ifiitiin qaqqabee akka eeb-
bisuuf namooti gariin daa'immaan gara isaa fi-
dane. Barattooti isaa yennaa tana dhaggane, xix-
anee isaan dhooggane.
16 Yesuus ammoo ijoollee gara ifii waamee,
«Mootummaan Waaqaa ta worra akka kanaa waan
teeteef, lakkisa'a, ijoolleen gara kiyya dhuttuu ti,
hin dhooggina'a.
17 Ani dhugumaan isinitti hima, eennulle ka
mootummaa Waaqaa akka daa'imaa hin fud-
hanne, ijjumaa itti hin galu» jedhe.

### *Namicha Dureessa Tokko*
### *(Mat. 19:16-30; Mar. 10:17-31)*

18 Bulchaan Yihudootaa tokko, «Barsiisaa dansaa,
jiruu bara baraa dhaggatiisaaf ani maan godhuu
male?» jedhee Yesuus gaafate.
19 Yesuus deebisee, «Maaf dansaa anaan jetta?
Waaqa tokkocha malee, nami dansaan tokkolle
hin jiru.
20 Ati ajaja, ‹Hin gaarayyeeffatin, hin ijjeesin,
hin hatin, dharaan dhugaa hin bayin, abba'aa fi
haadha teetiif ulfinna kenni!› jedhu hin beetta»
jedhe.

21 Namichi deebisee, «Kana maraa
ijoollumma'aan jalqabee eeggadheera» jedhe.
22 Yesuus yennaa kana dhage'e namichaan,
«Ammalle wonni godhuu malte tokkochi hafeera.
Waan qaddu duudii gurguriitii hiyyeeyyi'iif
qoodi, ol-gubba'atti hin duroonta; achiin duuba
koyiitii na hordof!» jedhe.
23 Namichi ammoo yennaa tana dhage'e, gud-
doo dureessa waan te'eef, guddoo gadde.
24 Yesuus akka namichi gadde dhaggee, «Worra
dureeyyi'iif mootummaa Waaqaatitti galuun at-
tam attam rakkisa'a!
25 Dhugumaan, nami dureessi tokko
mootummaa Waaqaatitti galiisaan irra, gaalli
qowa limmo'oo keessa hulluuqiisatti irra kaso'o»
jedhe.

26 Worri kana dhage'e, «Yoona eentu fayyuu
dande'a ree?» jedhee gaafate.

27 Yesuus deebisee, «Wonni namaaf hin
dande'ane Waaqaaf hin dande'anti» jedhe.

28 Achiin duuba Pheexroos, «Kunoo, nuuti qe'ee
teenna lakkinnee si hordonneerra» jedhe.

29 Yesuus deebisee, «Ani dhugumaan isinitti
hima, nami mootummaa Waaqaatiif jedhee,
mana yookiin obboleeyyan yookiin haadhaa fi
abbaa yookiin ijoollee ifii lakkise,
30 bara jiruu tanaatitti dachaa hedduu
caalchisee hin fudhata; bara jiruu dhuttuutittille
jiru bara baraa hin fudhata» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Marroo Du'a Ifii Sadeessoo Dubbate (Mat. 20:17-19; Mar. 10:32-34)*

31 Yesuus barattoota kudhanii lamaan
maddi'itti fuudhee, «Kunoo gara Yerusaalemii
ol bayaarra, marroo Ilma Namaatiif ta raagotaan
barreeffante maraa hin muummotti.
32 Inni harka worra Yihudoota hin te'iniititti
dabarfamee hin kennama. Isaan itti hin taphatan,
hin arrassan, ittille hin tufan.
33 Dhaananeen duuba hin ijjeesan, guyyaa
sadiin duuba ammoo du'aa hin ka'a» isaaniin
jedhe.
34 Barattooti ammoo waan kana keessaa womaa
hin hubanne. Hiikkaan dubbii sanii isaan duraa
waan dhokatteertuuf waan Yesuus dubbate hu-
batiisaaf hin dandeenne.

### *Yesuus Kadhatticha Ballaa Tokko Fayyise (Mat. 20:29-34; Mar. 10:46-52)*

35 Yesuus Yeriko'otti yennaa dhikaate, namichi
ballaan tokko karaa qarqara tee'ee kadhatiisatti
jiraayyu.
36 Gumiin cinaa isaatiin dabartuun dhage'ee,
waan te'iisatti jiru gaafate.
37 Isaan, «Yesuusii nama Naaziretiititti asiin
dabariisatti jira» jedhane itti himane.
38 Maarre inni, «Yesuus, Ilma Daawitii na
marari!» jedhee iyye.
39 Worri dura ideemu cadhisiisiisaaf isa xixe;
inni ammoo ittuma caalchisee, «Ilma Daawitii, na
marari!» jedhee iyye.
40 Yesuus dhaabbatee, namicha ballaa san gara
isaa akka fidanuuf ajaje. Yennaa inni itti dhikaate,
41 Yesuus «Maan akka ani si'iif godhu bar-
baadda?» jedhee isa gaafate.
Inni deebisee, «Goottaa kiyya, ani akka dhaggu
barbaada» jedhe.

42 Yesuus deebisee, «Dhaggi! Dhugeeffannaan
teeti si fayyitteerti» jedheen.
43 Yennuma san dhaggee, Waaqa galateeffataa
Yesuus hordofe. Gumiin sun martinuu yennaa
tana dhaggite, Waaqa galateessite.

# 19

## *Yesuusii Fi Zakkewoos*

1 Yesuus Yerikoo dhaqee keessa dabare.
2 Namichi Zakkewoos jedhamu tokko achi ji-
raayyu. Inni mootii worra qaraxa guuruutii fi
nama dureessa.
3 Yesuus kam akka te'e beekiisaaf barbaadee,
hojjaan isaa ammoo gabaadduu waan teeteef,
gumiin waan heddatteef Yesuus dhaggiisaaf hin
dandeenne.
4 Yesuus karaa saniin waan dabaraaruuf, isa
dhaggiisaaf jedhee gumi'iin dura fiigee qilxaa
tokko yaabe.
5 Yesuus addee san yennaa geye, ol ilaalee,
«Zakkewoos, adha mana keeti ooluun waan naa
maleef, dafii gad bu'i» jedheen.
6 Maarre inni dafee gad bu'ee gammadaan
Yesuus fudhate.
7 Worri kana dhagge maraa, «Inni
keessummumma'aaf mana cubbichaa dhaqe»
jedhee gungume.
8 Zakkewoos ol ka'ee dhaabbatee Gootta'aan,
«Gootta'a! Ani wol qixxee karra tiyyaa hiyyeeyyi'iif
hin qooda, eennulle irraa sobee yoo wo fudhad-
hee jiraadhe, harka afur hin deebisaaf» jedhe.

9 Yesuus isaan, «Namichi kunille ilma Abra-
haamii waan te'eef, adha fayyinni mana kanaaf
dhufeera.
10 Ilmi Namaa ka bade barbaadee fayyisiisaaf
dhufeera» jedhe.

### *Mammaassa Worra Saantimiin Worqi'ii Itti Kennantee*
### *(Mat. 25:14-30)*

11 Adoo isaan tana dhage'iisatti jiranuu, Yesuus
Yerusaalemitti waan dhikaateeruuf, sababa kol-
baan mootummaan Waaqaa yennuma san waan
mudhattu seeteertuuf, itti mammaakee,
12 «Nami ulfinnaa* tokko mootii te'ee
deebi'iisaaf, biyya fago'oo dhaqe.
13 Inni tajaajiltoota ifii keessaa kudhan
waamee, saantimii worqi'ii kudhan itti kennee,
‹Haga ani deebi'utti daddala'aatii bu'aa buusa'a›
jedhe.
14 Kolbaan biyya isaa ammoo isa jibbitee,
‹Namichi kun akka mootii keenna te'u nuuti
hin barbaannu› jettee ergantoota isa faana ergite.
15 «Nami ulfinnaa sun mootii te'een duuba
deebi'ee dhufe. Achiin duuba, beesee inni ken-
neen daddalanee, bu'aa isaan buufatane beeki-
isaaf tajaajiltoota ifii waansise.
16 Tajaajilaan duraa dhufee, ‹Gootta'a, saantimii
worqi'ii ta ati natti kenniteen, saantimii worqi'ii
harka kudhan buufadheera› jedheen.
17 Mootichi isaan, ‹Tajaajilaa kiyya dansa'a,
dansaa goote! Waan akka malee diqqoo irratti

* **19:12** *Nami ulfinnaa:* Abbaan qoro'oo

waan addatanteef, ani qachoota gugurdoo kud-
han irratti itti gaafatamummaa si'iif hin kenna›
jedhe.
18 Tajaajilaan lammeesso'oolle dhufee,
‹Gootta'a, saantimii worqi'ii ta ati natti kenniteen
harka shan buufadheera› jedhe.
19 Mootichi isaan, ‹Atille, qachoota gugurdaa
shan irratti itti gaafatamaa hin teeta› jedhe.
20 Achiin duuba tajaajilaan dhibiin dhufee,
‹Gootta'a, saantimiin worqi'ii teeti kunoo ti;
hoccu'uun maree dhosseera.
21 Ati nama hamaa waan teeteef ani si so-
daadhe. Ati waan hin kuufatin fudhata, waan hin
facaasinille haammatta› jedhe.
22 Goottaan isaa, isaan, ‹Tajaajilaa hama'a!
Waanuma ati dubbatteen sitti mura. Ani nama
hamaa akka te'e, waan hin kuufatin ka fudhadhu,
waan hin facaasin ka haammadhu akka te'e eega
beettee,
23 beesee tiyya worra dhalaan liqeeffatutti†
maaf hin kennine ree? Silaa yennaa deebi'e, dhala
woliin hin fudhadhaayyu› jedhe.
24 Achiin duuba inni worra achi dhaabba-
teeruun, ‹Saantimii worqi'ii san isa irraa fu-
udha'aatii tajaajilaa saantimii worqi'ii kudhan
qabuuf kenna'a!› jedhe.
25 Isaan ammoo, ‹Gootta'a, inni duruu kudhan
qaba!› jedhaneen.
26 Mootichi deebisee, ‹Ani isinitti hima, nama
qabuuf itti dabalamee hin kennama; nama hin
qanne ammoo ka inni qabuuyyu irraa hin fud-

† **19:23** *Worra dhalaan liqeeffatutti:* Yookiin mana baanki'iititti maaf hin kuusin

hatama.
27 Amma ammoo diinota kiyya ka akka ani
isaan irratti mootii hin teene barbaadane, as
fida'aatii ila tiyya duratti gorra'a'a!› jedheen»
jedhe.

### *Yesuus Ulfinna Gudda'aan Yerusaalem Seene (Mat. 21:1-11; Mar. 11:1-11; Yoh. 12:12-19)*

28 Yesuus tana dubbateen duuba isaaniin dura
garuma duraa gara Yerusaalemii ol deeme.
29 Yennaa addee gaara ejersaa jedhantutti, Bet-
faage'ee fi Bitaaniya'atti dhikaate, barattoota ifii
keessaa lamaaniin,
30 «Gara olloota isiniin duraa dhaqa'a; akkuma
achi geettaneen ilmayyoo harre'ee mandiida hid-
hameeruun hin dhaggitan. Hiika'aatii as fida'a.
31 Eennulle, ‹Maaf hiittan?› jedhee yoo isin
gaafate, ‹Gootta'atti barbaada› jedha'aan» jedhe.
32 Maarre worri ergamane dhaqanee, akkuma
Yesuus isaanitti hime teeteen dhaggane.
33 Adoo isaan ilmayyoo harre'ee san hiikiisatti
jiranuu, worri harre'ee, «Maaf ilmayyoo harre'ee
hiittan?» jedhee isaan gaafate.
34 Isaan deebisanee, «Gootta'atti barbaada» jed-
hane.
35 Achiin duuba isaan harree san gara Yesu-
usii fidanee, woyaa ifii irra buusanee Yesuus irra
teessisane.
36 Adoo Yesuus yaabbatee ideemuu, kolbaan
woyaa ifii kara'atti atte.
37 Yennaa inni karaa gaara ejersaa irraa
gad buusutti dhikaate, gumiin barattoota

**19:26** Mat. 13:12; Mar. 4:25; Luq. 8:18

isaa duudiin, hujii bilbaasaa dhaggite maraaf
gammaddee, qoonqoo guddo'oon,
38 «Mootiin maqaa Gootta'aatiin dhufu ka eebbi-
fame! Ol-gubba'atti nageenni, olii ol-gubba'aatille
ulfinni te'u!» jedhaa Waaqa galateeffatte.
39 Gumii san keessaa Fariisaayoti gariin, «Barsi-
isa'a, barattooti teeti akka cadhisanuuf xixi!» Yesu-
usiin jedhane.
40 Yesuus ammoo deebisee, «Ani isinitti hima,
yoo isaan cadhisane, dhakooti hin iyyan» jedhe.

### *Yesuus Yerusaalemiif Bowe*

41 Yesuus itti dhikaatee qachaa Yerusaalemii
yennaa dhagge, boweefii,
42 «Adhumalle waan nageya si'ii fidu adoo beettee
jiraattaa! Amma ammoo ila teeti duraa dhoka-
teera!
43 Guyyooti diinoti keeti dalleya marsanee sitti
ijaaranee, si marsanee, karaa maraan sitti cufanu
hin dhufa.
44 Bara Waaqi itti si fayyisiisaaf dhufe waan
hin beenneef, si'ii fi ijoollee‡ teeti ta dalleya
keeti keessa jirtu ijjumaa hin balleessan. Dhakaa
tokkochalle wol irratti si'iif hin lakkisanu» jedhe.

### *Yesuus Gara Galma Waaqaa Dhaqe (Mat. 21:12-13; Mar. 11:15-19; Yoh. 2:13-22)*

45 Achiin duuba Yesuus Galma Waaqaa seenee,
worra achitti wo gurguratu alatti yaase.
46 Inni isaaniin, « ‹Manni kiyya mana daadi-
mataa te'a› jedhantee barreeffanteerti; isin am-
moo goda saantu'uu gootane» jedhe.

---

‡ **19:44** *Ijoollee:* Kolbaa

47 Yesuus guyyaa mara Galma Waaqaa keessatti
barsiise. Sooreyyiin hayyootaa, barsiisoti Seer-
aatii fi sooressitooti kolba'aa isa ijjeesiisaaf bar-
baadane.
48 Te'uu malee, kolbaan martinuu yaada gu-
utu'uun dubbii isaa dhage'iisatti waan jirtuuf isa
wo godhiisaaf karaa hin dhagganne.

# 20

### *Gaaffii Marroo Baallii Yesuusiitii Dhikaatte (Mat. 21:23-27; Mar. 11:27-33)*

1 Gaafa tokko Yesuus Galma Waaqaa keessatti
kolbaa barsiisiisaa fi Oduu Gammadaa lallabi-
isatti adoo jiruu, sooreyyiin hayyootaatii fi barsi-
isoti Seera Muuse'ee, maanguddoota woliin gara
isaa dhufanee,
2 «Baallii maaniitiin waan kana goota? Eentu
baallii tana si'iif kenne? Nutti himi!» jedhaneen.
3 Inni deebisee, «Anille gaaffii tokko isin
gaafadha;
4 cuuphaan Yohaannis cuuphe Waaqa irraa
moo, nama irraa dhutte? Natti hima'a!» jedhe.
5 Isaan waan kana irratti mari'atanee, « ‹Waaqa
irraa› yoo jenne, ‹Maaf dubbii isaa hin dhugeef-
fatin ree?› nuun jedha.
6 ‹Nama irraa› yoo jenne ammoo, kolbaan mar-
tinuu akka raagaa tokkootitti Yohaannis waan
dhugeeffatteertuuf, dhaka'aan nu tunti» woliin
jedhane.
7 Maarre isaan, «Eessaa akka dhutte nuuti hin
beennu» jedhanee deebisane.

**19:47** Luq. 21:37

8 Yesuus deebisee, «Anille baallii maaniitiin
waan kana akka godhu isinitti hin himu» isaaniin
jedhe.

### *Mammaassa Qonnaan Bultoota Fichaa Woyni'ii*
*(Mat. 21:33-46; Mar. 12:1-12)*

9 Yesuus itti aansee mammaassa kana kolba'atti
mammaakee, «Namichi tokko muka woyni'ii fichaa
ifiititti dhaabee, qonnaan bultootaaf kireessee,
biyya fago'oo dhaqee achi ture.
10 Yennaan guuranu geennaan, qooda midhaan
woyni'ii ka isa gewu akka itti kennanuuf garbicha
ifii tokko gara qonnaan bultootaa erge. Isaan
ammoo isa dhaananee harka duwwaa ari'ane.
11 Maarre inni garbicha dhibii itti erge; isaan
isalle dhaananee salphisanee harka duwwaa
ari'ane.
12 Inni ammalle garbicha sadeesso'oo itti erge;
isaan isaalle madeessanee alatti darbane.
13 Achiin duuba abbaan muka woyni'ii, ‹Ani
maan godhu? Ilma kiyya jaalatamaa itti erga; isa
hin ulfeessan fa te'a› jedhe.
14 Qonnaan bultooti ammoo yennaa isa dhag-
gane, ‹Kun ka dhaalu; akka dhaalli nu'uuf te'u,
kowaa isa ijjeennaa!› jedhanee mari'atane.
15 Maarre isaan fichaa muka woyni'ii keessaa
alatti isa darbanee ijjeesane.
«Yoona abbaan fichaa muka woyni'ii maan isaan
godha laati?
16 Inni hin dhufa, qonnaan bultoota san hin
ijjeesa, fichaa muka woyni'iille worra dhibi'itti
hin kennata» jedhe.
Kolbaan tana yennaa dhageette, «Hanqisi!» jette.

17 Yesuus ammoo isaan laalee,
«‹Dhakaan worri mana ijaaru tuffate,
dhakaa dhakaa maraa caalaa barbaadamu te'e›
jedhante ta barreeffante maan jechu'u ree?
18 Nami dhakaa san irratti jigu maraa hin caccaba;
nami dhakaan sun irratti jigu ammoo hin bututa»
jedhe.
19 Barsiisoti Seera Muuse'eetii fi sooreyyiin
hayyootaa akka Yesuus mammaassa kana mar-
roo isaaniitiif mammaake beekanee, yennuma
san isa qabiisaaf barbaadane; ammoo kolbaa so-
daatane.

## *Gaaffii Marroo Kaffaliisa Gibiraa (Mat. 22:15-22; Mar. 12:13-17)*

20 Isaan Yesuus baalli'ii fi hunna bulchaa worra
Rooma'aatitti dabarsanee kenniisaaf, waan inni
dubbatuun qaxafiisaaf isa gaadane; maarre
dootuu* nama balchaa ifi fakkeessitu itti ergane.
21 Maarre dootuun, «Barsiisa'a, wonni ati dub-
battuu fi barsiittu dhugaa akka teete nuuti hin
beenna; nama adoo wol hin caalchisin karaa
Waaqaa dhuga'aan hin barsiitta.
22 Mootii worra Rooma'aatiif gibira gabbaruun
seera moo seeraa moti?» jettee isa gaafatte.
23 Yesuus ammoo maltummaa isaanii dhaggee,
24 «Beesee† ittiin bitaa gurgurattanu takka natti
mudhisa'a; Fakki'ii fi barreeffama eennuutitti irra
jira?» isaaniin jedhe.
Jennaan, «Ka mooticha worra Rooma'aati» jed-
hane.

---

* **20:20** *Dootuu:* Miillammee † **20:24** *Beesee:* Kitaab Giriikii dinaara jedha

25 Maarre Yesuus isaaniin, «Ka moottichaa moottichaaf, ka Waaqaa Waaqaaf kenna'a!» jedhe.
26 Isaan kolbaa san duratti waan inni dubbatteen isa qaxafiisaaf hin dandeenne. Deebii isaa baaseffatanee cadhisane.

### *Gaaffii Marroo Du'aa Ka'iisaa (Mat. 22:23-33; Mar. 12:18-27)*

27 Saduqooti gariin, worri du'aa ka'iis hin jiru jedhanu, gara Yesuusii dhufanee,
28 «Barsiisa'a, Muuseen, ‹Nami tokko niitii fuudhee ijoollee adoo hin uumatin isii irraa yoo du'e, obboleessi isaa haadha hiyyeessaa san dhaalee sanyii obboleessa ifiitiif dabarsuuti› jedhee nu'uuf barreesseera.
29 Obboleeyyan torba, tokko jiran. Angafichi isaanii niitii fuudhee ijoollee adoo hin uumatin du'e.
30 Obboleessi isatti aanulle, haadhuma hiyyeessaa san dhaalee ijoollee adoo hin uumatin du'e;
31 achiin duuba obboleessi sadeesso'oolle isii dhaale. Akkasuma obboleeyyan torbaanuu adoo isii irraa ijoollee hin uumatin duute.
32 Muummee irratti dubartittiille duute.
33 Amma, isaan torbaanuu niitumma'aan isii waan fuudhaneeranuuf, guyyaa du'aa ka'iisaa isiin eennuuf haadha manaa teeti ree?» jettee gaafatte.
34 Yesuus deebisee, «Worri biyya lafa tanaa hin fuudha, hin heerumalle'e;

**20:27** HuE. 23:8

35 worri du'aa ka'iisaa fi biyya lafaa ta dhuttu
keessatti le'iisaaf malane ammoo, hin fuudhanu,
hin heerumanulle'e.
36 Isaan akka ergantoota Waaqaa waan
te'aneef, deebi'anee hin du'anu; waan du'aa
ka'aneeranuufille ijoollee Waaqaa hin te'an.
37 Muuseenuu, dabarsii marroo tusee gubat-
tuu keessatti, Gootta'aan, ‹Waaqa Abrahaamii,
Waaqa Yisihaqii, Waaqa Yaaqoobii› jedhee waan
waameef, worri du'ane akka du'aa ka'anu mud-
hiseera.
38 Martinuu isaaf jiraataa waan te'aneef,
inni Waaqa worra jiraata'aa ti malee Waaqa
du'ootaatii moti» isaaniin jedhe.
39 Barsiisoti Seera Muuse'ee gariin deebisanee,
«Barsiisaa, dansaa dubbatte» jedhane.
40 Achiin duuba isaan deebi'anee gaaffii dhibii
isa gaafatiisaaf itti hin gamne.

## *Gaaffii Marroo Masiihii*
## *(Mat. 22:41-46; Mar. 12:35-37)*

41 Achiin duuba Yesuus, «Attamiin isaan, ‹Masi-
ihiin‡ Ilma Daawitii ti› jechu'uu dande'an?» jed-
hee isaan gaafate.
42-43 Daawiti ifiifuu kitaaba faaru'uu keessatti,

«‹Goottaan Goottaa kiyyaan, «Haga ani diinota
keeti ejjata miila keetii jala kewutti,
midda kiyyatti tee'i» jedheera› jedhe.
44 Daawiti, ‹Goottaa kiyya› jedhee yoo isa waame,
attamiin Masiihiin ilma isaa te'a ree?» jedhe.

‡ **20:41** *Masiihiin:* Kiristoos

### *Yesuus Barsiisota Seera Muuse'ee Irraa Ifi Eeggachiise*
### *(Mat. 23:1-36; Mar. 12:38-40; Luq. 11:37-54)*

45 Kolbaan martinuu adoo dhage'iisatti jirtuu,
Yesuus baratoota ifiitiin,
46 «Barsiisota Seera Muuse'ee, ka woyaa dhedheertuu uffatanee asii fi achi ideemuu jaalatanu, addee dikko'ootitti nageya ulfinnaa akka isaan fuudhanu jaalatanu, Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessatti barcumaa dansaa, lafa jilaatittille addee ulfinnaa filatanu irraa ifi eegadha'a!
47 Isaan mana haadhotii hiyyeessaa sossanee, itti aalatiisaaf dheeressanee daadimatan. Muraa hantu'utti isaanitti murama» jedhe.

# 21

### *Kennaa Haadha Hiyyeessaa*
### *(Mar. 12:41-44)*

1 Galma Waaqaa keessatti dureeyyiin subba
kennansi itti kuufamu keessa, kennansa ifii buuttuun, Yesuus midhatee dhagge.
2 Haati hiyyeessaa hiyyeettiin takkalle saantimii sibiila diima'aa didiqqoo lamaan keessa buuttuun dhagge.
3 Inni, «Ani dhugumaan isinitti hima, haati hiyyeessaa hiyyeettiin tun isaan mara caalaa keessa buutte.
4 Isaan martinuu qabeenna isaan geyee hafe irraa keessa buusane; isiin ammoo adoo hiyyeetti'iituu, kama ittiin bultu maraa keessa buutte» jedhe.

### *Yesuus Diigamiisa Galma Waaqaa Dursee Dubbate*
### *(Mat. 24:3-14; Mar. 13:1-13)*

5 Barattooti gariin Galmi Waaqaa dhakoota
dadansa'aa fi kennansa Waaqaaf kennameen attam akka seefame dubbatane. Yesuus ammoo,
6 «Wonni isin dhaggitanu kun maraa, dhakaan
tokkolle wol irratti hin hafu; yennaan inni itti diigamu hin dhutti» jedhe.

### *Beessisa Bara Muumme'ee*
### *(Mat. 24:3-14; Mar. 13:3-14)*

7 Isaan, «Barsiisaa, kun yoom te'a? Wonni kun
te'iisaaf akka dhikaate beekiisaaf beessisi te'uuf jiru maan?» jedhanee gaafatane.
8 Yesuus deebisee, «Akka hin sobanne ifi eeg-
gadha'a! Namooti hedduun, ‹Ani Kiristoos, Yennaalle dhikaateerti!› jedhaa maqaa kiyyaan hin dhufan. Isin ammoo isaan hin hordofina'a!
9 Woraanaa fi worraaqa kolba'aa yennaa
dhageettane hin sodaatina'a! Wonni akkasii kun dursee te'uu male; ammoo muummeen yoosuma hin teetu» jedhe.
10 Inni itti aansee, «Gosi gosatti, mootummaan
mootumma'atti hin kaati;
11 tacho'i lafaa guddaan, beeltii fi dhukkubi
hamaan addee adde'etti hin te'an; wonni sodaachisuu fi beessisi gugurdaalle ol-gubbaa irraa hin mudhatan.
12 Wonni kun maraa adoo hin te'in dura, isaan
isin hin qaban, hin miidhan*; gara mana waaqonfannaa Yihudootaatii fi mana hidha'aa dabarsa-

---

* **21:12** *Miidhan:* Ari'an

nee isin hin kennan; sababa kiyyaaf fuula mooto-
taatii fi bulchitootaa dura isin hin geessan.
13 Kunille karaa dhugaa naa ittiin baatanu
isiniif hin te'a.
14 ‹Maan jennee falmanna› jettanee akka hin
yaanneef gadha'atti qabadha'a!
15 Worri isiniin falmu tokkolle, isin dura dhaab-
batiisaaf, yookiin isiniin mormiisaaf ka hin dan-
deenne, waan dubbattanuu fi qarummaa, aninuu
isiniif hin kenna.
16 Haadhoti'ii fi abbootiin, obboleeyyan, firoot-
tanii fi lansooti teessanuu dabarsanee isin hin
kennan; isin keessaa garii hin ijjeesan.
17 Nami martinuu sababa kiyyaaf isin hin jibba.
18 Ammoo rifeensi mataa keessanii tokkolle hin
badu.
19 Isin ciniinnattanee ossatiisaan jiruu hin
dhaggattan» isaaniin jedhe.

### *Yesuus Diigamiisaa Yerusaalemii Duraanuu Dubbate*
*(Mat. 24:15-21; Mar. 13:14-19)*

20 Yesuus itti aansee, «Yerusaalem loltootaan
marfanteertuun yennaa dhaggitane diigamuun
isi'ii akka dhikaate hin beettan.
21 Yennaa san worri Yihudaa keessa jiranu gara
gaarotaatitti baqatanuu ti; worri qachaa keessa
jiranulle keessaa bayanuu ti, worri baadiyyaa ji-
ranulle qacha'atti hin deebi'in.
22 Guyyooti kun, ta barreeffante maraa akka
muummottuuf, guyyoota adabbi'ii† ti.

**21:14** Luq. 12:11-12 † **21:22** *Guyyoota adabbi'ii:* Guyyoota haluu baafataa

23 Guyyoota sanitti dubartoota ulfaatii fi
hoosisaatiif aanne'e! Lafa tana irratti rakkinni
hamaan, kolbaa tana irrattille mufiin hin dhutti.
24 Gariin shallaaga'aan hin du'an, kuun gara
biyya maraa‡ hin booji'aman. Worri Yihudoota
hin te'in haga yennaan isaanii muummottutti,
Yerusaalem irra hin ejjatan» jedhe.

### *Deebi'ee Dhufiisa Ilma Namaa (Mat. 24:29-31; Mar. 13:24-27)*

25 Yesuus itti aansee, «Beessisi aduu, ji'aa fi ur-
joota irratti hin te'a. Bulpheessa abbaaya'aatii
fi danbali'iitiin ka ka'e lafa irratti gosi duudiin
sodaattee, waan gootu wollaalti.
26 Hunnooti§ ol-gubba'aa waan raafamanuuf,
kolbaan waan biyya lafaa irratti dhufaaru sodaat-
tee eegatiisaan hin gaggaddi.
27 Achiin duuba Ilmi Namaa hunnaa fi ulfinna
gudda'aan duumensa keessa dhufuun hin dhag-
gan.
28 Kun maraa te'iisa yennaa jalqabu,
fayyinni keessan waan dhikaateeruuf, ka'aa
dhaabbadha'aatii mataa keessan ol qabadha'a»
jedhe.

### *Barumsa Muka Harru'uu (Mat. 24:32-35; Mar. 13:28-31)*

29 Achiin duuba Yesuus isaanitti mammaakee,
«Muka harru'uutii fi mukoota maraa ilaala'a.
30 Yennaa baalli isaanii quunxuun dhaggitane,
bonni akka dhikaate beettan.

‡ **21:24** *Biyya maraa:* Worra Yihudoota hin te'inii

§ **21:26** *Hunnooti:* Urjoota fa'a ilaala; Raaga Isaayaasii 34:4

31 Maarre isinille, tun maraa teetuun yennaa
dhaggitane, mootummaan Waaqaa akka
dhikaatte beeka'a.
32 Ani dhugumaan isinitti hima, tun maraa haga
muummottutti dhalooti kun hin taru.
33 Ol-gubba'aa fi latti hin taran, Jechi kiyya am-
moo ijjumaa hin taru» jedhe.

### *Dammaqa'aa Ifi Eegadha'a*

34 Yesuus itti aansee, «Akka malee nyaataa fi
machi'iin yookiin jireenna lafa tanaatiif yaadaa,
yennaa teessan balleessitanuun, guyyaan sun
akka tiyyo'oo dedhuma akka isin hin qanne ifi
eegadha'a!
35 Guyyaan sun kolbaa lafa duudii irra leetu
maraa irratti hin dhufa.
36 Waan te'uuf jiru maraa jalaa bayiisaa fi Ilma
Namaa dura dhaabbatiisaaf akka dandeettanu, ifi
eegadha'aa, yennaa mara daadimadha'a!» jedhe.
37 Yesuus guyyaa guyyaa Galma Waaqaa
keessatti barsiisee, halkan halkan gara gaara
ejersaa jedhamu gubbaa dhaqee bule.
38 Kolbaan martinuu dubbii isaa caqasiisaaf
barii halkaniin kaatee gara Galma Waaqaa
dhaqaa turte.

## 22

### *Yesuus Ijjeesiisaaf Mari'atane*

*(Mat. 26:1-5,14-16; Mar. 14:1-2,10-11; Yoh. 11:45-53)*

1 Jilti Daabboo Uukoo Hin Qannee, ta Jila Irra
Dabarama jedhantu dhikaatteertiiyyu.

---

**21:37** Luq. 19:47

2 Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera
Muuse'ee kolbaa waan sodaataneeranuuf, karaa
Yesuus ittiin ijjeesanu barbaadane.
3 Achiin duuba Seexanni, barattoota kudhanii
lamaan keessaa tokko ka te'e, Yihudaa nama
biyya Keriyootii seene.
4 Maarre Yihudaan dhaqee sooreyyii hayy-
ootaatii fi qondaaltota* eedduu Galma Waaqaa
woliin attamiin akka Yesuus dabarsee isaaniif
kennu mari'ate.
5 Isaan guddoo gammadanee beesee isaaf ken-
niisaaf wolii galane.
6 Maarre Yihudaan wolii galee, addee gumiin
hin jirretti Yesuus dabarsee isaaniif kenniisaaf,
yennaa dagu'uu barbaadatiisatti ka'e.

### *Qophii Sagalee Jila Irra Dabaramaa (Mat. 26:17-30; Mar. 14:12-21; Yoh. 13:21-30)*

7 Achiin duuba guyyaan Jila Daabboo Uukoo
Hin Qannee, ka hooleen Jila Irra Dabaramaa itti
qalamuu qabu geye.
8 Yesuus Pheexroosii fi Yohaannisiin, «Sagalee
Jila Irra Dabaramaa akka nyaannuuf, dhaqa'aatii
nu'uuf qopheessa'a!» jedhee erge.
9 Isaan, «Eessatti akka qopheessinuuf
barbaadda?» jedhanee isa gaafatane.
10 Inni deebisee, «Yennaa gara qacha'aa dhaxxa-
nee seentane, nami tokko okkotee bisaanii ba'atee
isin hin wolde'a; isa gula gara mana inni itti galuu
dhaqa'a.
11 Abbaa manaatiin, ‹Kolloon keessumma'aa
ta ani barattoota tiyya woliin sagalee Jila Irra

* **22:4** *Qondaaltota:* Dura aantota

Dabaramaa keessatti nyaadhu eessa jirti? Si'iin jedha barsiisaan› jedha'a.
12 Inni kolloo mana irraa badhoo, ta afantee meya manaatiin qophootte takka isinitti hin mud-hisa. Achitti nu'uuf qopheessa'a!» jedheen.
13 Maarre isaan dhaqanee wonni maraa akkuma inni isaanitti hime teeteertuun dhagganee, sagalee Jila Irra Dabaramaa qopheessane.

### *Irbaata Gootta'aa*
### *(Mat. 26:26-30; Mar. 14:22-26; 1 Qor. 11:23-25)*

14 Saatiin geennaan, Yesuus ergantoota ifii woliin qori'itti hiiqee tee'e.
15 Inni isaaniin, «Ani adoo hin rakkatin dura sagalee Jila Irra Dabaramaa isin woliin nyaati-isaaf guddoo halcheera.
16 Ani isinitti hima, haga mootummaa Waaqaa keessatti muummottutti, ani deebi'ee sagalee Jila Irra Dabaramaa hin nyaadhu» jedhe.
17 Achiin duuba Yesuus muduunuu fuudhee, Waaqaaf galata galchee, «Hoo'aa, qoodama'a!
18 Ani isinitti hima, ammaan jalqabee haga mootummaan Waaqaa dhuttutti midhaan woyni'ii† irraa hin unu» jedhe.
19 Xaltaa daabbo'oolle fuudhee, Waaqaaf galata galchee, cassee, «Kun foon kiyya, ka isiniif ken-name; kana qaabbii tiyyaaf godhadha'a!» jedhaa isaanitti kenne.
20 Akkasuma, sagalee galgalaatiin duuba mudu-unuu fuudhee, «Muduunuun tun dhiiga kiyya ka isinii dhangala'een, gondooroo haareya.

† **22:18** *Midhaan woyni'ii:* Yookiin daadhii midhaan woyni'ii irraa qophootte

21 Ammoo kunoo, harki nama na dabarsee ken-
nuu na woliin qorii keessa jira!
22 Ilmi Namaa akkuma murtoottetti hin du'a;
ammoo nama isa dabarsee kennu saniif aanne'e!»
jedhe.
23 Achiin duuba isaan, isaan keessaa waan kana
ka godhu eennu akka te'e wol gagaafatane.

### *Mormii Marroo Eentu Caala'aa*
*(Mat. 18:1-5; 20:24-28; Mar. 9:33-37; 10:41-45; Luq. 9:46-50)*

24 Isaan keessalle'ee eentu akka caalu odduu
isaaniititti wol mormiin kaate.
25 Yesuus isaaniin, «Moototi worra Yihudoota
hin te'inii kolbaa ifii hin mowan; bulchitooti
isaaniille, ‹Bu'aa buuttuu kolba'aa› ifiin jedhan.
26 Isin keessatti ammoo akkas hin te'in; isin
keessaa caalaan akka maandhichaa te'uu ti;
sooressille akka tajaajila'aa te'uu ti.
27 Ka caalu eennu? Ka sagalee areerratiisaaf
tee'u moo, ka areeru? Ka areerratiisaf tee'uu
motii? Ani ammoo isin oddu'utti akka areertu'uu
ti.
28 Isin worra rakkinna kiyya keessatti na woliin
turtane.
29 Akkuma abbaan kiyya ana mootonse, anille
isin hin mootonsa.
30 Mootummaa tiyya keessatti qorii tiyya
keessaa hin nyaattan, hin untan, barcumaa
mootumma'aa irra teettanee gosa Israa'elii
kudhanii lama irrattille hin murtan» jedhe.

---

**22:25** Mat. 20:25-27; Mar. 10:42-44 **22:27** Yoh. 13:12-15 **22:30** Mat. 19:28

### *Mormatiisa Pheexroosii Yesuus Duraan Dursee Hime*
### *(Mat. 26:30-35; Mar. 14:26-31; Yoh. 13:36-38)*

31 Yesuus, «Simoon, Simoon, dhage'i! Seexanni
isin maraa akka qamadi'ii wobansiisaaf gaafa-
teera.
32 Ani ammoo dhugeeffannaan teeti akka hin
banne si'iif daadimadheera. Atille yennaa gara
kiyya deebite, obboleeyyan teeti jajjabeessi!»
jedhe.
33 Pheexroos ammoo, «Gootta'a, ani si woliin
gara mana hidha'aa dhaqiisaa fi du'iisaafille
qophoweera» jedhe.
34 Yesuus deebisee, «Pheexroos, ani sitti hima,
edanuma adoo lukkuun hin iyyin yennaa sadiin
si hin beeku jettee na hin mormatta» jedheen.

### *Korojoo, Subbaa Fi Shallaagaa*

35 Achiin duuba Yesuus, «Korojoo, subba yookiin
kophee adoo hin qabatin yennaa ani isin erge,
wonni isinii dhidhatte jirti?» jedhee barattoota ifii
gaafate.

Isaan deebisanee, «Womaa hin dhidhanne!» jed-
hane.
36 Yesuus isaaniin, «Amma ammoo, nami koro-
joo, yookiin subba qabu qabatuu ti; nami shal-
laagaa hin qanne woyaa ifii gurguree shallaagaa
bitatuu ti.
37 Ani isinitti hima, Barreeffam Woyyichi,
‹Yakkaameyyii woliin laakkowame› ka jedhu, na
irratti muummowiisa qaba; dhugumaan marroo
tiyyaaf ta barreeffantelle muummowiisatti jirti»
jedhe.

---

**22:35** Mat. 10:9-10; Mar. 6:8-9; Luq. 9:3; 10:4

38 Barattooti, «Ilaa, Gootta'a, shallaagaan
lamaan as jira» jedhane.
Jennaan inni deebisee, «Hin geya!» jedhe.

### *Yesuus Gaara Ejersaa Irratti Daadimate (Mat. 26:26-46; Mar. 14:32-42)*

39 Yesuus qachaa keessaa bayee, akkuma aadaa
ifii gara Gaara Ejersaa dhaqe; barattooti isaalle isa
woliin dhaqane.
40 Addee san yennaa geye, isaaniin, «Ataabami-
isatti akka hin galle daadimadha'a!» jedhe.
41 Achiin duuba haga qolaansaa dhaka'aa isaan
irraa fagaatee jilbiiffatee,
42 «Abba'a, yoo fedha keeti te'e, muduunuu
rakkinnaa tana na irraa fuudhi; ammoo akka
fedha kiyyaa adoo hin te'in, akka fedha keetii
te'uu ti!» jedhee daadimate.
43 Achiin duuba ergamaan ol-gubba'aa mudha-
tee isa jajjabeesse.
44 Muddama ifii guddaa keessatti ittuma
jabeessee daadimate; danfi isaalle akka coccopha
dhiigaa lafatti gad roobe.
45 Daadimata irraa ka'ee gara barattootaa yen-
naa deebi'ee dhaqe, gaddaan waan bututaneer-
anuuf rafaneeranuun dhagge.
46 Inni isaaniin, «Maaf rattan? Akka ataabe'etti
hin galle ka'a'aatii daadimadha'a!» jedhe.

### *Yesuus Qabame (Mat. 26:47; Mar. 14:43-50; Yoh. 18:3-11)*

47 Adoo Yesuus tana dubbatiisatti jiruu, gumiin
dhuttee biraan baate; barattoota kudhanii lama
keessaa Yihudaa ka jedhamu isaan fidee, Yesuus
sunqatiisaaf itti dhikaate.

48 Yesuus ammoo, «Yihuda'a, sunqatiisaan Ilma
Namaa dabarsitee kennitaa?» jedheen.

49 Worri Yesuus woliin jiranu waan te'aaru
yennaa dhaggane, «Gootta'a, shallaaga'aan
dhoonnuu?» jedhane.
50 Isaan keessaa tokkochi, tajaajilaa hayyicha
gudda'aa dhowee, gurra middaa irraa kute.
51 Yesuus ammoo, «Lakkisa'a! Tun hin dabal-
amin» jedhee gurra namichaa qaqqabee fayyise.

52 Achiin duuba Yesuus sooreyyii hayyootaa,
qondaaltota eedduu Galma Waaqaatii fi maan-
guddoota worra isa qabiisaaf dhufaneen, «Akka
ani alagala'aa shallaaga'aa fi ulee-jirma qabatta-
nee na qabiisaaf dhuttanee?
53 Guyyuma guyya'aan isinuma woliin yennaa
ani Galma Waaqaa keessa jiru, isin na hin qanne.
Amma ammoo, saatiin tun teessanii fi ta hunni
dukkanaa itti mootu» jedhe.

### *Pheexroos Yesuus Mormate*
### *(Mat. 26:57-58,69-75; Mar. 14:53,54,66-72; Yoh. 18:12-18,25-27)*

54 Achiin duuba Yesuus qabanee, fuudhanee
deemanee gara mana hayyicha gudda'aa
geessane. Pheexroos ammoo fagaatee isa
hordofe.
55 Yennaa isaan badhinna dalleyaa
wodhakka'atti ibidda gabbisanee wolitti
dacha'anee tee'ane, Pheexroosille isaan woliin
tee'e.
56 Intalti tajaajiltuun takka, ifa ibiddaa qarqara
tee'eeruun isa dhaggitee, hubattee, «Namichi ku-
nille isa woliin jiraayyu» jette.

57 Inni ammoo, «Intaa, ani isa hin beeku» jedhee
mormate.
58 Yennaa diqqo'oon duuba nami dhibiin isa
dhaggee, «Ati isaan keessaa tokko» jedhe.
Pheexroos ammoo, «Namicha, anaa moti!»
jedhe.
59 Gara saatii takka'aatiin duuba nami dhibiin,
«Nama Galiila'aa waan te'eef, dhugumaan namichi
kunille isaan woliin jiraayyu» jedhee itti jabeesse.
60 Pheexroos ammoo, «Namicha, waan ati dub-
batiisatti jirtu kana ani hin beeku!» jedhe. Adoo
inni tana dubbatiisatti jiruu, lukkuun iyyite.
61 Goottaan garagalee Pheexroos ilaale. Achiin
duuba Pheexroos Jecha Gootta'aa, ka duri inni
isaan, «Edanuma adoo lukkuun hin iyyin yennaa
sadiin na hin mormatta» jedhe qaabatee,
62 gad bayee laaleffatee bowe.

### *Yesuusitti Taphatanee Dhaanane*
### *(Mat. 26:67-68; Mar. 14:65)*

63 Worri Yesuus qabanee eegiisatti jiranu itti
taphatanee dhaanane.
64 Ila isaa hidhanee, «Eentu si dhowe? Raagi
me!» jedhaa isa gaafatane.
65 Waan hedduu jedhaa isa arrassane.

### *Yesuus Kora Murti'ii Duratti Dhikaate*
### *(Mat. 26:59-66; Mar. 14:55-64; Yoh. 18:19-26)*

66 Yennaa latti bariite maanguddooti kolba'aa,
sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera
Muuse'ee wolitti qabamanee, Yesuus kora murti'ii
duratti dhikeessane.
67 Isaan, «Masiihiin si'ii? Nutti himi!» jedhane.
Inni ammoo, «Yoo ani isinitti hime, hin dhugeef-
fattanu;

68 yoo ani isin gaafadhelle naaf hin deebittanu.
69 Ammoo Ilmi Namaa ammaa jalqabee, midda Waaqa waan mara dande'uutitti hin tee'a» jedheen.
70 Isaan martinuu, «Ati Ilma Waaqaatii ree?» jedhane.

Inni deebisee, «Te'uu kiyya isinuu jettane» jedhe.
71 Jennaan isaan, «Nuutuu afaan isaa irraa dhageennee, dhugaa dhibii maaf barbaanna?» jedhane.

# 23

### *Yesuus Philaaxoos Duratti Dhikeeffame (Mat. 27:1-2,11-14; Mar. 15:1-5; Yoh. 18:28-38)*

1 Achiin duuba worri kora murti'ii san keessa jiranu duudiin ol ka'anee, Yesuus Philaaxoos dura dhikeessane.
2 Isaan, «Namichi kun kolbaa teenna jallisisee, mootii worra Rooma'aatiif gibira gabbaruu dhooggee, ani Masiihii mooti'i ifiin jedhuun qanneerra» jedhaa isa himatiisatti ka'ane.
3 Philaaxoos, «Mootiin Yihudootaa si'ii?» jedhee isa gaafate.

Yesuus deebisee, «Maarre atuu jette» jedhe.
4 Achiin duuba Philaaxoos sooreyyii hayyootaatii fi gumi'iin, «Ani nama kana irratti yakkaa tokkolle hin dhaggine» jedhe.
5 Isaan ammoo, «Inni biyya Yihuda'aa mara keessatti, Galiila'aa jalqabee haga asiitittille barsiisaa kolbaa teenna raasiisatti jira» jedhanee itti jabeessane.

### *Yesuus Heroodis Duratti Dhikeeffame*

6 Philaaxoos tana yennaa dhage'e, nama Gali-
ila'aa te'uu isaa gaafate.
7 Yesuus biyya Heroodis bulchu keessaa akka
te'e yennaa hubate, gara Heroodisii isa erge; yen-
naa san Heroodis biyya Yerusaalemii keessa jira.
8 Heroodis yennaa hedduu dhaggiisaaf waan
barbaadaa tureeruuf, yennaa Yesuus dhagge gud-
doo gammade. Marroo isaa waan dhage'eeruuf,
bilbaasa garii inni hujuun dhaggiisaaf addateera.
9 Heroodis gaaffii hedduu isa gaafate, inni am-
moo womaa hin deebinne.
10 Sooreyyiin hayyootaatii fi barsiisoti Seera
Muuse'ee achi dhaabbatanee, jabeessanee isa hi-
matane.
11 Heroodisii fi loltooti isaa Yesuus salphisanee
itti taphatane. Achiin duuba woyaa dansaa itti
uffisanee gara Philaaxoosii deebisanee ergane.
12 Heroodisii fi Philaaxoos ka duraan wolii diina
te'anee turane, gaafuma san wolii jaalomane.

### *Yesuusitti Du'a Murane*
### *(Mat. 27:15-26; Mar. 15:6-15; Yoh. 18:39–19:16)*

13 Philaaxoos sooreyyii hayyootaa, sooressi-
tootaa fi kolbaa waamee,
14 «Namichi kun kolbaa jallisiisa jettanee, qad-
danee gara kiyya fiddane; anille isinuma duratti
isa qoree, waan isin isa himattane keessaa yakkaa
tokkolle isa irratti hin dhaggine.
15 Heroodisille waan yakkaa isa irraa dhabeef
deebisee nutti ergeera; akkuma dhaggitanu,
waan muraa du'aatiin isa gewu tokkolle hujee
hin jiru.
16 Tanaaf dhaansisee isa gad lakkisa» jedhe.

17 [Philaaxoos wogguma wogga'aan yennaa Jila
Irra Dabaramaa worra hidhamane keessaa nama
tokkocha kolba'aaf hiiku'uu male.]*
18 Gumiin duudiin, «Namicha kana balleessi!
Barabbaa nu'uuf hiiki!» jettee itti hogitte.
19 Barabbaan qachaa keessatti waan nageya
booresseeruu fi nama ijjeeseeruuf mana
hidha'aatitti hidhamee ture.
20 Philaaxoos Yesuus hiikiisaaf fedhee, ammalle
gumi'iin dubbate.
21 Isaan ammoo, «Isa fannisi! Isa fannisi!» jed-
hanee ittuma hogisane.
22 Philaaxoos sadeessoo, «Maaf? Maan
balleesse? Yakkaa muraa du'aatiin isa geettu
isa irratti ani hin dhaggine. Tanaaf dhaansisee
isa hiika» isaaniin jedhe.
23 Isaan ammoo, akka inni fannifamuuf qoon-
qoo guddo'oon ittuma jabeessanee kadhatane;
hogaan isaaniille milkowe.
24 Maarre gaaffii isaaniitiif deebii kenniisaaf,
Philaaxoos muraa kenne.
25 Namicha nageya booressiisaa fi nama ij-
jeesiisaan hidhameeru, ka kolbaan gaafatte hi-
ikee, akka fedha isaanii Yesuus dabarsee isaanitti
kenne.

*Yesuus Fannifame*
*(Mat. 27:32-44; Mar. 15:21-32; Yoh. 19:16-27)*

26 Adoo Yesuus geessanuu, nama biyya Qa-
reena'aa ka Simoon jedhamu tokko baadiyya'aa
galuun qabanee, muka fanno'oo ba'atee Yesuus
faana akka deemuuf irra keyane.

* **23:17** Woraabbiin durii durii gariin laakkossa 17 hin qabu

27 Gumiin guddoon Yesuus hordotte; gumii san
keessa dubartooti qoma dhowataa isaaf boottulle
jirti.
28 Yesuus ammoo gara isaanii garagalee, «Dubar-
tii Yerusaalemii, ifii fi ijoollee teessaniif bowa'a
malee, naaf hin bowina'a!
29 Sababille guyyooti isaan, ‹Maseenni,
gadaamessi ijjumaa hin deyinii fi harmi hin
hoosisin ka badhaadhane› jedhanu hin dhufan.
30 Yennaa san isaan gaarotaan, ‹Nu irratti
jiga'a!› koobotalle'een, ‹Nu dhossa'a!› hin jedhan.
31 Adoo muki bisile'eetuu yoo akkasi godhane,
yennaa muki goge attam godhan ree?» jedhe.
32 Namoota yakkaameyyii lamaan dhibiille, ij-
jeesiisaaf Yesuus woliin geessane.
33 Addee «Buqqii Mata'aa» jedhantu yennaa
geyane, achitti Yesuus fannisane; yakkaameyyi-
ille tokkocha midda isaatitti, kaan bitaa isaatitti
fannisane.
34 Yesuus ammoo, «Abba'a, isaan waan
godhiisatti jiranu waan hin beenneef, isaaniif
araarami!» jedhe†. Isaan carraa buufatiisaan
woyaa isaa qoodamane.
35 Kolbaan achi dhaabbattee ilaaliisatti jirti-
iyyu; bulchitootille itti taphatanee, «Inni worra
dhibii fayyiseera; Masiihii Waaqi filate yoo te'e ifi
fayyisuu ti!» jedhane.
36 Loltootille itti taphatanee, daadhii woyni'ii
dhangaggoottuu isaaf kennanee,
37 «Ati mootii Yihudootaa yoo teete, ifi fayyisi!»
jedhane.

† **23:34** Woraabbiin durii durii gariin hima kana hin qabu

38 Barreeffam, «Kun Mootii Yihudootaa ti» jedhu
mataa isaatiin gubbaa jiraayyu.
39 Yakkaameyyii achitti fannifamane keessaa
tokkochi, «Ati Masiihii motii? Ifi fayyisi, nulle
fayyisi!» jedhee isa arrasse.
40 Yakkaamessi kuun ammoo, «Atille akkuma
namicha kanaa muraa fudhatteerta, Waaqumalle
hin sodaattuu ree?» jedhee isa xixe.
41 Achiin duuba, «Nuuti waan hunyeef waan
dhaggatiisaaf malle waan dhaggataarruuf,
dhuguma nutti murame; inni ammoo womaa
hin yakkine!» jedheen.
42 Achiin duuba Yesuusiin, «Yesuus, mootummaa
teetiin yennaa dhuttu na qaabadhu!» jedhe.

43 Yesuus deebisee, «Dhugumaan ani sitti hima,
adhuma na woliin addee gammadaa‡ keessa hin
jiraatta» jedheen.

### *Du'a Yesuusii*
### *(Mat. 27:45-56; Mar. 15:33-41; Yoh. 19:28-30)*

44-45 Orraa gara saatii jaatitti aduun ifa waan
dhaddeef, latti duudiin dukkanoottee, haga saatii
sagalii turte. Gollaan Galma Waaqaalle addee
lamatti tarsa'e.
46 Yesuus qoonqoo guddo'oon, «Abbaa kiyya, ani
ayyaana kiyya harka keetitti kennadha!» jedhe.
Inni kana jedhee du'e.
47 Ajajaan dhibbaa waan te'e kana yennaa
dhagge, «Namichi kun dhugumaan nama balcha'a»
jedhee Waaqa galateeffate.

‡ **23:43** *Addee gammadaa:* Jannata

48 Gumiin ilaaliisaaf achitti wolitti qabanteertu
maraa waan te'e yennaa dhaggite, gaddaan qoma
ifii dhodhowataa gara mana ifii galte.
49 Worri isa beekanu maraa fi dubartooti Gali-
ilaa irraa isa hordofane ammoo fagoo dhaabbata-
nee, waan kana ilaaliisatti jiraniiyyu.

### *Yesuus Awwaalame*
### *(Mat. 27:57-61; Mar. 15:42-47; Yoh. 19:38-42)*

50-51 Namichi dansa'aa fi balchaan, ka mootum-
maa Waaqaa eeggatiisatti jiru, ka biyya Yihu-
dootaa qachaa Armaatiya'aa keessaa dhufe, ka
Yoseef jedhamu tokko jira. Inni miseensa kora
murti'ii te'ulle mura'aa fi hujii isaaniititti wolii hin
galin ture.
52 Inni gara Philaaxoosii dhaqee reeffa Yesuusii
gaafate.
53 Achiin duuba reeffa gad buusee woyaa
qoolaan maree, boolla awwaalaa ka dhakaa
keessatti bocamee qophoweeru, ka nami ijjumaa
itti hin awwaalamin keessatti awwaale.
54 Guyyaan sun guyyaa Qophi'ii ti, Sanbatille
seeniisaaf dhikaateera.
55 Dubartooti Galiilaa irraa Yesuus woliin dhu-
fane, Yoseef faana deemanee addee awwaalaatii
fi akka reeffi Yesuusii itti awwaalame dhaggane.
56 Achiin duuba gara manaa deebi'anee ud-
dowa'aa fi fiqiree qopheessane. Guyyaa Sanbataa
akka Seerri ajajutti foorfatane.

# 24

### *Yesuus Du'aa Ka'e*
### *(Mat. 28:1-10; Mar. 16:1-8; Yoh. 20:1-10)*

---

**23:49** Luq. 8:2-3

1 Guyyaa Dilbataa* barii halkaniin dubartooti
sun uddowaa qopheessiteertu qabattee gara
boolla awwaalaa dhaxxe.
2 Dhakaan afaan boolla awwaalaa irraa gangal-
fameeruun dhaggane.
3 Boolla awwaalaa keessa yennaa seenane am-
moo, reeffa Goottaa Yesuusii hin dhaggine.
4 Isaan waan kana mamiisatti jiranuun, nami
lamaan woyaa caccalaqqittu uffatee dedhuma
cinaa isaanii dhaabbate.
5 Dubartooti guddoo sodaatanee gad lafa
ilaalane; namooti sun ammoo, «Maaf jiraataa
worra du'eeru odduu barbaaddan?
6 Inni as hin jiru, ka'eera. Galiilaa adoo jiruu
waan inni isinitti hime qaabadha'a!
7 ‹Ilmi namaa harka cubbaalleyyi'iititti ken-
namee, fannifamee, guyyaa sadeesso'ootitti du'aa
ka'uu male› jedhe» jedhaneen.
8 Achiin duuba waan Yesuus jedhe qaabatane.
9 Addee awwaalaatii yennaa deebi'ane, waan
kana maraa ergantoota kudhanii tokkoo fi worra
kaan maratti himane.
10 Worri waan kana ergantootatti himane,
Maariyaamii qachaa Magdalaa, Yo'anaa,
Maariyaamii haadha Yaaqoobiitii fi dubartoota
dhibi'i.
11 Ergantooti ammoo dubbii hin teene seyanee,
dubbii isaanii hin dhugeeffanne.
12 Pheexroos ammoo ka'ee gara boolla
awwaalaa rukkise. Gad jedhee boolla awwaalaa
keessa ilaalee, woyaa itti marane malee womaa

* **24:1** *Guyyaa Dilbataa:* Guyyaa jalqaba torbaanii **24:7** Mat. 16:21; 17:22-23; 20:18-19; Mar. 8:31; 9:31; 10:33-34; Luq. 9:22; 18:31-33

hin dhaggine. Achiin duuba waan te'e kana baaseffataa gara manaa deebi'e.

### *Ideemiisa Gara Emahuusii (Mar. 16:12-13)*

13 Gaafuma san isaan keessaa nami lamaan gara ollaa Yerusaalemii irraa kiiloo meetira kudha tokko fagaatu, ka Emahuus jedhamuu dhaqiisatti jiraniiyyu.
14 Isaan marroo waan te'e kana maraa haasowiisatti jiraniiyyu.
15 Adoo isaan waan kana haasowaa mari'atanuu, Yesuus ifumaafuu dhufee biraan bayee, isaan woliin ideeme.
16 Ammoo akka isaan isa hin hubanne, ilti isaanii qabanteerti.
17 Yesuus isaaniin, «Wonni isin haasowaa ideentanu kun maan inni?» jedhe. Isaan fuula gaddaatiin achuma dhaabbatane.
18 Achiin duuba isaan keessaa Qileyophaa ka jedhamu tokko deebisee, «Yerusaalem keessatti nami keessummaan ka waan dhikoo tana achitti te'e hin beenne, si'uma calla'aa?» jedhe.
19 Inni, «Maan inni?» jedhee gaafate. Isaan deebisanee, «Marroo Yesuusii nama Naaziretii, ka waan godhee fi waan dubbateen Waaqaa fi kolbaa mara duratti raagaa jabaa,
20 ka sooreyyiin hayyootaatii fi bulchitooti teenna akka du'uu fi fannifamu itti muranee dabarsanee kennane.
21 Nuuti ammoo ka Israa'el wodu isa jennee addii itti godhanneerra. Kana maraa irratti, wonni kun mara haga teeteen adhi guyyaa sadeesso'oo ti.

22 Dabalamaan, dubartooti golii teennaa nu
maalalchaneeran; isaan adha barii halkaniin
gara boolla awwaalaa dhaqaneeran;
23 ammoo reeffa isaa hin dhaggine. Achii
deebi'anee, ergantoota Waaqaa ta, ‹Inni hin jira›
isaaniin jette akka mudhi'iin dhaggane nutti hi-
mane.
24 «Worra nu woliin jiranu keessaa gariin gara
boolla awwaalaa dhaqanee, akkuma dubartooti
sun jedhane teeteertuun dhaggane; isa ammoo
hin dhaggine» jedhanee itti himane.
25 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Isin attam
attam gowwoole'e, waan raagoti jedhane maraa
dhugeeffatiisaafille yaadi gadhaa keessanii attam
attam hancaara'a!
26 Masiihiin rakkinna kana maraa fudhatee
ulfinna ifiititti galiisi, barbaachisa'aa motii ree?»
jedhe.
27 Yesuus achiin duuba kitaaba Muuse'eetii
jalqabee kitaabota raagotaa mara keessatti, mar-
roo isaatiif waan Barreeffam Woyyichi dubbatu
maraa isaaniif hiike.
28 Gara ollaa itti dhaqiisatti jiranuu yennaa
dhikaatane, Yesuus akka waan dabaree ideemuu
te'e.
29 Isaan ammoo, «Latti galgaloottee, waan dhiyi-
isatti jirtuuf, nu woliin buli!» jedhanee jabeessa-
nee isa kadhatane. Maarre inni isaan woliin buli-
isaaf gara manaa seene.
30 Isaan woliin qori'itti hiiqee yennaa tee'e,
daabboo fuudhee eebbisee, cassee isaaniif kenne.
31 Achiin duuba ilti isaanii banantee, isa hu-
batane; inni ammoo ila isaanii duraa miliqe.
32 Isaan wol woliin, «Yennaa inni kara'atti nu

woliin haasowee fi Barreeffama Woyyicha nu'uuf hiike, gadhaan keenna hin gubannee?» jedhane.
33 Isaan yennuma san ka'anee gara Yerusaalemii deebi'ane. Achitti barattoota kudhanii tokkoo fi worra isaan woliin jiranu wolitti qabamaneeranuun dhagganee,
34 «Goottaan dhugumaan du'aa ka'eera, Simoonille'etti mudhateera!» jedhane.
35 Achiin duuba jarri lamaan waan kara'atti te'e maraa fi yennaa Goottaan daabboo casse attam akka isa beekane himane.

### *Yesuus Barattoota Ifiititti Mudhate*

*(Mat. 28:16-20; Mar. 16:14-18; Yoh. 20:19-23; HuE. 1:6-8)*

36 Adoo jarri lamaan sun waan kana himiisatti jiranuu, Yesuus ifumaafuu isaan odduu dhaabbatee, «Nageenni isiniif te'u!» isaaniin jedhe.
37 Isaan waan ekeraa dhaggane seyanee, sodaatanee bararaqane.
38 Yesuus ammoo, «Maaf sodaattan? Gadhaa keessan keessatti maaf mantan?
39 Harka kiyyaa fi miila kiyya ilaala'a, anumaayyuu dhagga'a. Qaqqaba'aatii na ilaala'a; ekeraan foonii fi lafee hin qaddu, akkuma dhaggitanu ani hin qaba» jedhe.
40 Yesuus tana jedhee harkaa fi miila ifii isaanitti mudhise.
41 Isaan gammadaa fi baaseffataan waan guutamaneeranuuf ammalle dhugeeffatiisa dhabanee jennaan, «Waan nyaataa asii qaddanii?» jedhee isaan gaafate.
42 Isaan qurxummii woddante diqqoo takka itti kennane;

43 innille fuudhee fuula isaanii duratti nyaate.
44 Achiin duuba Yesuus isaaniin, «Yennaa isin woliin jiru, Seera Muuse'ee, Kitaaba Raagotaatii fi Kitaaba Faaru'uu keessatti marroo tiyyaaf ta barreeffante maraa muummowu'uu malte, jedhee ta ani isinitti hime tana» jedhe.
45 Achiin duuba inni Barreeffama Woyyicha akka hubatanuuf qalbii isaanii bane.
46 Inni isaaniin, «Masiihiin akka rakkatuu fi guyyaa sadeesso'oo du'aa akka ka'u,
47 cubbuu irraa deebi'iisaa fi araarri cubbu'uu maqaa isaatiin Yerusaalemii jalqabee gosa maraaf akka lallabamu barreeffameera.
48 Isin waan kanaaf dhugaa-baatota.
49 Kunoo, waan Abbaan kiyya addii isinii kenne ani isiniif hin erga; ammoo haga hunna gubbaa irraa dhaggattanutti† qachaa Yerusaalemii keessa tura'a» jedhe.

### *Yesuus Gara Ol-Gubba'aa Deebi'e (Mar. 16:19,20; HuE. 1:9-11)*

50 Achiin duuba Yesuus qachaa keessaa baasee, haga Bitaaniya'aa isaan geesse; achitti harka ifii lamaanuu ol kaasee isaan eebbise.
51 Adoo isaan eebbisiisatti jiruu, isaan irraa gargar bayee gara ol-gubba'aa fudhatame.
52 Isaan isaaf sagadanee, gammachuu gudda'aan gara Yerusaalemii deebi'anee,
53 yennaa mara Galma Waaqaa keessatti Waaqa galateeffataa turane.

† **24:49** *Dhaggattanutti:* Yookiin uffattanutti **24:51** HuE. 1:9-11

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 19 Dec 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e